# QAACCEESSA ADEEMSA SIRNA RAAWWII HARMA HODHAA: HAALA QABATAMAA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA DAGAM

**FAYYISAA DIRRIBAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMIISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**AMAJJII, 2014/2022**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

# WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMIISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

**QORATAAN: FAYYISAA DIRRIBAA**

**GORSAAN: Dr. XILAAHUN TALIILAA**

**AMAJJII, 2014/2022**

**FINFINNE**

# YUUNIVARSIITII FINFINNEE

## DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii gamiisaan guuttachuuf Fayyisaa Dirribaa mata duree: "Qaaccessa Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa haala qabatamaa godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam" irratti geggeeffameen sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'een guuttaachuuf kan qophaa'e.

Qoraa Alaa____________________________ Mallattoo __________________ Guyyaa _________

Qoraa keessaa__________________________Mallattoo __________________ Guyyaa _________

Gorsaa _____________________________ mallattoo _________________ Guyyaa _________

**Ibsa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu isaafi kanaan duras Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta`uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta`een fudhadhee; wabii keessattis kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ______________________________________

Mallattoo____________________________________

Guyyaa______________________________________

## GALATA

Hundaa dura qorannoo kana bifa kanaan hojjadhee akkan xumuruuf hanga dhumaatti kan na gargaare Waaqa Uumaa umamaa gurraacha garaa garbaa guddaan galateeffadha. Itti aansuun nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa barbaachisaa ta’e naaf gochuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif na waliin dhaabbatan gorsaa koo XilaahuunTaliilaa (PhD) baay’een galateeffadha.

Itti dabales, maatii koo dadhabbiifi nuffii tokko malee bu’a ba’ii hedduu keessa darbuun bakkan har’a gahee kanaaf bu’uura jalqabaa kan naaf taatan abbaa koo Obbo Dirribaa Maammoofi harmee too Aaddee Siddisee Gammadaa oolmaa keessan hundaaf galatni keessan xiqqaa miti.

Kana malees, karaa hundaan haala naaf mijeessuun na bira dhaabbachuun jalqabaa hanga dhuma hojii kanatti na jajjabeessuun milkaa’ina qorannoo koof shoora olaanaa kan bahaa ture barsiisaa Milkeessaa Daadhii galata guddaa qabda. Akkasumas, obboleessa koo barataa Boonsaa Dirribaa deeggaarsa gama maran naaf taasisa tureen galma ga’insa qorannichaa keessatti gumaacha isaa hundaaf galateeffachuun barbaada.

Dhumarratti, wayitan qorannoo kana geggeesse hiriyyoottan koofi namoota kitaabilee, deeggarsa yaadaa naaf taasiftan; Barsiisaa Milkeessaa Daadhii, Obbo Abarraa Anbassaa, Obbo Anbassaa Addunyaa odeeffannoo qorannoo kanaa naaf kennuudhaan gahee keessan gumaachitan hundaaf; akkasumas, qaamota na deeggaraa turtanii maqaa keessan hin tuqamini hundi keessan galata guddaaa narraa qabdu.

***AXEREERAA***

*Kaayyoon qorannoo kanaa "Qaaccessa Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa" haala qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa aanaa Dagama akkamiin akka geggeeffamu qaaccessuudha. Harma hodhaan adeemsa namni tokko maatii isaatiin ala nama biroo hawaasa keessaa nama jaalatee barbaadee haadhaafi abbaa godhachuun sirna raawwii harma hodhaa waliin raawwachuun jireenya waliin geggeessu jechuudha. Qorannoo kana geggeessuudhaaf wanti qorataa kana kakaase sirni raawwii harma hodhaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam biratti qoratamee barreeffaman waan hin jirreef bifa barreeffemaan dhaloota dhufuuf olkaawuudha. Xiyyeeffannoon qoranaa kanaas adeemsa sirna raawwii harma hodhaa, Gahee afoollii sirna raawwii harma hodhaa geggeessuu keessatti qabu, faayidaa harma hodhaa, fakkoommii wantootni sirna raawwii harma hodhaa keessatti raawwataman qaban akkasumas, sababoota jijjiiramaa/laafaa dhufuu sirna harma hodhaa xiinxaluudha. Odeeffattoonii qorannooo kana irratti hirmaatan jaarsolii, haadhotafi beektota aadaa aanaa Dagam keessa jiraatan keessaa mala iddatteessuu kaayyeeffataa fayyadamuun kanneen filatamaniidha. Malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti hojiirra oolee mala iddatteessuu miti-carraa kan ta'e iddatteessuu akkaayyooti. Odkennitoota qorannoo kanaa kan ta'an uummata Oromoo aanaa Dagam keessaa gandootaafi manguddoota filatamaniin sirna raawwii Harma hodhaa irratti namoota hirmaataniifi muuxannoo olaanaa qaban marii gareetiif namoota kudha shan (15)fi afgaaffiif nama kudha afur (14) waliigalaan namoota digdamii sagal (29) hirmaachisuun odeeffannoo qaacceeffameedha. Mala funaansa odeeffannoo ilaalchisee, waraabbii sagalee, afgaaffii, marii garee akkasumas, daawwannaa waltajjii namtolchee qophaa'e daawwachuun ragaaleen funaanaman jechaan qaacceeffamanii jiru. Ragaalee qaacceeffaman kanarraa argannoon biraga'ame: maatiin sirna raawwii Harma hodhaa waliin geggeessaniifi firootni isaanii marti akka hidda dhalootatti wal lakkaawachuu, ulaagaaleen maatiin Harma hodhaman ittiin filataman jiraachuu, fakkoommiiwwan sirna raawwii Harma hodhaa geggeessuu keessatti mul'atan: kan gochaan argaman, kan eebba keessatti argamaniifi kan geerarsa bifa afoolaan dhiyaatan keessatti argaman jiraachuu, faayidaan Harma hodhaa raawwachuu firummaa uumuu irra darbee rakkoo siyaas-dinagdee akkasumas, waldhabdee hawaasa gidduutti uumame furuu keessaatti gahee olaanaa qabaachuu, sirni raawwii Harma hodhaa sababootaa akka barnootaa ammayyaa, dhiibbaa amantii, godaansa adda addaa taasifamuun laafaa dhufuun isaa argameera. Argannoo qorannoo kana irra argameen sirna duudhaa harma hodhaafi adeemsa raawwii isaa bifa barreeffamaafi viidiyoon waraabamee dhaloota dhufuuf godaambaa keessa osoo kaawwamee dhaloota dhufuuf sirni aadichaa akka hin dagatamneef gargaara. Walumaa galatti, qorannoo kana keessatti yaada furmaataa ta'a jedhamee kan kaawwame, jaarsoliin biyyaa, itti gaafatamtoonni aadaafi turizimiifi namoonni dhimma kana irratti qorannoo geggeessan hundi aadaa sirna raawwii harma hodhaa keessatti sirnoonni jiraniifi adeemsi sirna raawwii isaa xiyyeeffannoon itti laatamuun bifa waraabbitiin osoo kaa'amee gaariidha.*

## HIIKA JECHOOTAA

Jechootni hojii qorannoo kanaa keessatti qorataan itti fayyadame hiikni isaanii ifa ta’uu dhiisuu mala jedhee yaade haala armaan gadii kanaan tarreessee jira.

Aaga - nagaa, jaalala, tasgabbii argachuu.

Dhunguugii - baala biqiltuu irraa kan qopha’uu ta’ee yeroo muudaa muuddatan dhadhaatti makuun muudaan akka urgooftuutti kan tajaajila kennuudha.

Jaatanii- dhimmoota adda addaatiif qophii taasisuu.

Hidda citee hin dhiigne- firummaan isaanii kan addan hin citne ta’uu: ijoolleen isaaniillee firummaa umamaanii kan jiraatan ta’uudha.

Harma hodhaa- adeemsa namni tokko maatii isaatiin ala nama biroo hawaasa keessaa nama jaalatee barbaadee haadhaafi abbaa godhachuun sirna raawwii harma hodhaa waliin raawwachuun jireenya hawaasumma gaggeessu jechuudha.

Gumbii- meeshaalee aadaa mukaafi suphee irraa tolfamee kan miidhaa oomishamee itti kuufamuudha.

Maaddii - meeshaa nyaatni irraatti yeroo duudhaa namaaf dhiyaatuudha.

Muudaa - dhadhaa yeroo sirna tokko raawwaatan muudatan

Odimoota - Namoota ragaa qorannoof barbaachisu kennuuf iddattoon filataman

Ofachaa - rima’aa ta’uu

Okolee - meeshaa waan horii itti kuusaatan

Quba abbuudduu - qubaa guddaa jalqabaa ykn hangafaa quba kanneen birooti.

Shimala- ulee aadaa ta’ee kan gaafa lolaa itti dinnaan lolaaniifi ittiin ofirraa qolataniidha.

# BAAFATA

**QABIYYEE** **FUULA**

GALATA ........ i

*AXEREERAA* ........ ii

HIIKA JECHOOTAA........ iii

BAAFATA ........ iv

BAAFATA SUURAA ........ viii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa........ 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa........ 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........ 4

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa........ 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa........ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7. Haala Qubsama Hawaasa Naannoo Qorannichaa........ 6

1.8. Haala Jireenya Hawaasa Naannoo Qorannichaa........ 7

1.9. Sirnoota Duudhaa Hariiroo Hawaasummaa Cimsan ........ 8

1.10. Aadaa Nyaataa ........ 9

1.11. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Qorannichaa ........ 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII ........ 12

2. Seensa ........ 12

2.1. Yaadrimeewwan Fookloorii ........ 12

2.2. Faayidaa Fookloorii ........ 13

2.3. Gooroowwan Fookloorii .......... 14
2.3.1. Meeshaalee Aadaa .......... 14
2.3.2. Aartii Duudhaa Hawaasaa .......... 15
2.3.3. Afoola .......... 15
2.3.4. Duudhaa Hawaasaa .......... 16
2.4. Sirna Raawwii Duudhaalee Hawaasaa .......... 18
2.4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Duudhaa .......... 18
2.4.2. Yeroo Sirna Raawwii .......... 19
2.4.3. Yeroo Raawwiin Boodaa .......... 19
2.5. Maalummaa Fakkoommii .......... 20
2.5.1. Fakkoommii Mallattoon argaman .......... 20
2.5.2. Fakkoommii Beekumsaa .......... 21
2.5.3. Fakkoomii Gochaan Argaman .......... 21
2.6. Yaadrimee Harma Hodhaa .......... 22
2.7. Yaaxxina Qorannichi Bu'uureffate .......... 23
2.7.1. Yaaxxina Faayidaa (functional Theory) .......... 24
2.7.2. Yaaxxina Haalawaa (Contextual theory) .......... 25
2.8. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii .......... 25
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA .......... 27
3. Seensa .......... 27
3.1. Saxaxa Qorannichaa .......... 27
3.2. Madda Ragaalee .......... 28
3.3. Mala Filannaa Iddattoofi Mala Iddatteessuu Akkayyoo .......... 28
3.4. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanamu .......... 30
3.4.1. Af-gaaffii .......... 30

3.4.2. Daawwannaa ........ 31
3.4.3. Marii Garee ........ 32
3.5. Naamusa Ogummaa Qorannoo ........ 33
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ........ 34
4. Maalummaa Harma Hodhaa ........ 34
4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa Hawaasa Oromoo aanaa Dagam ........ 35
4.1.1. Maatii Harma Hodhan Filachuu ........ 36
4.1.2. Ulaagaaleen Maatiin Harma Hodhaman Ittiin Filataman ........ 37
4.1.2.1. Jaalatamummaa Qabaachuu ........ 37
4.1.2.2. Beekkamtii Qabaachuu ........ 37
4.1.2.3. Beekumsa Dubbii Qabaachuu ........ 37
4.1.2.4. Aangoo Qabaachuu ........ 38
4.1.2.5. Gosa Baay'ee Qabaachuu ........ 38
4.1.2.6. Qabeenya Qabaachuu ........ 38
4.1.2.7. Gootummaa Qabaachuu ........ 39
4.1.2.8. Maatiin Hariiroo Qabaachuu ........ 39
4.1.3. Maatii Filatametti Maanguddoota Erguu ........ 40
4.1.4. Qophii Sirna Raawwii Harma Hodhaaf Barbaachisan ........ 43
4.1.4.1. Qophii Maatii Harma Hodhaaf Deeman Irraa Barbaachisu ........ 44
4.1.4.2. Qophii Maatii Harma Hodhamu Irraa Barbaachisu ........ 45
4.2. Qophii Sirna Raawwii Harma Hodhaa ........ 46
4.2.1. Guyyaa Qophii Sirna Raawwii Harma Hodhaa ........ 46
4.2.1.1. Sirna Eebbaan Sagantaa/Qophii Jalqabuu ........ 47
4.2.1.2. Raawwii Harma Hodhaa Geggeessuu ........ 49
4.2.1.3. Sirna Eebbaan Sagantaa Goolabuu ........ 54

4.2.1.4. Sirna Muudaa Muuddachuu ........ 57
4.3. Fakkoommii Wantootni Sirna Raawwii Harma Hodhaa Qaban ........ 58
4.3.1. Fakkoommii Wantoota Raawwii Harma Hodhaa Keessatti Gochaan Argamanii ........ 59
4.3.2. Fakkoommii Raawwii Harma Hodhaa Keessatti Eebba Bifa Afoolaan Dhiyaatanii ........ 62
4.4. Faayidaa Harma Hodhaan Hawaasaa Oromoo Aanaa Dagamiif Qabu ........ 63
4.4.1. Rakkoo Dinagdee Furuuf ........ 63
4.4.2. Wal dhabdee Furuuf ........ 64
4.4.3. Hawaasummaa Cimsuuf ........ 64
4.4.4. Tokkummaa Uumuuf/Cimsuuf ........ 65
4.4.5. Cunqursaa Ittisuuf ........ 66
4.5. Sadarkaa Sirni Raawwii Harma Hodhaa Yeroo Ammaa Irra Jiru ........ 66
4.5.1. Itti Fufaatiifi Jijjiirama ........ 67
4.5.2. Jijjiirama ........ 67
4.5.2.1. Godaansa Gara Magaalaatti Hawaasaan Taasifamu ........ 68
4.5.2.2. Hanqinni Lafa Oomisha Qonnaaf Oolu Maatii Muudachuu ........ 68
4.5.2.3. Babal’achuu Barnoota Ammaayyaa ........ 69
4.5.2.4. Dhiibbaa Amantii ........ 69
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOO, GOOLABAA FI YABOO ........ 71
5.1. Guduunfaa ........ 71
5.2. Argannoo ........ 72
5.3. Yaboo ........ 73
Wabiilee ........ 75
Dabalee A ........ 78
Dabalee B ........ 79
Dabalee C ........ 80

Dabalee D ........................................................................................................................ 81

Dabalee E........................................................................................................................ 81

Dabalee F ........................................................................................................................ 83

# BAAFATA SUURAA

**Qabiyyee** **Fuula**

*Suuraa [1]: Kaartaa Godina Godina Shawaa Kaabaa Waajjiraa Aadaafi Turizimii* ............................7

*Suuraa [2]: Namoota afgaaffii garee 'A' keessatti*........................................................................35

*Suuraa [4]: Qorataan yeroo afgaaffiin maanguddoo* ..........................................................................40

*Suuraa [7]: Qophii yoomeessa akkeessuun* ..........................................................................................47

*Suuraa [8]: Qophii yoomessa akkeessuu* ..............................................................................................50

*Suuraa [19]: Qophii yoomessa akkkeessuu* ..........................................................................................51

*Suuraa [10]: Qophii yoomessa akkkeessuu*...........................................................................................52

*Suuraa [11]: Qophii yoomessa akkkeessuu* . ........................................................................................57

*Suuraa [12]: Qorataan yeroo afgaaffiin maanguddoo* .........................................................................68

*Suuraa [13] Qophii yoomessa akkeessuun*..........................................................................................*83*

*Suuraa [14] Qophii yoomeessa akkeessuu* .........................................................................................*84*

*Suuraa [15] Yeroo qorataan* ..................................................................................................................*85*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uumama dhala namaafi aadaa dhala namaa addaan baasanii ykn walirraa fageessanii ilaaluun rakkisadha. Sababiin isaas, aadaafi dhalli namaa walmalee jiraachuus ta'ee bareeduus hindanda'u. Kanaafuu, lamaan isaaniyyuu, wal duraa duubaan akka uumamanii jiraataan hubachuun barbaachisaadha. Akkasumas, asdhuftee uummata tokkoo qorachuufis barbaachisaadha. Asdhuftee uummata tokkoo qorachuufis aadaafi uummata sana walbira qabanii ilaaluun barbaachisaa ta'a. Kun immoo aadaan ibsituu saba tokkoo ta’uu kan namatti agarsiisuudha. Sabni Oromoo saba guddaa gaanfa Afrikaa keessa jiraatu keessaa isa tokkodha. Yaada kana Fileen (2016:3) yoo ibsu;

> *Uummattoota Afrikaa Bahaa jiraataan keessaa Oromoon damee Kuush isa guddaa yommuu ta'uu, kun Kaabaa Itoophiyaadhaa kaasee hanga giddugala Keeniyaatti; akkasumas, karaa Dhiya Sudaaniifi Kibba Sudaaniin, karaa Bahaa immoo Soomaleedhaan kan uummata aadaafi beekumtaa mataa isaa qabuudha jedha*.

Uummatni Oromoo Afrikaa Bahaa keessatti uummata sirna ittiin bulmaata mataa isaa kalaqatee ittiin walbulchaa tureefi ittiin walbulchaa jiruudha. Akkuma kana Aadaa garaa garaa kan ittii walgargaaraaniifi waliin jireenya isaanii keessatti hariiroo cimsachuuf mijatu tumatanii qabaachaa akka jiran seenaan lafa kaa'a. Yaaduma kana Roobaleen (2012:5) yoo ibsu,

> *Uummanni Oromoo kan isaa kan ta'e biyya, afaan, aadaafi amantiifi sirna Dimookiraatawaa kan ta'e sirna Gadaa mataa isaa qaba. Sirnoota bulchiinsa addunyaa keessatti falaasamaan dhalli namaa argate keessaa sirni Gadaa isa olaanaadha. Bara durii irraa eegalee ummatni Oromoo Kuush Bahaa dhimmoota siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi amantii sirni tokkichi isaan itti fayyadaman sirna Gadaati.*

Fookilooriin eenyummaa saba tokkoo ibsuuf akka qabeenya guddaatti bakka olaanaa kan qabuudha. Gama tokkoon guutummaan uummata tokko kan ittiin ibsu jechuudha. Raawwiileen hawaasni Oromoo raawwataman hundi isaanii fookloorii keessatti waan argamaniifidha. Kanaaf Fooklooriin uummata Oromoof, aadaa, ilaalcha, amantii, duudhaalee, safuufi sona hawaasa Oromoo ofkeessatti hammatee kan baatee gara labata haaratti dabarsuu

danda'uudha. Yaaduma kana cimsuuf Asaffaan (2009:20) yoo ibsu, "Dhalli namaa barreeffamaan ofibsuu osoo hin jalqabiin dura ogafaan yookiin fooklooriin Yookiin fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsa ture." jedha.

Fooklooriin firiiwwan hedduu ofkeessatti akka hammatu hayyoonni adda addaa qorannoo isaaniin addeessaniiru. Dorson (1972:3) firiiwwan fookloorii bakka gurguddaa afuritti qooda. Isaaniis: Afoola (oral literature), Meeshaalee aadaa (Material culture), Aartii duudhaa (performance art) fi barsiifata duudháa hawaasaa (Folk Custom) jedhamu.

Fooklooriin bu'uuraalee beekumsa dhala namaa ta'ee hawaasni Oromoo kalaqatee kan ittiin waliigalee waliin jiraachaa tureefi jiruudha. Akkuma kanaan gosoota fookiloorii keessaa duudhaa hawaasaa (folk custom) itti dhimma bahuun hawaasni Oromoo saba isaas ta’ee saba biroo isa waliin jiraatuufi ollaa isaa jiraatu waliin walhammatee jiraachaa kan jiruudha.

Duudhaalee hawaasaa keessaa immoo sirnoonni raawwii hawaasa Oromoo hedduutu jira. Sirnoonni kunneen haalli raawwiifi adeemsi raawwii isaanii adda addummaa kanneen qabaniidha. Fakkeenyaaf, sirna gumaa, hammachiisaa, moggaasaa, guddifachaafi kana kana fakkaataan ni jiru. Sirnoonni kunneenis, haallii raawwii isaaniifi adeemsi raawwii isaanii adda addummaa qaba. Sirnootni gochaa aadaa uummata Oromoo calaqqisiisan kunneenis hawaasicha abbaa aadaa biratti irra deddeebiidhaan kanneen raawwatamaniifi beekamaniidha. Karaa biraatiin, duudhaaleen hawaasaa sirnoota garaa garaa qabaachuufi akkaataan raawwiilee isaanii adda addummaa qabaachuu isaanii akkasumas, qaamolee duudhaa hawaasaa ta'uu isaaniiti. Qorannoon kunis gooroowwan duudhaalee hawaasaa keessaa adeemsa sirna raawwii harma hodhaa irratti kan geggeeffameedha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Ka'umsi qorannoo tokkoo kan ibsu qorataan tokko qaawwa maalii guutuuf qorannoo tokko geggeessuu akka barbaade yookiin argannoo haaraa tokko argachuuf kan karaa namaatti agarsiisuudha. Yaada kana Addunyaa (2012:54) yoo ibsu,

> *Ka'umsi qorannoo haalaan ibsame tokko gaaffiwwan qorannoon kun maaliif geggeeffame? Qaawwa akkamii duuchaa? Jedhaniif deebii kenna. Kanaafuu, akka qorataan gaaffiiwwan qorannoo isaa keessatti ka'an deebisuuf itti deemuu bakka itti*

*dhiyeessuudha. Gaaffiiwwan ka'anis kaayyoo qorannichaa bu'uura kan godhatudha jechuun ibsa*.

Sabni Oromoo jiruuf jireenya isaa keessatti aadaa, afaan, amantii, sirna bulchiinsa mataasaa, duudhaa, seenaafi kanneen kana fakkaatan fookilooriitti fayyadamee ibsachaa ture; ibsachaa jiras. Duudhaa hawaasaa keessaa immoo sirnoota adda addatti fayyadamuun jiruufi jireenya isaa geggeeffachaa jira. Yaaduma kana cimsuuf peekfi yankah (2004:797) ibsanitti*, ”People in particular African societies recognize and practices a number of different ritual performances. These might be concerned with recipion, healing, political and family relations, individuals and social tranformations and ather matters as well."*

Sirnoota jiran keessaa adeemsi sirna raawwii harma hodhaa aadaalee duudhaa Oromoon qabu keessaa isa tokkodha. Haata'uu malee, qorataan hamma hubatetti, sirna raawwii harma hodhaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Dagam hayyoonni kallattiidhaan qorannoo irratti gaggeessanii waa'ee isaa ibsan dhabamuu akkasumas, waa’ee sirna raawwii harma hodhaa hawaasa Oromoo Aanaa Dagam irratti kitaabileefi barruuleen adda addaa barreeffamaniifi maxxanfaman qorataan barbaadee argachuu hin dandeenye.

Dabalataanis, akkuma gosoota duudhaalee biroo bifa barreeffaman qophaa’ee sirna barnootaa keessaatti hammatamee faayidaarra ooluu dhabuu isaati. Sirni kun immoo kan hawaasni Oromoo dhimma itti bahu, haala jireenya isaanii kan ittii geggeeffatan akkasumas, rakkoowwan hawaasa naannoo isaanii jiru waliin umamu sirna kanaan hiikkachuu danda'uudha. Sababa kanaaf, dhaloonni yeroo ammaa sirni kun maal akka fakkaatuufi sadarkaa maalirra akka jiru, fuulduratti dhalootni dhufu akka hindagatneef bu'uura kaa'uun barbaachisaadha.

Haala kanaa itti fufa taanaan sirni harma hodhaa kun dagatamuu irra darbeeyyuu baduunsaa akka hinoolle qorataan kun hubatee jira. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun adeemsa sirna raawwii harma hodhaa Oromoo Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam jiru walitti funaanee qindeessee bifa barreeffamaan kaa'uuf mata duree kana irratti argannoo tokko irra gahuuf kaka'eera.

Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuun kan geggeeffameedha.

1. Adeemsi sirna raawwii harma hodhaa akkamiin raawwaatama?

2. Gahee afoolli sirna raawwii harma hodhaa geggeessuu keesssatti qabu maali?

3. Sirni raawwii harma hodhaa hawaasaaf faayidaa maali qaba?

4. Wantootni sirna raawwii harma hodhaa keessatti argaman fakkoommii akkamii qabu.

5. Yeroo ammaa kana sirni raawwii harma hodhaa sadarkaa maalii irratti argama?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Dagam Qaacceessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoolee gooree armaan gadii bu'uura godhate kan gaggeeffameedha.

- Adeemsi sirna raawwii harma hodhaa akkamiin akka raawwaatamu ibsuu.
- Gahee afoollii sirna raawwii harma hodhaa geggeessuu keesssatti qabu xiinxaluu.
- Sirni raawwii harma hodhaa hawaasaaf faayidaa maali akka qabu ibsuu.
- Wantootni sirna raawwii harma hodhaatiif barbaachisan fakkoommii akkamii akka qaban xiinxaluu.
- Yeroo ammaa kana sirni raawwii harma hodhaa sadarkaa maalii irra akka jiru ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo bakka qorataan tokko qorannoon qaama kana fayyada jedhee itti ofibsuudha. Addunyaa (2011:56) barbaachisummaa qorannoo yoo ibsu," Gulantaan kun bu'aa qorannoo keenyaatti eenyu fa'aatu fayyadama? Gaaffii jedhu deebisa. Qorannoo keenya yoo barreessinus, bu'aa qorannoo kanatti namoonni garee garaagaraa gargaaramuu danda'u jechuun eegalla." Jedha.

Yaaduma kana bu'uura godhachuun qorannoon kun qaamolee armaan gadii gargaaruu danda'a.

- Damee barnoota fooklooriifi ogbarruu Oromoo keessatti akka madda ragaa lammaffaatti gargaaruu danda'a.
- Adeemsa sirna raawwii harma hodhaa kana bifa barreeffamaatti jijjiiruun waajjira aadaafi Turiizimii Aanaa Dagam keessatti kuufamee madda odeeffannoo ta'uu danda'a.
- Namoota qorannoo kanaan walfakkaataan irratti qorannoo adeemsisuu barbaadaniif akka ka'umsaafi wabiitti tajaajiluu danda'a.
- Adeemsa sirna raawwii harma hodhaa ilaalchisee namoonni erga qorannoo kana dubbisanii hubatanii booda, namoota waa'ee sirna kanaa hubannoo hin qabneef hubannoo kennuu malu.
- Guddina Aadaafi dagaagina aartii aadaa Oromootiif gumaacha mataasaa qabaachuu mala.

**1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kamiyyuu yeroo geggeeffamu daangaan isaa adda bahe beekamuun dirqama ta'a. Yoo kana ta'uu baate, dhimmi qorataan qorannoo irratti geggeessuuf adeemu sun kallatti dhaba jechuudha. Kana jechuun immoo wanti qorannoon irratti geggeeffamu sun baay’ee dhiphachuu yookiin bal’achuu waan danda’uuf daangeessuun baay’ee baarbaachisaa ta’ee argame. Qorannoo kanas, dhimma qorannoon irratti geeggeffamu ilaalchisee akkaataa ittiin daangessinu keessaa iddoofi qabiyyeen isaan ijoodha.

Kana bu'uura godhachuun, qorataan kun qorannoon kun garmalee akka hindhiphannetti yookiin garmalee akka hinballanneef madaalee iddoofi qabiyyeedhaan daangesssee jira. Daangaan qorannoo kanaatis iddoodhaan Godina Shawaa kaabaa, Aanaa Dagam irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qabiyyeedhaan immoo Gooroo Fookiloorii keessaa adeemsa sirna raawwii harma hodhaa irratti xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha.

Sababoonni qorannoo kun Oromoota Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam jiraatanitti daangeffameef Oromoota aanaa kana jiraatan bira duudhaaleen hawaasa kun irra deddeebi’anii waan raawwatamaa turaniif haala salphaa ta'een odeeffannoo sirrii ta’e

funaannachuun waan danda'amuufi yeroon qorannoo kanaaf kenname gabaabaa waan ta'eef aanaafi qabiyyee kana irratti daangeffameera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoofi qo’annoo tokko waan tokko irratti yommuu geggeeffamu hanqina/ muudannoo/ hin dhabu. Kanaaf, qorataan kun qorannoo kana yommuu geggeessu rakkoolee adda addaa isa muudatan ni jiru. Rakkooleen kunis; sababa weerara dhibee Kooronaan namootatti siquun oddeeffannoo funaannachuun rakkisaa ta’uu isaa akkasumas, namoonni gaaffiin dhiyaateef deebii kennuuf fedhii dhabuudha. Sababni isaas, shakkii dhimmoota siyaasaa adda addaa sababeeffachuun diduun akka waan biraatti ilaaluun yaada isaanii bilisaan ibsachuu irratti sodaa qabaachuudha.


Rakkoo kana furuuf qoratichi beellama beellamuun irra deebiin sirritti hubachisuun fureera. Akkasumas, gaaffii kanaaf deebii kennuun dura maaliif akka barbaadame ibsun hubachiiseera. Ragaan funaanamu kun dhimma qorannoo digirii lammaffaa guuttachuun ala dhimma biraaf akka hin oolle ifatti beeksisuun, sagaleedhaan waraabamuuf shakkii adda addaa qabaachuu irraa bilisa ta’uun yaada isaanii akka ibsatan taasisuun ragaa barbaadu argachuun qorannoo isaa galmaan ga’uu danda’eera.

## 1.7. Haala Qubsama Hawaasa Naannoo Qorannichaa

Akkuma daangaa qorannichaa keessatti ibsametti qorannoon kun kan adeemsifame Godinaa Shawaa Kaabaa Aanaaa Dagam keessatti. Aanaan kun aanaalee godinichaa keessa tokko ta’ee, Finfinnee irraa km 118 kan fagaatu yoo ta’u, haalli teessuma lafa ishee irra jireessi diriiraafi darbees gaarreen tokko tokko kan qabduudha. Aanaan Dagam bulchiinsa magaalaa lamaafi gandoota baadiyyaa digdamii sadi qabdi.

Aanaan kun aanota ollaa ishee karaa Bahaan Aanaa Giraar Jaarsoo, Kibbaan Aanaa Yaayyaa Gullallee, Dhihaan Aanaa Kuyyuu, Hidhabuu Abootee, Kaaban Aanaa Darraa, Kibba Lixaan immoo Godinaa Shawaa lixaa Aanaa Ada’aa Bargaatiin marfamtee kan argamtuudha. Aanaan Dagam bal’ina lafaa heektaara 67,020 qabdi. Olka’iinsi aanichaa garbarraa qabu meetira 1500-3541 ni gaha. Haallii rooba isaa giddu galeessaan miilii liitira 900-1400 gahu kan argatuudha. Haalli qilleensa isaa Baddaa, Badda Dareefi gammoojjii of keessaa kan

qabuudha. Irra caalaan haala qilleensa isaa garuu badda dareedha (Maddi Waajjira Qonnaa Aanaa Dagam).




*Suuraa [1]: Kaartaa Godina Godina Shawaa Kaabaa Waajjiraa Aadaafi Turizimii Aanaa Dagam irraa gaafa guyyaa (19/08/2013) kan Fudhatame.*

### 1.8. Haala Jireenya Hawaasa Naannoo Qorannichaa

Aadaan Uummata Aanichaa akka bifa jireenya hawaasa Oromootti iddoo guddaa kan qabuudha. Kanaaf uummani aanaa Dagam aadaa nama boonsuufi nama gammachiisu kan hawaasni duraanii itti gargaaramaa tureefi ammas darbee darbee iddoo tokko tokkotti itti gargaaramaa jiran ni jira.

Hawaasni Oromoo akkaataa ittiin jiraatu, walitti dhufuufi gaddaafi gammachuu ittiin geggeeffatu keessatti aadaan fuudhaaf heerumaa isa angafaa fi guddaadha. Aanaa kana keessattis aadaan fuudhaafi heerumaa baayyee beekkamaafi jaalatamaadha. Aadaan fuudhaafi heerumaa kunneenis: Kaadhimachuu, Hawwii, Butii, Kallachaan fuudhuu fa’a (Maddi Waajjiira Aadaafi Turizimii Aanaa Dagam).

**1.9. Sirnoota Duudhaa Hariiroo Hawaasummaa Cimsan**

Hawaasni tokko kallattii adda addaan hariiroo uumee kan jiraatuudha. Hariiroon kunis, hidhata namootaa gidduutti gama aadaafi hawaasummaan kan ijaaramudha. Kana jechuun hariiroon karaalee amantiin, amalaan, ilaalchaafi walitti dhufeenya hawaasummaa namoota gidduu jiruun kan uumamaniidha.

**A. Gumaa Baasuuu**: Aadaa uumaata Oromoo keeessatti gumaa baasuun baay'ee beekkamaafi rakkoo hawaasa gidduutti uumamee ittiin furuuf kan itti dhimma bahaniidha. Akkuma kana ummatni Oromoo aanaa Dagam namni tokko lubbuu namaa baasee hawaasa keessa callisee taa'uu hin danda'u. Gama biraatiin karaa seeraallee yakka isaa xumuratee yoo bahee gatii lubbuu namicha du'e ol qabuun dirqama. Kun immoo walittii bu'iinsa hawaasa gidduu jiru hambisuu fi waldhabdee jiru karaa nagana furuu keessatti gahee olaanaaa qaba (Maddi Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Dagam).

**B. Guddifachaa:** Sirni Guddifachaa kun yeroo amma hawaasa Oromoo hunda bira jiraachuu baatus uummatni Oromoo Aanna Dagam sirriitti kan itti fayyadamaa jiraniidha. Akkuma qabaachuun jiru dhabuun waan jiruuf hawaasnii waan dhabee tokkoof immoo furmaataa barbaadaa (Maddi Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Dagam).

**C. Hammachiisaa:** Sirna duudhaa hawaasaa keessa tokko ta'ee, kan hawaasni Oromoo kan itti dhimma bahaan keessaa isa tokkoodha. Uummatni aanaa Dagam sirna hammachiisaa kana amantii kiristaanaan wal makaanii kan itti fayyadamaniidha. Kana jechuun hawaasni aanaa Dagam jalqaba mana maatii warra hangafaa/ayyaantuu deemuun sirna kana erga raawwatanii booda gara mana amantaa deemuun adeemsaa cuuphaa geeggeessuu (maddi Waajjira Aadaafi Turizimii Aana Dagam).

**D. Kooluu Galuu:** Kooluuu galuu jechuun akka aadaa Oromootti nama haala adda addaatiin gosa yookiin immoo lammii ofii dhiisee gara gosa Oromooo tokkotti dheesse seeraan ofitti makuu jechuudha. Yaada kana ilaalchisee Dirribii Damusee (2012:284) akka jedhutti, "Kooluun ofumaan gosa namaa filatee gala maelee, boojuu miti. Seerri koooluus kan tumame, namoota balaa tokko tokkoon gosa ofii keessaa bahanii dhufan gargaruutti kan tumameedha" Jechuun ibsa. Aadaa duudhaa Oromoo ganamaa keessaatti nama rakkatee tokko Oromoon akkaataa sirna Gadaatiin kooluuu ni fudhata. Kooluu kanas kan galuu, nama bakka adda

addaattii booji'amanii naannoo sana jiraatan akkasumas, nama gosa ofiitti balleessaa balleessee ofii isatti qanna'ee naannoo sana jiraachuu jibbee fedhii isaatiin achii deeme akkasumas, nama lubbuun namaa harkatti bade ta'uu mala.

### 1.10. Aadaa Nyaataa

Aadaan uummata Oromoo biratti baayyee beekamaafi jaallatamaa ta'e kan biraa immoo aadaa nyaataati. Aadaan nyaataa kun gosoota adda addaa qaba. Isaanis:

**A. Caccabsaa:** Caccabsaan nyaata aadaa uummata Aanaa Dagam biratti baay'ee beekamaadha. Caccabsaan xaafiifi qamadii irraa kan qophaa'uudha. Akkaataan itti qophaa'uu, daakuu xaafii/qamadii erga qopheessanii boodaa, sukkumanii bukkeessuun yeroo gabaabaaf tursiisu. Sanaan boodaa eelee ho'iisuun bifa qixxaatiin tolchu. Tolchaanii erga irraa baasanii booda caccabsuun /kukkutuun dhadhaafi barbaree itti dabaluun kan qophaa'uudha. Nyaatni kun dhangaa nyaataa ta'ee keessummaafi yeroo sirnaa dhimmaaf kan dhiyaatudha.

**B. Marqaa:** Gosa nyaataa aadaa naannoo kanatti beekamu keessaa inni biroon marqaadha. Marqaan kan qophaa'u daakuu xaafiifi garbuu irrayi. Akkaataa hojii isaa immoo garbuun erga qolli irraa qullaa'ee booda ni daakama. Erga daakamee booda dubartoonni hojii isaa beekan seeraan hojjetu. Kana booda dhadhaan itti naqamee keessummaaf dhiyaata.

**C. Qincee:** Nyaatni kun irra caalaatti garbuu irraa kan qophaa'uudha. Akkaataan qophii isaa immoo garbuu tumanii qola isaa irraa balleesssuun kakkaa'uuun kan qophaa'udha. Sanaan boodaa garbuu qolli irraa qunca'ee sanaa affeellanii bilcheessuun daakuu xiqqoo itti dabaluun yeroo bilchaate dhadhaa baksaa itti naquun kan dhiyaatuudha. Yeroo baay'ee nyaata kabajaafi keesssummaadhaaf dhiyaatuudha. Akkuma kana uummatni aanaa Dagam gosa nyaataa qincee kana qopheessuun yeroo sirna adda addaa qaban kan qopheessaniidha.


**D. Qixxaa-marqa:** Nyaatni kun kan qophaa'uu, xaafii irrayyi. Akkaataan qophii nyaataa kanaa immoo daakuu xaafii bukkeessuun osooo hin tursisiin eelee irratti tolchu. Erga tolchanii boodaa irraa baaasanii waciitii keessaatti dhadhaafi barbaree ittii dabaluun boojitoon waliin makanii kan qopheessaaniidha. Akkuma maqaa isaa irraa hubannutti, nyaata bifa qixxaan qophaa'ee waliin makamee/marqamee nyaataaf dhiyaatuudha.

### 1.11. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Qorannichaa

Uummatni Oromoo godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam gosa hidda dhalootaa Oromoo Tuulamaati. Yaada kana ilaalchisee, Alamayyoon (1998:145) yoo ibsuu, “Akka afoola Oromoo tuulamaatti, tuulamni damee gurguddaa sadii qaba. Isaanis: Daaccii, Bachoofi Jillee” jedhamu jechuun lafa kaa’a.

Ilmaan Tuulamaa keessaa Bachoon immoo ilmaan jaha qaba. Isaanis: Illuu, Meettaa, Waajituu, Garaasuu, Keekuufi Uruu jedhamu. Ilmaan Tuulamaa keessaa Daacciin immoo ilmaan sadii qaba. Isaanis: Oboo, Galaaniifi Sooddoodha jedhamu. Akkasumas, ilmaan Tuulamaa keessaa Jilleenis ilmaan shan horate. Isaanis: Siibaa, Goonaa, Guula, Dooyyoofi Warra Gindaa jedhamu.

Ilmaan Daaccii keesssaa immoo Galaan ilmaan jaha horate. Isaanis: Liibaan, Abbuu, Ada’aa, Jiddaa, Warra Jaarsoo, Gaadullaa jedhamu. Ilmaan Galaan keessaa immoo Jiddaan ilmaan shan horate. Isaanis: Gaaliyyii, Keekuu, Kuraa, Arabsafi Dooyyoo jedhamu. Ilmaan Jiddaa keessaa Kuraan immoo ilma Dubbannaa jedhamu dhalche. Dubbannaan immoo Heebaan dhalche. Heebaan immoo Igguu dhalche. Igguuun immoo ilmaan sagal horate. Isaanis: Illaammoo, Dhangaa, Bonayyaa, Ittayyaa, Saqqoo, Annoo, Dooroo, Aannaa jedhamu. Kanaaf uummatni Oromoo aanaa Dagam jiraataan ilmaan Igguu saglaniidha. Isaan kunneenis gosaa hanga balbalaatti caasaa armaan gadii fakkaatu.




Alamayyoo Hayilee (1998:146)

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

### 2. Seensa

Boqonnaan kun barruulee garaagaraa sakatta'uurratti xiyyeeffata. Qabxiileen ijoon as jalatti dhiyaatanis barruulee yaada rimee cimsan sakatta'uu, barruulee yaaxxina qorannoo kan bu'uureffate dhiyeessuuf hojiilee qorannoo isaa kanaan walitti dhufan sakatta'uudha.

### 2.1. Yaadrimee Fookloorii

Hayyoonni adda addaa fookilooriif hiika garaagaraa kennaanii jiru. Hiika garaagaraa kennuu namoota kanaafis sababoota adda addaatu dhiyaata. Kanarra wanti hubannuu, Fookiloorii ilaalchisee hiikni waliigalaa hinjiru jechuudha. "Namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha garaagaraa qabaachuu isaanii, yaadrimeen isaa rakkisaafi ulfaataa ta'uun isaa hiikaalee hanga ammaatti kennamaniif adda adda akka ta'e ibsa" (Dastaa 2011:3)

Simsfi stephens (2005:1) yoo ibsan, "*Folkore is many what folklore is many things and it is almost impossible to define succunently. It's both what folkloristics study and the name of the discipline they work within"* jedhu. Akka yaada kanaatti fookilooriin waan baay'ee kan ofkeessatti qabatuufi bal'aadha; jecha muraasan ibsu hindanda'amu.

Akka Melakne (2006:8) ibsutti, "*Every group both top ather or by common interest and purposes weather educated or uneducated rural or urban, possessed of tradition which may be called in its folkore"* jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubannuu, dhalli namaa kamiyyuu wantoota walitti isaan hidhan ykn wal isaan fakkeessu kan barates ta'ee kan hinbaratiin, baadiyyaas ta'e magaalaa, qaamni aadaa walitti isaan hidhu fookloorii jedhamuu akka danda'uudha. Kana jechuun immoo dhalli namaa kamiyyuu waan isaan walfakkeessuu kan qabaniifi hawaasa barateefi hinbaratiin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hindaangeffamne ta'uu isaa mirkanneesaa. Kanatti dabaluun, Oring (1986:135) Dundes (1965:121) wabeeffachuun "*folk can refers to any groups of people what so everywho share atleast one common factor. The comman factors crate a sense of collective identity, so that any population with such asense could be reparded as a folk"* jedha.

Akka baanuun kanarraa hubannuutti; folk' jechuun garee hawaasaa kamiyyuu ta'ee, yoo xiqqaatee xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha. Wanti isaan waliin qooddatan kun immoo miira eenyummaa keessatti uumuu akka danda'u agarsiisa. Miirri

eenyummaa kun dhuftee hawaasichaa, aadaafi amantaaf bu'uuura jechuudha. Dorson (1973:2) fookloorii yommuu ibsu:

> *Foklore is the social, material and oral culture of primitive societies the social culture comprises such forms as festivals, dance, and relipious rites. The material culture comprise architecture, and art and craft. The oral culture inclides songs, tales, legends, proverbs and ruddles.*

Akka yaada kana irraa hubannuutti, fookilooriin aadaa hawaasaa, amantii hawaasaa, faaruu, oduu durii, mammaaksa, hiibboo, meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaa hunda kan hammatu ta'uu isaa nu hubachiisa.

**2.2. Faayidaa Fookloorii**

Fookilooriin wantoota jireenya hawaasatiin walqabatanii jiraniif tumsa guddaa kenna. Akkasumas, jiruuf jireenya hawaasa aadaa tokko qaban birattii falaasama, amantii, duudhaa, safuu, ilaalchaafi kkf ibsuurratti humna guddaa kan qabu ta’ee bu’uura jireenyaati. (Bascom, 1965). Yaada hayyuu kanarratti hundaa'un faayidaawwan fookilooriin hawaasaaf qabu akka armaan gaditti ilaaluu dandeenya.

**A. Barsiisuuf:** Aadaa saba tokkoo keessatti fookilooriin duudhaa hawaasa tokkoo barsiisuuf ni gargaara. Barsiisuuf jechuun aadaa saba afaan tokko dubbatu, aadaa tokko wajjin qabu biratti namoota aadaa isaa gatee kan biraallee hordofuu barbaade bifa walaloonis yaa ta'u mammaaksa adda addaa mammaakun karaa ittiin nama sana barsiifatan wajjiin walqabata. Afoolli barsiisuu keessatti gahee guddaa kan taphatu mammaaksan, weedduun, walaloon, karaa duudhaatiin, geerarsaafi kan kana fakkaataaniin amaloota hawaasa keessatti jiruuf jireenya hawaasaa keessatti jabaatanii hojjechuu, rakkina adda addaa keessa lufuu danda'uu, tokkummaa, abshaala ta'uu kan nama barsiisu jechuudha.

**B. Jajjabeessuf:** Fooklooriin jiruuf jireenya keessatti nama jajjabeessuuf ni fayyada. Kana jechuun adeemsa jiruuf jireenyaa keessatti namni tokko dadhabuu ykn abdii kutuu danda'a. Yeroo kan afoola garagaraa fayyadamuun namni sun jabaatee rakkoo keessa jiru sana keessa bahee sadarkaa itti aanutti akka ce'u jajjabeessa. Itti dabaluun jiruuf jireenya isaa keessatti cimee akka dhaabbatu taasisa.

**C. Dhorkuuf:** Dhorkuu jechuun immoo hawaasa keessatti wantoota hinbarbaachisne irraa nama dhorkuuf fookloориin gahee guddaa gaba. Kana jechuun aadaa hawaasa keessatti hin barbaachisne ykn safuu hawaasaa tuquu wanta danda'u akka hin dalagne bifa adda adddaatiin gorsuu jechuudha.

**D. Miliquuf:** Fooklooriin hawaasa keessatti dubbii jalaa miliquuf, ooluuf wanti akka afoolaatti itti gargaaraman jira. Kunis rakkoo tokko jalaa bahuuf wantoota bifa walaloos yaa ta'u geerarsa garagaraan karaa ittiin miliquu baratan ofkeessaa qaba. Namni kamiyyuu waan keessa jiruun walcinaa qabee haala keessa jiru afoolaa ibsachuu danda'a.

## 2.3. Gooroowwan Fookloorii

Gooroowwan fookiloorii ilaalchisee Dorson (1972:1-2)*"...folklore can divided into four categories these are termed the oral literature, the material culture the social folk custom and the performing folk arts. Each of these in turn divided into different subdivisions"* jedha. Hayyuun kun fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qoodee dhiyeesse. Isaanis: afoola, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii duudhaa jechuun lafa kaa'a.

### 2.3.1. Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa akaakuwwan gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee wantoota ijaan argamaniifi wantoota qabatamaa ta'an kanneen ofkeessatti hammatudha. Kana malees, meeshaaleen aadaa falaasama hawaasa tokkoo, seenaa, amantaa, aadaafi kan kana fakkaataan bu'uureffachuun ogummaa hawaasichaan kalaqamanii dhalootaaf kan dabarsamaniidha. Yeroo darbu kanas, ogummaa hawaasichi aadaa meeshaalee bocuufi itti fayyadamuu irratti qabu karaa al-idileen daawwachuun yaadachuunifi hojjechuun dhaloota lufurraa dhaloota dhufutti kan daddarbuudha. Yaaduma kana woodward (2007:3) yoo ibsu*:*

> *The term material culture emphasizes how apparently in animate things with the environmente act inpeople, and are acted up on by people for the purpose of carrying out social functions regulating social relations and giving symbollic meaning to human activity.*

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, meeshaalee aadaa akaakuwwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, ogummaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfatee waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis, ogummaa garaagaraa ofjalatti kan hammatu yoo ta'u,

isaaniis hojii harkaa (folk craft) oguma harkaa (folk art) maandisummaa aadaa (folk craft) aadaa nyaataa dhugaatii (folk good & drink aadaa (folk artitecture), aadaa nyaataa dhugaatii (folk food and drink) uffannaa aadaa (folk custome) folk dress) jedhamuun kan qoqqoodamaniidha.

Meeshaaleen aadaa meeshaalee hawaasni tokko beekumsa isaatti fayyadamee kalaqatee, itti gargaaramu ta'anii haalli hojii isaaniifi itti fayyadamni akkasumas, hiikniifi kabajni isaaniif kennamu dhaloota dhalootatti bobocaa hawaasa tokko kan calaqqisiisuudha. Meeshaaleen aadaa kunneen immoo qaamaan argamuu kan danda'anuifi ogummaa, beekumsa kalaqa, sadarkaa jireenyaafi kan kana fakkaataan hawaasni qabaachaa kan tureefi yeroo ammaa kana itti fayyadamaa jirachuu kan agarsiisaniidha.

### 2.3.2. Aartii Duudhaa Hawaasaa

Sochii qaamaa gooroowwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee raawwii namni tokko ykn gareen tokko bakka daawwattoonni jiranitti yeroofi iddoo murtaawaa ta'etti raawwatuudha. Yaada kanas Simsfi Stephens (2005:128) yoo ibsan, *"performance is an expressive activity that responses. In order for a performance to happens a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and place) and participants porformers and auidence) must be present."* Akkuma yaada waraabbii kanarraa hubannuu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa hirmaattoonni dirqama barbaachisaa ta'uu isaati.

### 2.3.3. Afoola

Afoolli gooroowwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, haala adda addaa irratti hundaa'uun hiika garaagaraa qaba. Okwephon (1992:34) yoo hiikuu, *"Oral literatures refers to verbal art of traditional cultures usually composed orally and transmitted from generation to generation by word of mouth."* jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli gochaa aartii afaaniin dhalootarra dhalootattii daddarbuufi walitti dabarfamaa as gahe ta'uu isaati.

Afoolli waa'ee uummata tokkoo dhuftee (origion) isaarraa kaasee haala inni amma keessa jiru quba qabsiisuun wanta gara fuula duras jiru argamsiisuun eenyummaasaa qabee dhaaba. Dundes (1965:43) akka ibsutti, *oral literature service as tool by which the literature commonity of people to their deepest thouth's feeling and common"* jechuun lafa kaa'a. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli meeshaa uummanni hinbaratin dhimma itti bahuun, waan

keessoo isaanitti dhagahame, ilaalchaafi aadaasaa ittiin ibsatu jechuudha. Afoola ilaalchisee Bukenyan (1994:85) yoo ibsu:

> *Oral literature is the heart of people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservioir of a people's values, it expresses a given society's called view and given them aspring board from which their day to day existence is propelled.*

Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli haala jireenya hawaasa tokko murteessuufi kuufuma beekumsa kan fuulduratti fuudhee deemu ta'uu isaati.

### 2.3.4. Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa gooroowwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee adeemsa jiruufi jireenya keessatti hawaasni hirmaannaa waliin gochuun irra deddeebi'uun kan raawwatu akka ta'e hayyoonni garaagaraa ni mirkaneessu. Fookilooriiwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun Simsfi Stephens (2005:1) yoo ibsan;

> *Rituals are repeated, hapitual actions, but they are more purposeful than custom; rituals are frequently hiphly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in a group. Most rituals bring together many types of folklore: verbs such as chants recitation, poeams or song: customany such as gesture, dance or movements.*

Akka yaada hayyoota kanneen itti duudhaa hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaa keessatti irra deddeebi'anii haala walfakkaatuun raawwatamaniidha.

Maranan (2010:6) duudhaa ilaalchisee yoo ibsu *“Aadaa uummataa keessaa tokko ta’ee gochaalee hawaasni itti fufinsan raawwatu, eenyummaa isaa kan ittiin ibsuufi karaa dhaabbataa ta’een dhalootarraa gara dhalootaatti kan darbudha*” jechuun barreessee jira. Akkasumas, Duudhaan hawaasaa garee hawaasa aadaa tokko qabu biratti waan irra deddeebi’ee raawwatu kan hawaasni amaleeffatte wajjiin walqabata. Duudhaan irra deddeebi’ee raawwatu kun hawaasa sanaaf faayidaa kan kennu yoo ta’eedha. Duudhaan hawaasaa kun sirna qabeessa. Akkaataafi haala ittiin geggeeffamu ni qaba. Kana jechuun hooda safuufi akkaataa hurrubummaa duudhaa sana keessattii raawwatu murteessaa ta’uu isaati. Karaa biraatin, waan hawaasni lagatus of keessaa kan qabuudha jechuudha.

*According to Van Gennep these kind of aritual returns have three stages: sepration, transition and reincorporation when aperson who has gone through aritual returns to society with anew status. Rites of passage are practiced in all culture, but the events celebrated* vary from culture to culture. "Sims and *Stephens (2005:111)*

Akka hayyoonni kun ibsanitti, hawaasni kamiyyuu duudhaa akka qabuufi duudhaa isaa kana keessatti akkaataafi haala itti fayyadamu irratti hundaa'un garaagara ta'uu isaa ibseera. Kana malees, duudhaan hawaasaa gamtaan kan raawwatamu ta'ee adeemsa sadi keessa kan darbuu ta'uu isaa haalan ifoomsee jira. Sadarkaawwan adeemsa raawwii duudhaa hawaasaa keessaa haalli hawaasni tokko duudhaa isaa itti raawwatu iddoodhaa iddootti gargar ta'uu isaa lafa kaa'a. Adeemsi duudhaa hawaasaa kun haala bifa amantaa hawaasa sana ibsuu danda'uun dhaloota irraa dhalootatti darbuu isaa bal'inaan ibasameera. Akkasumas, akka hayyuun kun ibsetti qoqqoodinsi, daddarbinsiifi wanti hawaasni waliin qaban akkaataafi haalli inni yoomeessa uumamaa keessatti qabu xiyyeeffannaa guddaa qaba. Kana jechuun haala sirnichi eeyyamuun bakkiifi yeroon duudhaan sun itti raawwatu milkaa'ina duudhaa sanaatif gahee olaanaa qaba.

Duudhaan hawaasaa damee Fookloorii keessaa isa tokko ta'ee kan hawaasni tokko gocha irra deddeebiin raawwatuufi ogummaa duraa duuba eeguun sirna bu'uura godhachuudhan dhihaatu walitti qabaatti ittiin waamamuudha. Ogummaan hawaasaa kunis gareen Fookii miseensi maatii haala amantaa, guyyaa ayyaanaa, oomishaa, ulfaa, dhalootaa, kittaannaa, cidhaa, du'aa yookiin haalota biroo wajjin walqabsiisuun kan hurruubamuudha. Duudhaa kanas hawaasni haala jireenya isaanii keessatti kan itti dhimma bahaniidha. Duudhaan hawaasaa yeroo adda addaa keessatti haala adda addaatiin akka raawwatu Salamoon (2007:153) haala armaa gadiitiin ibsa.

*Aadaa hawaasa adda addaa keessatti gochootni dhimmoota amantaa, hawaasummaa, xiinsammuufi siyaasaa itti raawwataman qabu. Gochoota raawwataman keessaa ayyaana cuuphaa, Qillee, Mawulidaa, guyyaa dhalootaa, sirna awwaalchaa, sirna cidhaa, sirna dhaloota daa'imaniif raawwatamu, sirna aangoo walirraa fuudhinsaa, ayyaana Irreechaa, Fiichee Canbalalaa, Ayyaaana Muudaa, kabaaja ayyaana Qaalluu, ni eeraman, jechuun kaa'a .*

Yaaada kanarraa wanti hubatamuu hawaasni tokko duudhaa mataa ofii kan qabuufi isa kana yeroo adda addaa akka kabajatuufi dhimmootaa adda addaaf akka kabajatu nu hubachiisa.

### 2.4. Sirna Raawwii Duudhaalee Hawaasaa

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti akkasumas, muuxannoo isaa keessatti sirnoota duudhaalee hedduu kan raawwatudha. Yaada kana ilaalchisee, Rapaparto (1992:250) yoo ibsu, *"If there is no performance there is no ritual: performance it self is an aspect of that which is performed. The medium is a part of the message is encorded in the ritual."* Kana jechuun sirni duudhaa tokko gochaan kan hin mul'anne yoo ta'e duudhaalee ta'uu akka hin dandeenye kan ibsuudha. Raawwiin kun immoo ofuma isaatii akaakuu duudhaawwanii akka ta'es ni ibsa. Wantoonni raawwiin mul'atan kun immoo ergaa isaa kan mirkaneessanidha. Kanaafuu, aadaafi duudhaan raawwii tokko malee adeemsifamuu kan hin dandeenyeefi sirni raawwii duudhaa tokko raawwii kan hin qabne yoo ta'e duudhaaleen sun gatii kan hin qabne ta'uu isaati.

Raawwiin tokko amala mallattoo fookloorii hundaa of keessatti akka haammatudha. Kanaafuu, sirni duudhaa hawaasaa yoo jiraate kun immoo raawwiidhaan mul'achuu akka qabudha. Sirna raawwii duudhaa harma hodhaa kunis sirna raawwii mataa isaa kan of keessaa qabudha. Sababni isaa duudhaan kunis gosoota fookloorii keessaa isa tokkofi fooklooriin kamiyyuu immoo raawwii walitti fufaa ta'e kan of keessaa qabudha. Inni biraan sirna raawwii isaa kana keessatti duudhaan kun kabaja guddaa kan qabuufi hariiroo uumuu kan danda'udha. Kanaafuu, sirni raawwii duudhaa harma hodhaa kun aadaa hawaasaa sun kan kaayyeffate ta'ee tokkummaa, jaalala, nama kamiyyuu biratti immoo aadaa walii walkabajuufi kanneen kana fakkaatan hawaasa sana gidduutti uumaa kan deemudha.

#### 2.4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Duudhaa

Duudhaaleen hawaasaa yeroo geeggeeffamu keessatti adeemsaafi akkaataa ittiin adeemsifamu kan qabudha. Yeroon kun raawwii duudhaa tokkoo raawwachuuf yeroo waliigalteeti jechuudha. Kana yeroo jennu sirni raawwii duudhaalee hawaasaa kamiyyuu ka'umsa isaatii jalqabee hanga xumuraatti adeemsa mataa isaa qabaachuu kan ittiin mirkaneessinudha. Kana jechuun raawwii sanatti osoo hin seeniin dura wantootni raawwatamuu qaban akka jiru kan nutti agarsiisuudha. Kun immoo raawwiin duudhaa hawaasa tokko duraa duuba isaa eeggatee wantoota raawwii sirna sanaaf barbaachisuu hunda adeemsa raawwii kana keessaattii kan

raawwatamuu jiraachuu isaati. Dorson (1972:16) yoo ibsuu, *"Festival activities where thus consrued as symbolical representation of situations the participants woud like to occur"* jedha. Sirnoonni raawwii duudhaalee hawaasaa tokko keessatti raawwatamu sirnoonni adda addaa sababa raawwatamaniif kabajaafi hiikaa garaagaraa akka qaban hubanna. Haaluma kanaan, sirni duudhaa raawwii harma hodhaa kunis adeemsa jalqaba maatii warra harma hodhuuf deeman filachuu irraa eegalee hanga gaafaa guyyaa sirna raawwii sanaatti adeemsa mataa isaa eeggatee raawwii raawwatamu kan qabudha.

### 2.4.2. Yeroo Sirna Raawwii

Wantootni hawaasa biraatti beekamaniifi yeroo adda addaa keessatti sababa garagaraatiin raawwataman sadarkaa jalqabaatti wanti beekamuu qabu yeroo sirni raawwii sun itti raawwatamu qabu beekamuudha. Isa kana immoo haala lamaan ilaaluu dandeenya. Gamaa tokkon, yeroo raawwiin sun raawwatamuudha. Kana jechuun yeroon duudhaa hawaasaa itti raawwatu ta'iiwwaan jiraniifi adeemsaa raawwii sanaa gochaan kan itti agarruudha. Kun immoo raawwii sana irratti wantootni sirna raaawwii sanaaf barbaachisaniifi adeemsaa raawwii duudhaa sanaa gochaadhaan ifaatti kan ijaan agarruudha. Gamaa biraatiin, Waqtileen raawwii sanaa itti raawwatuufi bakka raawwiin sun itti raawwatamuufi yeroo itti raawwatamu kan of keessatti haammatudha. Kana jechuun raawwiileen duudhaa hawaasaa kamiyyuu yeroo raawwatamuu sanatti yeroo itti raawwatamuufi iddoo raawwii qabaachuu kan ibsuudha. Akkuma kanaa sirni raawwii harma hodhaa kun yeroo baay'ee waqtilee Bonaa ta'ee guyyaan raawwiin itti gaggeeffamuu immoo akka aadaa Oromootti guyyoota jiraan keessaa guyyaa guutuu ta'eefi bakki itti raawwatamuu immoo mana warra harma hodhaa gaafatanitti kan raawwatamuudha.

### 2.4.3. Yeroo Raawwiin Boodaa

Raawwiileen duudhaa haawaasaa kamiyyuu erga raawwataaniin booda duubee isaa karaa lamaan ilaaluu dandeenya. Inni tokko sirni raawwii sun haaluma duraan raawwachaa tureen itti fufee raawwachaa jiraachuufi sababoota adda addaatiin addaan jijjiiramaa/laafaa dhufuu isaati. Kana jechuun adeemsi raawwii duudhaa hawaasa tokko sababa adda addaatiin akkaataan raawwii isaa bifa duraa irraa jijjiiramuun raawwachuu kan agarsiisuudha. Inni biroo immoo dhibbaa adda addaatiin laafaa dhufuu sirna raawwii sana kana agarsiisaniidha. Gama biraatiin, immoo hariiroo hawaasummaa yeroo sirna raawwii sana raawwatame hariiroo

hawaasummaa duraan umamee sun akkataa kamiin akka jiraatu kan nutti agarsiisuudha. Haaluma kanaan adeemsi sirna raawwii harma hodha yeroo amma kana sababoota adda addaatiin laafaa dhufuufi sirna raawwii biraatiin bakka bu'aa jiraachuu isaati. Gama biraatiin, hariiroon hawaasummaa maatiifi firoottaan harma hodhaa waliin gaggeessan yeroo amma kana laafaa dhufuu isaati.

## 2.5. Maalummaa Fakkoommii

Fakkoommiin mallattoo yoo ta'u, kunis kan yaada tokko bakka bu'u jechuudha. Akkasumas, fakkoommiin mallattoo wanta nuti sammuu keenya keessatti yaadnufi wanta sana immoo gadi fagenyaan waa'ee isaa ibsuun kan danda'amudha. Kanuma ilaalchisee katz (1972: 46) yoo ibsu,

> *Symbolism were a form of meaning that only differed from linguistc meaning by the type of signals it used and if they set of symbol (of a given culture) constituted alanguage one shoud be able systematically to substitute certain simpil or complex sybol for most symbol in most contexts as one can in a language replace most words by a definition.*

Yaada kanarraa kan hubannu, fakkoommiin unka wanta xinqooqaarra adda isa godhuufi mallattooleen kunnin immoo kan faayidaa qabaniifi sirna mallattoo ta'uu kan danda'anidha. Wanta mallattoodhaan bakka bu'amu kana immoo tooftaan walitti fiduun yaadota afaaniin bakka bu'u fakkaatan kan ibsudha.

### 2.5.1. Fakkoommii Mallattoon argaman

Fakkoommiin mallattooleen argaman kun mallattoodhaan kan taa'an ta'anii wantoonni isaan itti fakkeeffaman sun jiraachuu isaati. Jarreen kun lamaan immoo walitti dhufeenya yookaan hariiroo cimaa kan qabaniifi yaada walii dabarsuufi cimsuuf kan gargaaranidha. Yaada kana ilaalchisee, Levi-struass (1966:64) akka ibsutti, *"Corcering symbolic relationships, that they based on contiguity or on resembalance they be isensible or intelligible near or far syncronic static or dynamic"* jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, fakkoommiin yaada walitti hidhamaa ta'e tokko qabatee kan argamu ta'uu isaa hubanna. Inni kunis walitti dhufeenya fakkoommichaa jidduutti argamuu kan xiyyeeffatudha. Walumaagalatti, fakkoommiin mallattoo tokko yaada dhiyaate sana guutummaan guutuutti dhugeeffannoo jiru faana

dhiyaachuu kan qabudha. Iddoowwan adda addaatti immoo mallattoowwan kun baay’inaan kan argamanidha. Fakkoommiin kunis yaada dhiyaatu sana waliin hariiroo kan qabuufi dhugeeffannoo sirrii waliif kan qabudha.

### 2.5.2. Fakkoommii Beekumsaa

Fakkoommiin beekumsaa kun immoo dhimma seeraafi duudhaa sirriitti adda baasanii beekuudha. Fakkoommiin beekumsa keessatti waan walmakaa ta’e tokko amalaafi ibsa isaa sirna mallattoo tokko keessatti beekuudha. Leach (1966:97) *“symbolic knowledge resembles encyclopedic knowledge”* jedha. Fakkoommiin beekumsaa beekumsa waliigalaa ta’uu isaa agarsiisa. Kanumaan walqabatee sirna raawwii harma hodhaa keessatti yeroo eebba eebbisaan uummata Oromoo biratti fakkoommii beekumsaa kana yoo ilaalluu, “Hidda cite hin dhiigne ta’aa,” Jechuun firummaan keessaan kan yeroo kamiyyuu adda hin citne; walitti bu’iinsa xiqqaadhaan muufatanii adda bahanii hin hafnee haa ta’u jechuu bakka bu’a. Akkasumas, firummaan isaanii kanuma isaan qofa biratti hafu osoo hin taanee, kan dhaloota itti aanuutti darbu ta’uu ibsa. Kanaafuu, mallattoon kun akka waliigalaatti beekamaa kan ta’eefi iddoo guddaa eebba sirna raawwii kana keessatti kan qabudha.

### 2.5.3. Fakkoomii Gochaan Argaman

Fakkoommii gochaan argaman kan jennu jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti hiikaa yaadaa kan gochaan mul'atu ta'anii akkaataa dhugeeffannoo namootaa kan agarsiisudha. Kunis wantootni yeroo raawwii sanaa raawwataman gochaan mul’atan hiika haawasni itti laatuuf guumata guddaa kan qabudha. Fakkoommiin kun immoo barsiifata haawaasichaa bu’uura godhachuun kan dhiyaatuudha.

Sirna rawwii harma hodhaa keessatti fakkoommiin gochaan mul’atan yoo ilaalluu, damma quba abbudduun yeroo namicha sirna harma hodhaaf dhufee sana qubaan fudhaanii hoosisaan kan agarsiisu akka damma kanaa firummaan keessaan walitti haa mi’awuu yaada jedhu kan bakka bu’dha. Itti dabalees, aannan namicha sirna harma hodhaatiif dhaqee sanaa unaachisaan haala barsifata aadaa hawasaan maal akka bakka bu’uu gochaan kan raawwatamu kan nutti agarsiisuudha. Kanaaf fakkoommiin kun waan hawaasa keessatti haala aadaa hawaasichaatiin sadarkaa gochaatti raawwatamuudha.

### 2.6. Yaadrimee Harma Hodhaa

Harma hodhaan sirna duudhaa Oromoo keessaa tokko ta'ee, adeemsa namni tokko hidda dhaloota isaan ala hariiroo uumuun waliin jiraachuu barbaadee harma hodhu jechuudha. Kana jechuun adeemsa namni tokko nama biroo akka haadhaafi abbaa godhachuun hawaasa keessaa nama jaalatee barbaadee sirna kanaan harma hodhuu jechuudha. Akka aadaa Oromootti namni harma hodhe kun namicha harma hodheefi firoottaan isaanii mara akka firaatti ilaaluun kabajaafi jaalalaan kan waliin jiraataniidha. Yaada kana ilaalchisee Tsegan (1996:240) Blackhusi wabeeffachuun ibsetti, *"Harma hodha is a ceremony highlights that the nurturing aspects of the relationship; practical aspects is infact one of the clientship when the son expects same material assistance in return for the practical and ecomomical support he will give to his father."*

Harma hodhaan adeemsa hawaasni tokko namoota firooma dhiigaa hin qabne waliin firooma uumanii jiraataniidha. Maalummaa harma hodhaa ilaalchisee barreeffamoota garaagaraa dubbisuun qorataan yaada dabalataa argachuufi yaalee jira. Haa ta'u malee, kallattumaan waa'ee adeemsa sirna raawwii harma hodhaa hawasaa Oromoo Aanaa Dagam irratti wanta barreeffamee argachuu waan hin dandeenyeef, hamma tokko ragaalee odkennitoota irraa argateefi yoomessa akkeessuu irraa argaterratti hundaa'uun akka itti aanutti ibsee jira.

Harma hodhaan dhimmoota hawaaasni naannoo waliin jiraataan jiruufi jireenya isaanii keessaatti gamtoomanii sirna hawaasummaaa raawwaataniidha. Yaada kana Ayalew (2002:1) "*The social relation shipes based on incorporate (assimilate) life, kinship ties, fulfill the economic and social motivation"* jechuun ibsa. Kana jechuu hariiroon hawaasa gidduutti kan uumamu kaayyoowwan gurguddoo sadii kan gidduu galeeffatu ta'uu isaati. Isaanis: hiyyummaarraa bilisa ta'uu, walitti bu'insa dhabamsiisuufi faayidaa dhuunfaa garaagaraa barbaacha akka ta'e ni ibsa. Yaaduma kana deeggaruun, Bayen (2002:524) Faayidaa harma hodhaan hawaasaaf qabu yoo ibsu,

> *The Oromo has various traditional bases for conflict resulution among themselves and with other communities, more importantatly they have developed different mechanisms for cultural tolerance and interpration when they started to settle and the harm-hodha should be noted that the Oromo basically devised these instruction to avoid conflict with the communities among them.*

Akka yaada hayyuu kanaatti sabni Oromoo hawaasaa naannoo isaa jiraatuu gidduutti waldhabdee umamuuf tooftaalee ittiin waldhabdee hiikuu hedduu qaba. Karaalee nagaa hawaasa jiraataan waliin eeggatanii tokkummaafi hariiroo cimaa uumaanii waliigalanii jiraatan keessaa malli harma-hodhaa isa tokko ta'uu isaati. Gama biraatiin, adeemsa hawaasni bakka tokko waliin jiraatu hariiroo cimaa uumuun waliin jiraachuun waan dhala namaa kamirrayyuu barbaachisu guutanii jireenya hawaasummaa waliin jiraatan jechuudha. Yaada kanaa Tsegaan (1997:24) yoo ibsu, *"Harma-hodha or sucking the breast is the mechanism that establishes aparent relationship"* jedha. Kana jechuun immoo harma-hodhaan mala hariiroo maatiifi maatii gidduutti cimsuudha jechuudha. Yaaduma kanaa cimsuun Tsegan (2012:48) Harma hodhaa yoo ibsu,

> *Two Gumuz chiefs represents their clans could preform the harma hodha rituals in order to sanction the communal use of resourses. In most cases, however, such conflict over resourses, less powerful clans would perform the Harma hodha rituals in seeking the protection the stronges clans. Therefore, Harma hodha is served as a widely practiced institution applied to form alliance and forester peaceful cooexistence.*

Akka baanuu hayyuu kanaa irraa hubannutti, Harmaa hodhaan gosa uummata Gumuz lama gidduutti faayidaa qabeenya waliiniitiif jechaa kan raawwatamuudha. Akkasumas, yeroo raawwiin kun raawwatamu immoo gosti uummataa humna hin qabnee gosa ummataa humna qabuu yookiin warra gosaa baay'ee qabuu akka harma hodhaan ibsaa. Sirni kun kan raawwatuuf hawaasni bakka tokko jiraataan kunneen qabeenyaa waliin qaban irratti karaa nagana akka waliin faayyadamaaniifi gosummaa uumanii akkaa jiraatan taasiisaa jechuun lafa kaa'a.

### 2.7. Yaaxxina Qorannichi Bu'uureffate

Qorannoon fookloorii jaarraa 19ffaa keessa yaada qo'attootaa hawwachuu erga jalqabee adeemsa maalummaa fookloorii kan ittiin qorataamu qorannoo adda addaa gidduus ta'e dirree qorannoo tokko keessatti yaada garaagaraa ta'eetu argama. Akka Fennegan (1972:154) ibsitutti, malli yaaxxinni kun gargaaramus fookloorii garaagaraa biyyoota adda addaa keessatti tajaajilan yookaan kanuma biyya tokkoo keessaa walitti funaanuun wal fakkeenyaafi garaagarummaa isaanii, akkasumas, bakka argama isaaniifi eessaa garamitti akka ture ibsiti.

Kana gochuuf malleen kun bu'uureffatan qabiyyee fookloorii qo'ataman malee qooda isaan aadaa hawaasummaafi barreeffama keessatti qabaniifi dhimma hin ba'u jechuun ibsiti.

Fooklooriin bu'aa kallattii beekumsa tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektotatti agarsiisuuf qaburratti bu'uuruun hayyuun Dorson, R (1972:46) jedhamu yaaxina fookiloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda: ideology, contextual, historical-geographical, historical-reconstructional, hemispheric, mass-cultural, functional, psychoanalytical, folk-cultural, cross-cultural, structural and oral-formulaic kanneen jedhamanidha. Isaan keessaa kanneen muraasa qorannoo kana waliin deemuu danda'an asii gaditti ibsamanii jiru.

### 2.7.1. Yaaxxina Faayidaa (functional Theory)

Akka Yaaxina kanaattii fookilooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu irratti xiyyeeffata. Yaaxxina kana Bascom (1965:34) jedhutti, aartiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara.

Sims (2005:60) akka ibsitutti, karaa qorattoonni fookloorii ittiin hiikan keessaa tokko faayidaa inni hawaasa itti dhimma ba'u sanaaf qabu bu'uureffachuutu barbaachisaa akka ta'e lafa keessi. Akkasumas, Sims & Stephen (2005:175) "*Functionalism aliteral teaching function in non literate socities" jedhu*. Yaaxxinni kun kan filatameef hawaasa hin baranne biratti fookloorii karaa al-idilee ta'een barsiisa.

Yaaxxina kanas Simsfi Stephens (2005:179) yoo ibsan "*Structure is more than the plot; it includes the characters and the actions they perform, places, names, repeated words and phrases-any basic elements that make the story recogonizable*" jechuun ibsu. Kunis taatootaafi gocha isaan raawwatan iddoowwan, maqaawwan, jechootaafi gaaleewwan irra deddebi'aniifi caaccuuleewwan walitti dhufuun seenaa uuman kamiyyu ni hammata. Gama biraatiin, yaaxxinni kun faayidaa uummata yookiin murni (folk group) keessatti wantoota umannii garee tokko waliin qaban faayidaa inni kennuufi hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasaisudha. Yaaxxinni kun amantiin hawaasummaan, dinagdeen, siyaasaan, aadaafi faayidaawwan biroo kennuuf hawaasicha biratti hiika akkamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaaxxina dhimma fookloorii

qaaccessuudha. Yaaxxinni kun kan filatameef duraa duuba sirna raawwii harma hodhaa keessatti wantootni yeroo sana raawwataman faayidaafi haala yaada rimee ergaa duubaa akka qabu ilaalamuu waan qabuufidha.

Qorataanis mata duree “Qaaccessa Adeemsa Sirna Rawwii harma hodhaa” jedhu kana keessatti aadaa hawaasichi itti dhimma ba’u maaliif akka tajaajiluufi maal akka agarsiisu, bu’aa inni hawaasichaaf qabu irratti hundaa’uun yaaxxina kana bu’uureffachuun ergaa isaa qaaccesseera.

Walumaagalatti, fookilooriin tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaallame hiika qabaachuu hindanda`u; qorannoon fookiloorii gama faayidaa isaatiin geggeeffamuu qaba. Akka yaaxina kanaatti, sirni rawwii duudhaan hawaasaa faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun baay'ee murteessadha yaada jedhutuu olaantummaa argata. Gabaabumatti, sirni raawwii duudhaa hawaasaa tajaajila maalii hawaasaaf kenna waan jedhu giddugaleeffachuun kan raawwatamuudha. Kanaaf, qorannoon kunis, sirna raawwii duudhaa hawaasaa keessaa harma-hodhaan hawaasaa Oromootiif maal fayyada yaada jedhu ilaaluun yaaxxina kana bu'uura godhachuun sirna raawwii isaa ibsuuf filatameera.

### 2.7.2. Yaaxxina Haalawaa (Contextual theory)

Akaakuuwwan Fookloorii qorachuuf hayyoonni yaaxxina haalawaa fookloorii akka fayyadaman barreeffamoonni qorannoo ni ibsu. Yaaxxinni kunis yoomessaafi haala kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Bu’uuruma yaaxxina kanaatiin, qoratan adeemsa sirna raawwii harma hodhaa keessatti keessatti maal maaltu akka raawwatu dirree yookiin waltajjii akkeessuun qophaa’e irratti argamuun hirmaattotni eenyuufaa akka ta’e, wantoota sirna raawwii sanaaf barbaachisaan, akkataa duraa duuba isaa, ta’iiwwaan achi keessatti raawwaataman maal akka ibsan akkasumas, maaliif akka raawwaatan keessatti hirmaachuun yaaxxina haalawa kana filachuun sirni raawwii isaa kan xiinxalameera.

## 2.8. Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban sakatta’uun kanneen ibsamanidha. Karaa itti walfakeenyaafi garaagarummaa qorannoowwan gidduu jiru adda baasuuf kan gargaarudha. Kanaafuu, qorannoowwan hanga ammaatti sakatta’amanii

qorannoo kanaan walfakkaatan muraasni kan jiranidha. Isaanis: Inni jalqabaa qorannoon Tseggaa Indaalew (1997) Mataduree “The Oromo of Wanbara: A historical survey to 1910” jedhuudha. Qorannoon kun Duudhaa Oromoo Naannoo Wanbara irratti xiyyeeffate kan dhiyateedha. Qorataan kun duudhaa hawaasaa keessaa harma hodhaa gama faayidaa hawaasaaf qabuun kan dhiyeesseedha. Gama kanaan qorannoon kun akka agarsiisutti harma hodhaan hawaasaa Oromoo Wanbaraa biratti nagaa buusuu, waldhabdee hiikuufi hariiroo umaanii akka waliin jiraataaniif akka tajaajiluu kan ibsuudha. Walfakkeenyi qorannoo kanneen lamanii harma hodhaan faayidaa hawaasaaf kennu keessaa waldhabdee hiikuu, hariirooo uumanii nagaan akka waliin jiraataan kan taasiisuu ta’uu isaa ibsuudha. Qorannoon mataduree ”Qaaccessa Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa”  jedhu kun immoo adeemsa sirna raawwii isaa irratti bu’uureffatee kan dhiyaateedha. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon kun irra caalaatti adeemsi sirna raawwii harma hodhaa akkaataa kamiin akka raawwatamuu dhiyeessuudha. Qorannoon Tseggaa immoo faayidaa harma hodhaan hawaasaaf qabu irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, garaagarummaan qorannoo isaafi qorannoo kanaa yoo ilaallee qorannoon kun Adeemsa sirna raawwii irratti xiyyeeffachuufi faayidaa harma hodhaan hawaasaaf qabu bu’uureeffachuun dhiyaachuu isaaniiti.

Qorannoon lammaffaa, Yaazoo Nugusuu (2016) “Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo” jedhu irratti digrii lammaffaa ittiin guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetti geggeeffame yoo ta’u, xiyyeeffannoon isaa ayyaanni ateetee faayidaa maaliif akka kabajamuu kan addeessuudha. Itti dabalees, adeemsa sirna raawwii ayyaana ateetee xiinxalee kan dhiyeesseedha. Walfakkeenyi qorannoo kanneen lamanii immoo qaacceessa adeemsa sirna raawwii duudhaa keessatti raawwiin tokko duraa duubaa qabaachuufi faayidaa maaliif akka raawwatamuu kan xiinxaluu ta’uu isaaniiti. Qorannoon kun adeemsi sirna raawwii harma hodhaa maal maal akka ta’e xiinxaluu, hirmaattotaafi yoomessa isaallee xiinxala. Garaagarummaan isaanii qorannoon Yaazoo adeemsa sirna raawwii ayyaana ateetee irratti yoo xiyyeeffaatu, qorannoo kun immoo adeemsa sirna raawwii harma hodhaa irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati. Qorannoon kun guutummaan guutuutti waa’ee sirna raawwii harma hodhaa wanti lafa kaa’u jiraachuu baatus alkallattiin odeeffannoo waa’ee sirna raawwii uummatichaa kennuu irratti qorannoo kanaaf bu’uura buuseera.

## BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

### 3. Seensa

Kutaa qorannoo kana keessatti qaaccessa adeemsa sirna raawwii harma hodhaa uummata Oromoo Aanaa Dagam keessatti argamu haala jiru qaaccessuudha. Boqonnaa kana keessatti mata dureewwan hammataman, saxaaxa qorannoo, mala qorannoo, meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanamaniifi mala odeeffannoo qorannichaa qaaccessuu keessatti itti gargaaraman dhiyaataniiru.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun adeemsa sirna raawwii harma hodhaafi wantoota sirna raawwii sanaaf barbaachisan qaaccessuu yoo ta'u, ragaawwan madda adda addaa irraa argaman mala qorannoo akkamtaatti gargaarame kan qaacceffameedha. Malli qorannoo akkamtaa kun qorannoo sirna raawwii harma hodhaa kanaaf ragaawwan karaa garaagaraatiin argaman sakatta'anii qaaceessuuf mijataadha. Sababni qorannoon kun mala akkamtaan fayyadamee odeeffannoo funaannamee sana qorataan jechaan ibsuun qaacceessuu akkasumas, qorataan yeroo odeeffannoo funaannatu raawwii sana keessaatti hirmaachuun qaama qorannoo sanaa ta'uun qorannoo yeroo geeggeessuu yoomessa bu'uureeffachuun (waltajjii nam-tolchee qopheessuun) odeeffannoo guurraate waan qaacceesseefidha.

Xiyyeeffannoon qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaarratti hundaa'a. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa'e saxaxni isaa akkamtaa (qualitative descriptive) kan itti dhimma bahudha. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Adunyaan (2011:63) yommuu ibsu, *"saxaaxi qorannoo waliigala qorannichaa too'ata. Qaama qorannoo sana keessatti argamu akkamitti akka dalagame illee ni to'ata."*

Malli ittiin qulqulleeffatan immoo maloota garaagaraa kan haammate yommuu ta'u kanneen keessaa qorannoo kanaaf mijataa ta'e haalawaa yoo ta'uu, qorannoon kun hawaasa Oromoo Aanaa Dagam irratti kan xiyyeeffateedha. Haata'u malee, qorannoo kana to'aachuuf gandoota Aanaa kana keessa jiraan keessaa filachuun raawwii duudhaa hawaasaa kan ta'e sirna raawwii harmaa hodhaa addeessuuf kan yaalameedha.

### 3.2. Madda Ragaalee

Maddi ragaa dhimma qorannoo tokkoof baay'ee murteessaadha. Akkuma kana Fileen (2016:58) Krishanaswamifi Rangamathem (2004:164) waabeffachuun yommu ibsu,*"Primary sources are orginal sources from which the researcher directly collects data that have not been previsously collected"* jedha. Akka baanuun kun ibsutti, maddi ragaa tokkoffaa odeeffannoo iddattoowwan filataman keessaa kallattiidhaan dirree qorannootti dhiyaachuudhaan ragaa keenya qabachuun raawwii barbaachisan waraabuufi suur-sagaleedhaan odeeffannoo funaannachuudhaan kan argamuudha. Qorannoon kun mata duree "Qaaccassa Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa" jedhu irratti akka ta'e daangaa qorannichaan ibsamee jira. Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kunis madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha. Haaluma kanaan maddi ragaa qorannoo "Qaaccessa Sirna Raawwii Harma Hodha" jedhu akka madda ragaa tokkoffaatti gaafa (Dilbataa 13/02/2013 sa'aatii 8:00) waltajjii akkeessuu sirna raawwii harma hodhaa qophaa'e irratti argamuun daawwadheefi ummata Oromoo Aanaa Dagam gandootaa digdamii shanan jiran keessaa ganda yeroo baay'ee sirni raawwii harma hodhaa keessatti geggeeffamaa turee akkasumas, yeroo dhiyoo keessatti raawwatamee ganda Yaayyaa Haroofi maanguddoota filataman keessaa namoota sirna raawwii harma hodhaa irratti hirmaatanii beekaniifi sirnicha irratti hubannoo gahaa qaban keessaa afgaaffii waliin gaggeesse irra odeeffannoo argameen kan qaacceeffameedha.

Madda ragaa lammaffaan immoo barreeffamoota garaagaraa kanneen waa'ee sirna raawwii harma hodhaatiin wal qabatan akkasumas, dookumentii adda adda sakatta'uun odeeffannoon argameen kan qaacceffameedha.

### 3.3. Mala Filannaa Iddattoofi Mala Iddatteessuu Akkayyoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf qoratan tokko odeeffannoo barbaachisaa ta'e tokko argachuuf mala iddatteessuu garaagaraa fayyadamuu danda'a. Isaan keessaa qorannoo qorataan sun gaggeessuu irratti hundaa'uun hirmaattotaa akkamittuu qorannoo kootiif odeeffannoo gahaa naaf laachuu danda'a kan jedhuu nama qorannoo sana gaggeessatuu filata. Yaada kana Berg (2001:11) akka ibsutti, namni qorannoo tokko gaggeessuu tooftaa kamiyyu fayyadamuun iddattoo filachuu danda'a. Kana jechuun qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa kan ka'e kanneen ragaa irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Gama biraatiin immoo

iddattoo filachuun kan barbaachiseef ragaan iddattoo sanarraa argamu akka gaariitti hawaasa naannichaa bakka kan bu'uufi odeeffannoo barbaaddamee sanarratti haala gaarii akka ibsaniif gargaara. Yaaduma kana deeggaruun Cres Well, (2012:145) akka ibsutti "*Non probability sampling the researcher selects individuals because they are available convient and represent some characteristic the investigator seeks to study.*" Kana jechuun iddatteessun miti carraa kan qorataan ofiisaatii filatu kanneen filataman sun odeeffannoo barbaachisaafi amala warra kaanii bakka bu'a jechuudha.

Kanuma bu'uura godhaachuun qorannoo kana keessatti qorataan kaayyoo qorannoo isaa galmaan ga'uuf hirmaattota qorannichaaf isa tajaajilaan kan filate mala iddatteessuu miti carraati. Sababni isaas, namoota dhimma sana irratti oddeeffannoo barbaaddamu sana kennuu danda'aniifi hubannoo sirna raawwii harma hodhaa irratti qaban keessa filachuun odeeffannooo kan funaannateedha. Akkasumas, odeef kennitootaa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannaa waa'ee sirna raawwii harma hodhaa manguddootaafi namoota naannoo qorannichi irratti gaggeeffame keessaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu danda'an kan filateedha. Iddattoon kunis qaaccessa adeemsa sirna raawwii harma hodhaa ummata Oromoo Aanaa Dagam Godina Shawaa Kaabaa keessa jiraatan namoota waa'ee duudhaa kanaa irratti hirmataaniifi manguddoota hubannoo qaban irraa kan odeeffatameedha.

Ragaan sirna raawwii harma hodhaa sassaabame kunis mala iddatteessuu miti carraa qorataan itti fayyadame keessaa iddatteessuu akkayyooti. Cres well, (2012:206) "*Purposive sampling, the researcher select people or sites who can best help us understand our phenomenon.*" Itti dabaluun yaada kana Addunyaan (2011:67) yoo ibsu, "*Iddatteessuun akkayyoo (purposive sampling) akaakuu iddatteessuu miti carraa kan namoonni gaggeessan beekumsa dhimmicharratti qaban irraa ka'anii kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'an murteessaan ilaallataa*" Jedha. Kaayyoon Qorataan kun mala akkayyoo kana fayyadames kaayyoo qorannoo koo kana galmaan gahuf namoota dhimmicharratti beekumsa aadaa, seenaafi duudhaa akkasumas, dhimma raawwii harma hodhaa irratti hubannoo isaa qaban hirmaachisuun odeeffannoo gahaa argachuu waan danda'uufidha. Namoonni kunneen kaayyoo qorannichaaf filataman sana galmaan gahuuf kan gaggeeffameedha.

### 3.4. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Sababa kanaaf, qoratichi meeshaalee funaanasa odeeffannoo armaan gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabtee jira. Meeshaalee funaansa odeeffannoo kunneen: Afgaaffii, Daawwannaafi Marii gareetti kan dhimma bahameedha. Sababiin isaas qorannichi sirna raawwii irratti waan xiyyeeffatuuf, kallattiinis ta'e alkallattiin namoota sirna kana keessaatti hirmaataniifi waa'ee duudhaa kanaa sirritti beekaan gaaffii afaanii dhiyeesssuun odeeffannoo haala kanaan argachuun rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicharratti hirmaataniifi hubannoo qaban gareen mariisiisuun dhiheessuun ragaa funannamee qaacceeffameedha. Akkasumas, waltajjii namtolchee qopheessuun raawwiin sirnichaa maal akka fakkaatuufi raawwii sirnichaaf maal maaltu akka barbaachisuu daawwachuun kan qaacceeffameedha. Gareedhaaf af-gaaffiin kan barbaachiseef immoo hubannoo wanticha irratti qaban akka waliin mar'atanii yaada waliigalaa irratti odeeffannoo qabatamaafi gahaa ta'e akka argamufidha.

#### 3.4.1. Af-gaaffii

Afgaaffiin akaakuwwan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odimaan fuulleetti walarganii odeeffannoon irraa walitti qabamudha. Yaada kana Dastaa (2013:111) akka ibsutti, *"odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii isa taasisu qorataa yookaan qorattuun gaaffii dhiyaatu sirriitti ifa gochuun ibsuufi odeeffannoo kennaan gaafachuu danda'uu isaati."* Adeemsi afgaaffiin ittiin adeemsifame kunis gaaffii banamaa filannoo hinqabne waa'ee aadaa sirna raawwii harma hodhaa namoota aadaa naannichaa beekan odeeffannoo gahaa ta'ee bifa afgaaaffiin dhiyaateera.

> *Interview is anatural and socially acceptable way of collecting information that most people feel confortable with and which can be used in verifying situations and which can be used in verifying situations and in focusing on diverse topics to yield in depth data. Donyei, (2005:18)*

Odeeffannoon bifa afgaaffiin guurrame kunis aadaan sirna raawwii harma hodhaa godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam qaacceffamee jira. Bifa afgaaffiin ittiin dhiyaate deebii gahaa argateen seenaa dhugaa dhalootaa dhalootatti daddabarsuu akka ibsan namoota filatamanii

gaafatamaniin gaggeeffameera. Afgaaffiin kunis gaaffii banamaa ykn gaaffii filannoo hinqabne (open-ended questions) gaafatamtootaaf qorataan dhiyeesseera. Namoonni afgaaffii irratti hirmaatan lakkoofsan kudha afur (14) kan ta'aniidha. Namoonni afgaaffiidhaaf filataman kunniinis jaarsoliifi dubartoota. Afgaaffiin kun immoo jaarsolii kudha lamaaf (12)fi dubartoota lamaaf (2) waliigaan namootaa kudha afuriif (14) kan dhiyaate. Gaaffiin odeef kennitoota kanaaf dhiyaatees akkaataa sadarkaa isaaniin deebii isaan deebisan qorataan jecha isaanii yaadannoo qabachuun duraa duubummaa isaa qindeessee, bifa barreeffamaan qaaccessee dhalootaa gara dhalootaatti akka darbuuf kaayeera.

### 3.4.2. Daawwannaa

Daawwannaan mala ragaa funaanuuf fayyadan keessaa isa tokko yoo ta'u, mala kanaan bakka qorannaatti argamuun qabatamaan waan jiru irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Kaayyoon daawwannaa deebii odeef kennitoonni afgaaffiiniifi marii garee deebisanii mirkaneessuudha. Dastaa (2013:34) "*Wanti namni hojjetu kan dubbatu irraa adda ta'uu waan danda'uuf daawwannaan fudhatamummaafi amansiisummaa qorannichaa dabaluu danda'a."* Akkasumas, Cres Well, (2012:213) *"Observation advantages include the opportunity to record information as it occurs in setting."* Tooftaa kanaan dhimma qorannoo kana waliin walitti hidhatinsa qabu waan barbaadame ittiin guutamu dursee qopheessuun akkaataa sirnichi itti gaggeeffamu irratti argamuun yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Qorannoon kun yeroo gaggeeffamutti Waltajjiin umamaa yeroo barbaadame kanatti waan hin argamneef, qoratan waltajjiin nam tolchee qophaa'e irratti qaaman argamuun raawwiifi haala raawwii sirnicha keessa jiru daawwachuun yaadannoofi mobaayilaan waraabbachuun iddoo ifa hintaanetti gaafachuun maal akka ta'e boqonnaa itti aanu keessatti akkaataa barbaachisaa ta'een qaacceffamuu yaalamaniiru.

Qorataan kunis, yoomessa nam-tolchee (akkeessuudhaan (artificial setting) uumuun gaafa (Dilbataa 13/02/2014 sa'aatii 8:00) irratti ganda Yaayyaa Haroo keessatti qophaa'e irratti argamuun yaadannoo qabachuun, suuraa kaasuufi sagalee waraabuun akkasumas, kanaan waraabe immoo barreeffamatti jijjiiree qaaccesseera. Sababa daawwannaan kun filatameefis raawwii sana keessatti wanti afgaaffiin namatti hin himamnee waan jiruufi, wanti afaaniin namatti himamuu dagatamuu waan danda'uuf raawwii sana irratti argamee ilaaluu wanti qaacceffamu waan jiruufidha. Kana jechuun immoo waan gurraan dhaga'anirra kan ijaan

arganitu caalaa qabatamaadha. Akkasumas, wantoota sirna raawwii sanaaf barbaachisan suuraawwan sirna raawwii sana irratti argaman kaasuun akka madda ragaaf ta'utti walitti qabamee jira.

### 3.4.3. Marii Garee

Meeshaalee qorataan fayyadamuun odeeffannoo ittiin sassaabate keessaa tokko marii garee xiyyeeffatamaadha. Neuman (2007:43) yoo ibsu "*focus groups discussion useful for exploring ideas and obtaining in depth information about how people think about an issue*" Jedha. Itti dabalees, Kotheri (2004:98) Marii garee yoo ibsu, *"Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the responden."* jechuun kaa'a. Yeroo marii garee xiyyeeffannoo kanas ragaa funaanamu keessatti sirnoota darban keessaatti sirni raawwii harma hodhaa keessatti hirmaachaa warra tureefi raawwii isaa kanneen gaggeessan waan ta'aniif ibsa akka kennan ta'eera. Kana bu'uura godhachuun marii garee kana adeemsisuuf of eeggannoo qorataan taasise keessaa; adeemsa marii garee sanaaf gaaffii dhiyeessuu, mariin taasifame dhimma ijoo sana keessaa akka hin banee hordofuu, hirmattonni hundi yaada laachuu isaanii hordofuu, hirmaattonni marichaa tokko tokko akka isaan dhuunfaasaanitti hin hoogganne hordofuu, hirmaattonni yaada ifa ta'e kennuu akka qaban gochuu danda'uu qaba.

Marii garee xiyyeeffatamaa kanarratti akkaataan gurmaa'ina garichaas namoota sirna raawii harma hodhaa raawachisuu keessatti muuxannoo qaban akkasumas, namoota sirna raawwii harma hodhaa kanaan dura ofii isaanitii raaawwatanii turan garee lamatti gurmeessuun 'A' fi 'B' jechuun waliigala namootni kudha shan (15) marii kanaaf dhiyaataniru. Gareen 'A' miseensa nama torbaa (7) kan hirmaachisee akkasumas, miseensi garee 'B' nama saddeet (8) kan harmaachisee yoo ta'u, yaadota walfalmii qaban gareef dhiyeessuun akka irratti wali galaaniif yaadamee kan dhiyaatedha. Gaaffileen akka bu'uuratti marii garee kanaaf dhiyaate banaa ta'an shan (5) dhiyeessuun odeeffannoo funaannatee qaaccesseera. Qoratan kunis garee kanneen laman yeroo lama lama yoo ta'uu, yoomeessi mariin garee itti geggeeffame kunis, namoota kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu danda'an dursee adda baafachuun marii garee "A" beellama duraa gaafa (21/07/2013 sa'aatii 9:00) akkasumas, beellama yeroo lammaffaa gaafa (07/08/2013 sa'aatii 5:00) yoo ta'u, marii garee "B" immoo beellama gaafa (24/07/2013 sa'aatii 4:00)fi beellamni itti aanuu gaafa (05/08/13 sa'aatii 5:00) irratti walargun marii garee

kana irratti argamun garee lamaan irraa ragaa barbaachisuu funaannachuun mallattoo adda addaatti qooduun gara barreeffamaatti qaaccesseera.

### 3.5. Naamusa Ogummaa Qorannoo

Qorataan kamiyyuu adeemsa ittiin abbaa dhimmichaatti dhiyaachuun waan barbaadan sana irraa argachuun danda'amu beekuun barbaachisaadha. Fileen (2016:69) yoo ibsu, *"hojii qorannoo adda addaa keessatti, sakkoowwan (naamusa) adda addaa kabajuufi of eeggannoo kennuun bu'aalee qorannoo sanaaf daran murteessaadha"*Jedha. Qorataan haaluma kana bu'uura godhachuun qorannoo kana yeroo geggeessa turetti yeroo hawaasa sana bira deemu akka isaaniitti yaaduufi buluun isaan fakkaatee argamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e argatee jira. Kun immoo qulqullina qorannichaaf murteessaadha. Gama biraatiin, hawaasa sanaan walfakkaatanii akka aadaa isaanitti waliin jiraachuufi raawwachuun safuu hawaasichaa eegaa itti deemuudha. Qorataan kunis qophii sirnicha irratti argamuun waan waraabbachuufi suuraa kaasuun dhoowwaa ta'e irraa of eeguun hawaasaaf amanamee jira. Garuu, bakka itti walii galetti immoo suura kaasuun suurichi maaliif akka oolu dursa itti himuudhaan fedhii qabaachuu isaanii addaan baafatee booda fudhachuun hojii qorannoo kanaaf oolcheera. Itti dabalees, adeemsa kanaa qorataanis hawaasa sana keessatti waan guddateef haala uffannaa, safuu, aadaa hawaasaa, amantii, jechoota salfiifi kabaja addaan baasee wanta hubate beekuuf namuusa ogummaa eegee haaluma gaariin walii galuun qorannichi adeemsifameera

## BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

### 4. Maalummaa Harma Hodhaa

Sabni kamiyyuu duudhaa mataa isaa kan eenyummaa isaa ibsuu danda'u qaba. Duudhaawwan kunis sirnoota adda addaa ittiin raawwatamaniifi adeemsifamuu danda'an niqabu. Sirnoota seera mataa isaanii qabaachuun hawaasa keessatti raawwataman keessaa inni tokko sirna raawwii harma hodhaati. Akka (Anbassaa Addunyaa 08/08/2013) afgaaffii geggeeffamerratti Harma hodhaa jechuun "Harma hodhaan sirna duudhaa Oromoo keessaa tokko ta'ee, kan namni tokko maatii isaatiin ala akka hidda dhaloota isaatti hariiroo uumuun waliin jiraachuu barbaadee harma hodhu jechuudha" jechuun dubbatu. Kana jechuun immoo adeemsa namni tokko nama biroo akka haadhaafi abbaa godhachuun hawaasa keessaa nama jaalatee barbaadee sirna kanaan harma hodhuun kan waliin jireenya hawaasumma geggeessu jechuudha. Gama biraatiin, odhimaan (Katamaa Anbassaa 09/07/2013) yaaduma kana deeggaruun "Harma hodhaan adeemsa namni tokko jiruufi jireenya hawaasaa keessatti hariiroo cimaa uumee jaalalaan waliin jiraatan" jechuun dubbatu.

Gama biraatiin, sirni raawwii harma hodhaa adeemsa hariiroo hawaasummaa uumuu ta'ee, kan wal utubbiin dinagdee keessaatti mul'atudha jechuun ibsu. Kun immoo namni harma hodhame sun nama harma hodhee sanaa akka ilmoo isaatti deeggaruun kan jajjabeessudha. Itti dabalees, manguddoon kun akka jedhanitti, "Akka aadaa Oromootti namni harma hodhe kun namicha harma hodheefi firoottan isaan hunda akka firaatti ilaaluun kabajaafi jaalalaan kan waliin jiraataniidha" jechuun lafa kaa'u. Akkasumas, tajaajila ilmoon maatiidhaaf taasisuu akka maatii isaatti kan raawwatuufidha. Warri harma hodhamanis akkuma ilmoo isaaniitti ilaaluun wanta inni rakkateen kan cinaa dhaabbataniidha. Ammallee maatiin namicha harma hodhameefi firoottan isaa hundi isaanii akka hidda dhiigaatti namichaa ilaaluun gargaarsa barbaachisaa ta'e kan raawwataniif jechuun dubbatu.



*Suuraa [2]: Namoota afgaaffii garee 'A' keessatti hirmaachuun gaafa (21/07/2013) odeeffannoo kennan*

### 4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa Hawaasa Oromoo aanaa Dagam

Raawwiin kamiyyuu yeroo raawwatu adeemsa mataa isaa qaba. Akkuma kana sirna raawwii harma hodhaa gaggeessuuf adeemsa armaan gadii keessa darba. Adeemsa Sirna Raawwii harma hodhaa ummata Oromoo Aanaa Dagam ilaalchisee hirmaattonni marii garee "A" (Dabalee Addunyaa, Galataa Tolaafi Buttaa Baqqalaa gaafa 21/07/2013) fi marii garee "B" (Katamaa Anbassaa, Tolasaa Tulluufi Hurrisaa Tulluu gaafa 07/08/2013) yaadasaanii akka waliigalaatti kennan irraa kan akka hubatamutti namoonni harma hodhaa gaggeessaniifi jaarsoliin sirna sana keessatti hirmaatan sirnicha dura; sirnicha irratti; sirnichaan booda wantoota raawwatan ni qabu. Haaluma kanaan kutaa kana keessatti ragaa odkennitootaa irratti hundaa'uun sirnichaan dura wantoonni maatii gama laman irraa maanguddootan raawwatamuu qaban duraa duubaan qaacceffamanii dhiyaataniiru. Akka odef-kennitoota marii garee 'A' jedhanitti, namni harma hodha raawwachuu barbaadde tokko sirna raawwii harma hodhaa gaggeessuun dura wantoota raawwataman keessaa kan inni gochuu qabu tokko maatii harma hodhu sana filachuudha.

### 4.1.1. Maatii Harma Hodhan Filachuu

Akka odkennitonni mariin gareen ‘A’ (Dabalee Addunyaafi Galataa Tolaa 21/07/2013) jedhanitti, Harma hodhaa raawwachuuf adeemsi jalqabaa maatii harma hodhaan sana filachuudha jedhu. Akka hirmaattotni marii garee kanaa jedhanitti namoonni harma wal hodhuu barbaadan dursa amala maatii harma hodhuu barbaadan sana ulaagaa adda addaatiin qorachuun hawaasa naannoo isaa jiraatu biraatti hangam fudhatama akka qabu firoottaniifi maatii isaatiin kan mar’atuudha. Akka odkennitoonni marii garee kunneen jedhanitti, sababni filannoo kanaa immoo firummaa barbaaddameef sanaf ooluu akka danda’uu addaan baafachuuf jechuun addeessuu. Akkasumas, sirna raawwii harma hodhaa irratti odeeffannoo qorataaf kennaniin maatiin ulaagaalee adda addaatiin madaalee nama harma hodhuuf deeman sana irratti erga waliigalanii booda maatii sanatti jaarsolii akka itti ergamu himu. Maatiin kun kan filataman maatii warra harma hoosisuu barbaaduutu waliin mar’atee filata. Maatiii harmaa hodhaaf filataman kunis ulaagaalee adda addaa irratti hundaa’ee filatamuu danda’u jechuun lafa kaa’u.



*Suuraa [3]: Namoota afgaaffii garee “B” keessatti hirmaachuun gaafa (07/08/2013) oddeeffannoo kennan.*

### 4.1.2. Ulaagaaleen Maatiin Harma Hodhaman Ittiin Filataman

Aadaa hawaasaa keessatti raawwiin tokko yeroo raawwatamuu waan baay’eetuu ulaagaalee adda addaatiin filatama. Wantootni filataman kunneen immoo yeroo raawwii sanaa, milkii adda addaa, wantoota raawwii sanaaf barbaachisan, hirmaattotaa raawwii sanaa akkasumas nama sirna raawwii sana waliin geggeessaan ta’uu mala. Akkuma kana sirna raawwii harma hodhaa geggeessuuf hojiin jalqabaa nama sirna harma hodhaa waliin raawwatan filachuudha. Ulaagaleen filannoo keessaa muurasni isaanii akka armaan gaditti ibsamanii jiru.

#### 4.1.2.1. Jaalatamummaa Qabaachuu

Akka odkennan (Girmaa Shawaa 07/08/2013) jedhanitti, namichi harma hodhaaf filatamu kan hawaasaafi ollaa isaa biratti jaalatamaafi fudhatamummaa qabu ta’uu qaba jedhu. Akka yaada nama kanaa irraa hubatamutti, hariiroo hawaasaa uumee namootan jaalatamuun isaa immoo nama baay’ee jaalachuu, nama waliin waldhabdee kan hin qabne ta’uu isaa akkasumas, hariiroo cimaa nama waliin uumuuf kan jaalatamu ta’uu isaati.

#### 4.1.2.2. Beekkamtii Qabaachuu

Akka odhiman (Suyyumee Damisee 02/08/2013) jedhanitti, namni harma hodhaaf barbaaddamu hawaasa keessa jiraatu keessaatti karaalee adda addaatiin hirmaannaaa cimaa qabaachuu namoota biratti dhaggeettiifi beekkamtii addaa kan qabuudha. Akka yaadaa kanarraa hubatamutti, dhaggeettiifi beekkamtii qabaachuun namicha kana namicha harma hodhu sanaaf rakkoo isa muudachuu maluuf gaachaana ta’ee bira kan dhaabbatu ta’uu isaa kan agarsiisuudha.

#### 4.1.2.3. Beekumsa Dubbii Qabaachuu

Nama dubbii beekuu harma hodhaaf filachuun kan barbaachiseef jedhu, odhiman (Tashoomaa Seefuu 02/08/2013) dubbii beekuun waldhabdee uumame tokko furuus ta’ee beekumsa muuxannoo jireenyaa waan qabuuf waan kaleessaa ta’eefi boruu ta’u waan beekuuf namicha harma hodhee kana akka dhala isaatti ilaaluun bifa gorsaan ta’e bifa biroon deeggaruun akka inni jireenyaa isaa haalaan gaggeeffatu kan gargaaruudha jechuun himu. Kanarraa wanti hubatamuu, namni harme hodhe kun rakkoon yoo isa qunnameef gababumatti dubbii nama kanaaf fixuun rakkoo isaa irra bararuu kan agarsiisuudha.

#### 4.1.2.4. Aangoo Qabaachuu

Akka hirmaattootni marii garee 'B' (Hurrisaa Tulluufi Milkeessaa Daadhii 09/08/2013) jedhanitti**,** namni harma hodhaaf barbaachisu nama aangoo qabu ta'uun barbaachisaadha jedhu. Namni aangoo qabu karaalee adda addaan akkuma nama miidhu nama gargaaruus danda'a jechuun dubbatu. Akkasumas, nama aangoo qabu namni hundi ni kabaja; dhaggeetti hawaasaas ni qabata. Yaadaa kanarraa kan hubatamuu, aangoo qabaachuun isaa walitti dhufeenya hawaasummaa uumuu keessatti gahee olaanaa qaba. Namni walitti dhufeenya hawasummaa qabu immoo waan barbaadee argachuu keessatti carraa qaba. Akkuma kana namichi harma hodhee kun karaa namicha aangoo qabu kanaan hawaasa waliin walitti hidhata godhachuu hawaasummaa uumee jiraata jechuudha. Akka kanaan jiraachuun isaa immoo deeggarsa barbaachisaa ta'ee gama hawaasa sanaatiin ni argata jechuudha. Itti dabalees, namicha aangoo qabu kanarraa waan jireenya keessatti isa barbaachisu argachuu ni danda'a jechuudha.

#### 4.1.2.5. Gosa Baay'ee Qabaachuu

Gosa baay'ee qabaachuun namichaa isa harma hodhe sana akka dhala isaatti waan ilaalamuuf firootni isaa hunduu rakkoo isa qunnamee jiruuf bira dhaabbachuu kan danda'aniidha. Akka hirmaattotni afgaaffii (Gabbisaa Ida'eefi Tasfaayee Tashoomaa 08/10/2013) jedhanitti, gosa baay'ee qabaachuun namicha harma hodhe sanaa irraa roorroo ittisuuf kan gargaaruudha jedhu. Kana jechuun akka carraa ta'ee namni harma hodhe kun gosti isaa iddoo inni jiru kanaa jiraachuu dhiisuu waan malaniif gosa namichaa kana waliin akka fira dhiigaatti waliin jiraachuun ni danda'u jechuun dubbatu. Yaadaa isaanii kanarra kan hubatamu, yeroo rakkoo gaachana walii ta'uun waliin jiraatu jechuudha.

#### 4.1.2.6. Qabeenya Qabaachuu

Akka odhimaa (Girmaa Shawaa 04/08/2013) himanitti, Yeroo durii irra caalaa sirni raawwii harma hodhaa kun kan gaggeeffamuuf deeggarsa dinagdeef akka ta'e dubbatu. Yaada isaanii kanarraa akka hubatamutti, rakkoon qabeenyaa yoo jiraate sirna harma hodhaa kana akka geggeessaan kan agarsiisuudha. Gama biraan rakkoo dinagdee furuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa mul'isa. Kana jechuun namni harma hodhuuf deemuu sun harka qalleessa ta'ee yoo rakkate namichi harma hodhaaf filatame sun qabeenya qabun namicha harma hodhe kanaaf deeggarsa kara dingdeetiin taasiisaaf jechuudha.

#### 4.1.2.7. Gootummaa Qabaachuu

Gootummaa qabachuun namichaa kun immoo gootummaa isaa qofa osoo hin taane gootummaa gosa hunda kan waamsiisudha. Hawaasa keessatti dabeessi hin jaalatamu. Kanaaf, nama hawaasa keessatti gotummaa qabu filachuun harma hodhu. Sanyii warra abbaa abaaluu jechuun dhaaddatu**.** Gootummaan namichaa kun immoo yoo namichi harma hodhe sun cunqursaafi hacuccaa diinaa qabaate gaachaana ta'ee kan bira dhaabbatudha**.** (Maddii Galataa Tolaa 02/09/2013)

#### 4.1.2.8. Maatiin Hariiroo Qabaachuu

Akka odkennaan (Dabaleen Addunyaa 10/09/2013) jedhanitti, yeroo amma kanaa namichi harma hodhaaf barbaadamu duraa maatii harma hodhuuf deemuu kana waliin hariiroo hariiroo cimaa yoo qabatan akka dhalootni haaraan walitti dhufee waliin jiraatan yoo barbaada kan waliin raawwataniidha jechuun himu. Akka yaada kanatti, maatiin ijoollee harma wal hodhanii duraan hariiroo gaarii yoo qabatan gara fuulduraatti akka hariiroon isaanii cimee ijoolleen isaanis waliin jiraataan kan taasiisuudha.

Dabalatanis, namichi harma hodhaaf filatamu sun qabeenya qabaachuun ulaagaa filannoo keessa waan jiruuf, kun immoo kan yaaddameef namni harma hodhu sun harka qalleessa ta'ee yoo rakkate gargaaruu danda'aa jechuun ibsu. Walumaagalatti, ulaagaaleen namichi harma hodhaaf filatamu kanneen armaan olii kana dirqama guutuu qabuu jechuu miti jedhu. Akka carraa ta'ee ulaagaalee kana hunda guutuu ni danda'a. Garuu ulaagalee kanneen keessaa muraasaa isaa guutee yoo argame harma hodhaaf kan filatamudha.



*Suuraa [4]: Qorataan yeroo afgaaffiin maanguddoo irraa gaafa (12/07/2013) odeeffatu kan agarsiisu.*

### 4.1.3. Maatii Filatametti Maanguddoota Erguu

Akka maanguddootni marii garee ‘A’ fi ‘B’ irratti hirmaatan (HurrisaaTulluu, Tolasaa Tulluu Dabalee Addunyaa 08/08/2013) jedhanitti, maanguddootni gaafa guyyaa jalqabaa maatii harma hodhaaf filatameetti ergaman hanga maatii harma hodhaaf barbaadaman bira gahanitti milkii adda adda ilaallachaa deemu jedhu. Milkii kunis waan akka bishaan duwwaa itti dhufuu, adureen gurraatiin qaxxamuruu ilaalachaa adeemu. Akka yaadaa marii garee kana irra hubatamutti, yeroo dhimma duudhaa hawaasaa kanaaf adeeman milkii gaariifi yaaraa ilaallachaa akka deeman kan namatti agarsiisuudha. Akka maanguddootni jedhanitti milkiin kun garuu maatiin kun tarii dhimmaaf deemanii manaa dhabaminnuu yookiin immoo balaan taasaa naannoo sana jiraatinnaadha malee nu diddaniif miti jechuun ibsu. Akka aadaa duudhaa Oromootti firummaaf namni marga jiidhaa qabatee namaatti dhufee hin diddaan jechuun dubbatu. Guyyaa guutuu filachuun gara maatii filatamee deeman ganama subiin ka’anii jaarsolee oollaafi fira aantee waamatanii waliin deemuu. Ganama subiin ka’anii deemun kun immoo imaltuu isaanii ganamaan deemanii gara hojii isaanitti yeroon deebi’uufi. Yaada kanarraa wanti hubatamu maanguddoonni biyyaa sirna raawwii kana keessatti ga’ee olaanaa

qabaachuu isaaniiti. Galma ga’insa sirnichaaf gumaacha guddaa gochuun kan haala mijeessu maanguddoota. Guyyoota sirni kun itti raawwatamus adda baasanii murteessuu irrattis gahee isaan qaban salphaa miti. Walumaagalatti, adeemsa sirna raawwii harma hodhaa gaggeessuu keessatti maatii lamaan walitti fiduuf gahee maanguddoonni sirnichaan dura taphatan murteessaa akka ta’e kan nu hubachiisuudha.

Guyyaan isaan sirna kanaaf deeman kunis guyyaa hunda miti. Kana jechuun guyyoota torbanii jiran keessaa filatanii deemuu jechuudha. Akka aadaa Oromootti, guyyoota torbanii keessaa guyyaan sirna duudhaa itti raawwatamuu murteessadha. Guyyootni kun immoo guyyoota torbanii jiran keessaa guyyaa guutuu jedhamanii ilaalamu. Guyyaan kun guyyaa gaaffiin harma hodhaa maatii filatamaniif itti dhiyaatu waan ta’eef, jaarsoleen maatii namicha harma hoosisuuf deemuu waliin dhaqanii dhiyeessaaniidha. Sababiin isaas, hawaasa naannoo sana biratti sirni raawwii harma hodhaa guyyaa guutuu kan raawwatamuudha. Guyyoonni kunis guyyoota guutuudha. Guyyootni kun akka milkii gaarii qabu jedhamanii ilaalamu. Yeroo baay’ee guyyootni sirni kun itti raawwataman kunnenis: Dilbata, Kibxataafi Kamisadha. Guyyoonni kun akka waan gaarii, carraa gaarii ta’eetti ilaalama. Kanarraa ka’uun hawaasni naannichaa guyyoota sirna raawwii harma hodhaa itti raawwatu ni filata jechuudha. Marii garee’ B’ (Hurrisaa Tulluufi Milkeessaa Daadhii 01/09/2013)

Jalqaba duraa wantoota jaarsoleen qabatanii deeman keessaa meeshaalee aadaa duudhaa Oromoo kanneen akka eeboo, alangaafi uffata aadaa uffatanii deemu jedhu. Guyyaa kana wantootni isaan qabataniifi uffatanii deeman kun kabajaafi ulfina guddaa waan agarsiisuuf akka milkaa’inaattillee isaan garagaara jedhu. Akka yaada marii garee kanaa irra hubatamutti, wantootni guyyaa sana qabatanii deeman milka’inaa sirna kanaatiif gahee guddaa qaba jechuudha. Inni biroon jaarsoleen akka bu’uuratti ilaaluun wanti dhimmaa kanaaf qabatanii deeman keesaa marga jiidhaadha. Akka ilaalcha duudhaa Oromootti, margi bakka guddaa qaba; margi jiidhaa; badhaadhinas jechuun himu. Akka yaada hirmaattota kanatti, namni margaan mana namaa dhufee waa dhabee hin galu jechuun ibsu. Kanaaf hawaasni Oromoo kabaja margaaf qabu irraan kan ka’e, namootni yeroo sirna kanaaf jalqaba mana maatii harma hodhaaf filatamee deeman qabatanii kan deemaniifi yeroo raawwii sirnaa kan dhimma itti bahaniidha.

Odkennaan marii garee ‘B’ (Galataa Tolaaa gaafa 22/08/2013) jedhanitti, inni lammataa immoo mijuudha. Akka aadaa duudhaa Oromootti, mijuun raawwii sirna duudhaa tokko keessaa kan hin hafneedha jechuun dubbatu. Mijuun dhimma kanaaf jaarsoleen qabatanii deemaan immoo tokko aannanii jechuun ibsa. Akka yaada kanatti, aannan Oromoo biratti, kabajaafi jalaala waan qabuuf akka mijuutti qabatanii deemu jechuudha. Annaan kun immoo kan agarsiisuu warri firoomaaf walitti deeman kunneen akka aannan yeroo dhugaan nama qabaeessuu wal qabanneessa, annaaniifi garaa walitti ta’aa jechuu bakka bu’a jechudha. Akka carraa ta’ee namni waa’ee aadaa kabajaafi jaalala annanii kanaaf hubannoo hin qabne yoo harma hodhaa kana geggeessuu waan Oromoon kabajuufi jaalatu kana qoratee fudhatee deema jechuun dubbata. Yaada kanarraa akka hubannutti, namni Oromoo hin taanee nama Oromoo ta’e tokko harma hodhuu akka danda’u nu hubachisa. Akka maanguddoon kun jedhanitti, Yeroo ammaa kana immoo mijuun kun aannan irraa gara dhugaatii alkooliitti jijjiiramee kan dhimmicha ittiin geggeeffachaa kan jiraniidha jechuun dubbatu. Gostii dhugaatii kanaas, araqee ta’uu isaa dubbatu.

Akka odkennitoonni marii garee ‘A’ fi ‘B’ himanitti, jaarsoleen gaafa guyyaa maatii harma hodhaaf filatamee ganamaan qe’ee isaanii gahaniin maatii isaanii dubbisuun gara mooraa isaanitti olseenu. Achiin boodaa maatiin warra Sanaa itti gadi bahuun jaarsolee kanneen gara manatti olseenaa jechuun kabajan simatu jechuun himu. Akkuma olseenaanii xiqqoo ishee taa’aniin boodaa jaarsoleen ol ka’anii maanguddoota mana jiran sanaaf gaaffii akka jedhu dhiyyeessu. Gaaffiin isaanii kunis,

Ilmaan siniif ta’aa

Abbaa naaf ta’aa (3x)

Haadhaa manaa teen haadha godhaa

Haadhaa naaf ta’ii (3x) jedhe/jette abaaluu abaaluu jechuun dhimma dhufaaniif itti himu. Abbaan manaa harma hodhaaf bira deemaniifi jaarsoleen isa waliin jiran erga dhimma isaan dhufaniif hubateen boodaa jaarsolee kabajaan teesisa. Akka yaada jaarsolee kanneen irra hubannutti, sirna raawwii harma hodhaan dura gama jaarsoleen wantootni raawwataman akka jiran hubanna. Sirna raawwii harma hodhaa geggeessun dura jaarsoliin walii galuu akka qabaniifi beellama qabatanii akka walitti deebi’an nu hubachisaa. Erga jecha kana dubbatanii

ta'anii jaarsolee keessa namni muraasni ka'anii waan qabatanii dhufan abbaa manaa sana jala ka'u jechuun dubbatu. Inni kunis, mijuufi irreessa marga jiidhaa sirna sanaaf qabatanii dhufaaniidha. Akka yaadaa kanarra hubannutti, wantootni sirna raawwii harma hodhaa kana osoo hin gaggeessin dura maanguddootni akka hoodaafi safuutti qabatanii deeman jiraachu isaati. Jaarsoleen kun namicha harma hodhuuf deemaniifi maanguddoota namicha waliin jiraaniif marga jiidhaa dabaree dabareedhaan harkatti kennuufin harka isaanii dhungataanii kanneen hafe ammoo miseensa maatii mana sana jiruuf akkuma kanaan hiruf jechuun dubbatu. Mijuu dhiyaate sana immoo warri manaa akka buusanii waliin unataniif abbaan manaa sun maatii keessaa nama tokko ajajee akka dhugamuu taasisa.

Akka odkennitoonni marii garee 'A'fi marii garee 'B' jedhanitti, guyyaa beellamaa beellamatanii galuu danda'u. Garuu guyyaa beellama qophii sirna kana itti himamus himamuu dhiisuus danda'aa. Sababni isaa qophii kun bal'aa yoo ta'ee, wantootni qophii kanaaf barbaachisaan yeroo dheeraa fudhachuu waan danda'uuf akkasumas maatii sana gammachiisuu yoo barbaadee qophii bal'aa taasisee isaan eeguu waan fedhuuf miseensa maatii isaa waliin mar'aatee itti hima jechuudha. Guyyaa beellama kanas irra jirreessa kan murteessuu danda'uu maatii harma hodhamu sana.

Guyyaan beellamaa kun yoo gaafa sana itti himame malee qophiif beellamaa qabachuuf jaarsoleen guyyaa tokko ni deebi'u jechuun himu. Maatii harma hodhamuuf deeman kunis guyyaa beellama sirna qophii hin qabneef waan ta'eef lammaffaa dhufaatii ni eeguu. Xumurra irratti, Warri manaa affeeraa isaanii waan manni qabuu isaaniif dhiyeessuun maaddii waliin cabsatanii muudaa muudanii gaggeessu jedhu. Akka yaada kana irra hubatamutti, muudaa muudachuufi maaddii waliin cabsachuun isaanii kun dhimma dhufaniif sana milkaa'anii galuu isaanii muli'sa jechuudha**.**

### 4.1.4. Qophii Sirna Raawwii Harma Hodhaaf Barbaachisan

Akka odhiman afgaaffiin (Tasfayee Tashoomaa 04/07/2013) jedhanitti, akkuma sirni raawwii kamiyyuu yeroo gaggeeffamu qophiilee garaagaraa qabu, sirna raawwii harma hodhaa raawwachuuf qophiileen barbaachisan ni jira jechuun himu. Qophiileen sirna raawwii kanaaf barbaachisan kunneenis gama maatii lamaaniin kan qophaa'aniidha jechuun dubbatu.

#### 4.1.4.1. Qophii Maatii Harma Hodhaaf Deeman Irraa Barbaachisu

Akka odefkennitotni (Anbassaa Addunyaafi Girmaa Shawaa 08/05/2013) jedhanitti, sirna raawwii harma hodhaa geggeessuuf qophiin gama maatii harma hodhuuf deeman irraa wantootni raawwii sanaaf barbaachisan kan qophaa'an ni jiraata. Maatiin warra namicha harma hodhuuf deeman maatii warra harma hodhuuf deeman irraa deebii milkaa'inaa argatanii booda qophiilee muraasni ni jiraata jechuun ibsu. Qophiilee kanneen keessaa guyyaa beellama raawwii sanaaf mana isaaniitti mijuu qopheeffachuun ni jiraata. Mijuun kun immoo gaafa dhimma kana raawwatan jaarsoleen kan dhugaaniifi keessummaan guyyaa sanaa kan ittiin affeeramaniidha. Gosti mijuu kun dhugaatii akka farsoo, daadhiifi araqee ta'uu mala jechuun dubbatu.

Qophiin inni biraa nyaata qopheessuudha. Nyaata qopheessu kana immoo akkuma qabeenya isaatti qopheessa. Wantoota akka safuufi hoodaa yoo ta'e malee nyaata biroo qopheessuuf dirqama hin qabu. Keessummaa, ollaafi firoottaan dhimma sanaaf dhufaan gammachisuuf kan qopha'uudha. Yoo qabatee qalee firoottaniifi namoota qophii sana irratti argaman nyaachisuu danda'a. Yoo dhabee immoo waan xiqqoo qabuun dhimma isaa geggeeeffachuu danda'aa. Nyaatni qophaa'u: buddeenna, daabboo, caccabsaa, qinceen yoo ta'uu kan qophaa'uf immoo waan lamaafi. Inni tokko mana namicha harma hodhamu qabatanii kan deemaniifi keessumma mana sana jiruuf kan qophaa'udha. Nyaataafi dhugaatii qophaa'ee keessummaafi jaarsolee affeeruun muudaa isaanii muudaatanii gara maatii harma hodhamu imalu.

Akka odhiman (Ijaaraa Tolasaa 07/10/2013) jedhutti, gama biraatiin, wantoota qopheeffatanii mana maatii harma hodhuuf deeman qabatanii deeman keessaa tokko re'ee/hoolaan ni jira jedhu. Re'ee/hoolaan kun saala namicha harma hodhuu deemuu irratti hunda'uun kan qopha'uu ta'uu dubbatu. Akka yaada odkennitoota kana irraa hubannutti, namni harma hodhuuf deemuu sun dhiiraa yoo ta'ee korbeessa re'ee/hoolaa ta'a jechuudha. Faallaa kana immoo yoo namichi harma hodhaaf deemuu dhalaa ta'ee immoo goromtii re'ee/hoolaa dhiyessan jechuudha. Kun immoo saala kan bakka bu'a ta'uu isaa nutti agarsiisa. Kanatti dabalee, gaafa guyyaa beellamaa wantootni qabatanii deeman daabboo, caccabsaa, araqeefi kan kanaa fakkaatan ta'u mala jechuun ibsu.

### 4.1.4.2. Qophii Maatii Harma Hodhamu Irraa Barbaachisu

Maatiin kun raawwii sirna duudhaa kanaaf erga beellama qabanii boodaa wantoota qophii kanaaf barbaachisan qopheessuu eegalu.Wantoota isaan qopheessan keessaa nyaataafi dhugaatiin isaan ijoodha. Inni biraan wanti qophii kanaaf bu'uura ta'e, Hoolaa yookiin Re'ee qalmaaf ooltu qopheessuudha. Akka yaada jara kanaatti, namicha harma hodhuuf deemu maatii isaatti dhiigaan makuufidha. Dhiigni kun immoo akka duudhaa Oromootti namichi harma hodhu kun akka ilmoo isaatti ilaaluu bakka bu'a jechuudha.

Qophii kanaaf bu'uura ta'ee baay'ee barbaachisaa kan ta'e kan biraan damma. Dammi qophii kana keessaa hafuu kan hin dandeenyeefi waan safuufi hoodaati. Kun dursee qophaa'uun sirna sanaaf dirqama. Dammi qophaa'e gaafa guyyaa dhimmichi raawwatuu namicha harma hodhuuf dhiyeessuun yeroo sirna raawwii harma hodhaa kan dhandhamsiisaniidha. Inni lammataa sirna kanaaf akka dirqamatti qophaa'uu qabu keessa tokko dhadhaadha. Dhadhaan immoo yeroo sirna sana raawwataan kan muudaadhaaf dhiyaatuudha.



*Suuraa [5]: Qorataan yeroo afgaaffiin maanguddoo irraa gaafa (02/07/2013) odeeffatu kan agarsiisu.*

### 4.2. Qophii Sirna Raawwii Harma Hodhaa

Raawwiin tokko geggeeffamuuf qophii adda addaatu barbaachisa. Qophiin kunis osoo sirna raawwii hin geggeeffamiin dura kanneen raawwatamaniifi yeroo qophii sirnichaa qophii taasifamuudha. Akkuma kana sirna raawwii harma hodhaatiif yeroo raawwii isaa qophii maal maaltuu akka barbaachisu akka armaan gaditti ibsamaniiru.

#### 4.2.1. Guyyaa Qophii Sirna Raawwii Harma Hodhaa

Akkan gaafa (Dilbata 13/02/2013 Sa'aatii 8:00) yoomeessa nam tolchee qophaa'e irrattii hirmaachuun argetti, qophiin dursu hundi xumuree yeroo maatiin harma hodhaaf dhufan, waan hoodaafi safuu kan ta'e wanti isaan qabatanii dhufan ni jira. Yeroo gara mana sirna kanaaf qophaa'ee dhufanis wantootni sirna kanaaf barbaachisaa ta'ee qabatanii dhufan ni jira. Guyyaa sirna kanaaf dhufan kana wantoota akka marga jiidhaa, daabboo, caccabsaa, araqeefi Re'ee yookiin Hoolaa keessaa tokko qabatanii kan dhufaniidha. Wantoota barbaachisan kana erga qabatanii mana warraa harma hodhaaf gahaniin booda jaarsoleefi maatiin sun itti gadii bahuun keessummaa dhufan simatu.



*Suuraa [6]: Qophii yoomessa akkeessuun (13/02/2013) irratti yeroo keessummaan dhufuufi itti simataman kan agarsiisu.*

Yeroo simatan kana meeshaaleefi wantoota isaan qabanii dhufan irraa fuudhuun simachuun manatti akka olseenan taasiisama. Erga mana seenaanii boodaa bakka qophaa’ef qabatanii taa’u.




*Suuraa [7]: Qophii yoomeessa akkeessuun (13/02/2013) keessummaan simatamee yeroo bakka qabatanii taa’an kan agarsiisu.*

#### 4.2.1.1. Sirna Eebbaan Sagantaa/Qophii Jalqabuu

Akka aadaa duudhaa Oromootti, sagantaan kamiyyuu eebban jalqabama. Akkasumas, eebban xumurama. Akkuma kana gaafa (13/02/2014) yoomessa akkeessuu qophaa’e irratti argamuun akkan argeefi dhagga’eetti erga keessummaa simatamanii bakka qabataniin booda mijuu warri manaa qopheessaan maanguddoon gama lamanii mijuu guuttaachuudhaan eebbaan qophii isaanii jalqabu. Eebba kanas maanguddoo Hurrisaa Tulluu akka eebba armaan gaditti dhiyaate kana jechuun eebba isaanii jalqabuun kanneen biroo immoo jalaa qabuun sagantaa isaanii banatanii jiru.

Eebbi kunis;

| **Eebbifataa** | **Jalaa qabdoota/jamaa** |
|---|---|
| Nan eebbisaa na ofkalchaa (3x) | Ofkali (3x) |
| Waaqni nagaan nu bulche nagaan nu haa oolchuu | haa oolchuu |
| Waaqni nagaan nu oolche nagaa nu haa bulchuu | haa bulchuu |
| Irraa gora nu haa oolchuu | haa oolchuu |
| Dogaggora nu oolchuu | haa oolchuu |
| Afaan keenya wal nu haa beeksisuu | haa beeksisuu |
| Mortuu, dhortuun gidduu keenyaa haa badduu | haa badduu |
| Hamaan gidduu keenyaa haa baduu | haa badduu |
| Kunoo jarri kun duudhaaf adeemuu duudhaa milkii haa ta'uu | haa ta'uu |
| Ilmoof warra ta'uuf adeemuu ilmoof warra isaan haa taasisuu | haa taaisuu |
| Jarri wal jaallatee walitti dhufee fira milkii isaan haa taasisuu | haa taasisuu |
| Jarri firummaaf adeemuu hamtuu isaan irraa haa qabu | haa qabu |
| Aannaniifi garaa isaan haa taasisuu | haa taasisuu |
| Warra tokkummaan diina ittisan isaan haa taasisu | haa taasisuu |
| Kan hamtuu isaanitti maltu dhagaa haa taatuu | haa taatuu |
| Waaqni hidda cite hin dhiigne isaan haa taasisuu | haa taasisuu |
| Eebbifataan namaa itti guutaan waaqi | |
| Kan nuti wallallee waaqni itti haa guutuu | itti haa guutuu |
| Biyyi roobaa nagaha gadaan quufaa gabbina | |

Gabbisi waaaqi! Jechuun garee maanguddoota harma hodhaaf dhufee erga xumuraniin booda gartuu maanguddoota mana dabaree isaanii akka ati jetten jedha jechuun eebbifachuu jalqabu. Akka yaada kanaatti eebbi adeemsa sirna raawwii harma hodhaa irratti maanguddootaan geggeeffama. Eebbi kunis namicha harma hodhaaf dhaqeefi namicha harma hodhamuuf sanaaf milkii gaarii hawwuu kan agarsiisu of keessaa kan qabuudha. Kun jalqaba itti galma sirnichaa irratti kan eebbifamudha. Eebbi eebbifamuufi ergaan eebba kanaas akka armaan gadiitti qaacceffamee jira.

Qabiyyeen (ergaan) eebbichaas, nagaa namaa kan eegu waaqayyo qofaadha. Waa hunda kan nama baraaru (hoffoltii) kan namaaf kennu, nagaan waan hunda dursa. Kaleessa nu eegdee har'aan nu geessistee jirtaa, yeroo keenya booddee jirus dabarsinee sitti beeka jedhu ibsa. Akka ergaan bo'oo kanaa irraahubannutti, namni amala dogoggoru qabaachuu danda'a haala adeemsa sana keessatti raawwii isaa akka hin dogoggorref dursee waaqatti himachuufi karaa akka qajeelchuuf waaqa kan kaadhatu ta'uu isaati. Kun immoo sirna raawwii harma hodhaa kana yeroo geggeessaan waaqni qooda qabaachuusaa nama hubaachiisa. Yaada kanarraa wanti hubatamu uummanni Oromoo naannoo kana jiraatu waaqatti kan amanuufi waaqaan kan geggeeffamu, waaqaan kan bulu akka ta'edha.

Walumaagalatti, qabiyyeen eebba kanaa maatii harma wal hodhaaniif raawwiin akka milkiin xumuramuuf eebbaa waaqan kan jalqaban ta'uu isaati. Fakkoomiin eebbaan dhiyaate kunis wanti gufuu ta'ee sirnicha keessatti milkii ta'uu danda'u osoo hin mul'atiin firoomni isaanii akka gaariitti akka cimuu ta'u hawwuu kan ibsudha. Kana malees, ergawwan eebba kanaa fakkoommii isaan qabaniin qaacceffamanii jiru.

#### 4.2.1.2. Raawwii Harma Hodhaa Geggeessuu

Akka gaafa (13/02/2014) yoomessa nam tolchee sirna raawwii harma hodhaa gaggeessuu irratti hirmaadhee argeen, erga eebban sagantaa isaanii baananiin boodaa affeerraa dhugaatii dhugaa gidduutti immoo sirna harma hodhaa kana akka gaggeessaniif jaarsoleen ol ka'anii warra mana gaafatu. Gaaffiin isaanii kuns, nutti galgala'aa horiifi ijoolleen kophaa jiruu nu geggeessaa jedhuni. Akkan yaadaa kana irraa hubadheetti, Kana jechuun immoo karaa biraatiin dhimma kana akka jarri dafanii raawwataniif gaafachuudha. Dafanii dhimma kana raawwaachuu kan barbaadaniif immoo sirnicha raawwaatanii gara gammachuu isaanii

ibsachuu waan barbaadaniifi. Maatiin isaanii kunis keessaa dhugaa jechaa, haadha manaa isaanii dubbisanii wantoota raawwii sanaaf qophaa’an akka dhiyeessituuf ajajuu. Erga haatii manaa wantoota safuufi hoodaaf barbaachisaan dammaa, huccuu namichaaf bitame, annaan dhiyeessiti.



*Suuraa [8]: Qophii yoomessa akkeessuu (13/02/2014) irratti wantoota sirna raawwii harma hodhaa raawwachuuf dhiyaatan agarsiisu.*

Erga haatii manaa namichaa wantoota kana fiddee dhiyeessiteen boodaa abbaa manaa ishee waliin wal cinaa taa’uu. Namichi harma hodhaaf dhiyaatuu daa’ima yoo ta’ee, huccuu haaraa bitan sana itti uuwwisu. Yoo nama guddaa ta’e immoo jaarsoolee fuulduuratti gadi fuudhaanii agarsiisuun gara dhimma biraatti darbu. Ammas yoo namichi harma hodhu daa’ima xiqqaa ta’ee haatii manaa namichaa haadhaa irraa fuutee hammattee harma ishee hoosiifti. Akka yaadaa kanarraa hubatamutti, harmi hadhaa sanaa yoo annaan qabates yoo dhabees ni hoosiifti jechuudha. Kun immoo Harmi ishee annaan qabaachuun dirqama miti. Yaada kanarra akkan hubadheetti, haati harma hoosistee namicha kana akka ilmoo isheetti ilaaluu agarsiisa. Erga haatii manaa isaa harma hoosiftee raawwateen booda abbaan manaa ishee immoo damma dhiyaatee namicha harma hodhaaf dhufe sana quba abbudduun fuudhee akka harmaatti hoosisaa. Yoo namicha nama guddaa ta’e immoo haadha manaafi abbaa manaa bira taa’ee

haatii manaa sun harma ishee hoosifti. Abbaan manaa sun damma dhiyaate quba abbudduun fuudhee namicha sana akka harmaatti hoosiisaa.

Akkan gochaa kana argee hubadhetti, dammi kun waan jiraan keessaa mi'awaafi qorichummaa kan ooluudha. Akka damma kanatti firoomni keessan walitti haa mi'awuu jechuu bakka bu'a. Akkasumas, akka qorichaa waliif ta'aa wal fayyisaa; wal gargaraa jechuu kan agarsiisuudha. Itti dabalees, namicha harma hodhu kaaf aannan abbaa manaa harma hodhamuu sanaan ni unachiifama. Gochi kun kan agarsiisu aannan yoo dhugan garaa nama qabbaneessa. Warri firummaadhaaf walitti dhufan kun akka aannanii kan wal qabaneessaan ta'uu hawwii qaban bakka bu'a. Warri harma hodhaman sun namicha harma hodhaaf dhufee aannan obasuun isaanii firoomni keenya akka aannan kanaa haata'u jechuu kan ibsuudha. Gababumatti, aannan unachisuu kun garaan keenya waliitti haa tolu; waaqni walitti nu haa mi'eessu jechuu kan bakka bu'uudha.




*Suuraa[19]: Qophii yoomessa akkkeessuu (13/02/2014) sirna raawwii harma hodhaa gaggeessaan mucaa harma hodhaaf dhufe aannan unachisaniifi damma kennaniif agarsiisu.*

Akka yoomessa akkeessuu gaafa (13/02/2014) qophaa'e irra argetti, erga sirna raawwii harma hodhaa gaggeessaniin booda sirna maaddi waliin cabsachutu gaggeeffama. Sirna raawwii maaddii waliin cabsachuu namoota sirna raawwii harma hodhaaf dhufan keessaa muraasaafi jaarsoleen maatii harma hodhaman waliin nyaata maaddii tokko irratti dhiyeeffatanii nyaatu.

Akka gochaa kanarra hubatamutti, nyaataa kana maaddii tokko irratti dhiyeeffataniin waliin nyaachuun immoo jaalalaafi gammachuu waliin qaban kan ibsudha. Akkasumas, firummaa dhufaniif sanaaf waadaa waliigaluudha. Akka aadaa Oromootti namni maaddii tokko irraa waliin  nyaate wal hin ganu; hamaa walitti hin yaadu yaada jedhu kan bakka bu’uudha. Namni waliin nyaate akka koodee tokkotti wal ilaala waan ta’eefi. Akkuma kana nyaata maatiin harma hodhaaf dhufan qabatanii dhufanis waliin qooddatanii kan nyaataniidha. Kun immoo walitti makamanii tokko ta’uu isaanii kan agarsiisuudha.



*Suuraa[10]:  qophii yoomessa akkkeessuu (13/02/2014) harma hodhaa irratti maatiin lamaan maaddii waliin cabsatan kan agarsiisu.*

Akka yoomessa namtolchee qophaa’e irratti hirmaachuun raawwii isaa daawwadhetti, sirna harma hodhaa erga xumurranii mijuufi nyaata warri harma hodhaa fidee dhufe dhiyeessuun akka abbaan manaa sun daabboo isaan qabatanii dhufan sana muruun keessummaa mana sana jiraaniif akka hiramu gochuun waliin nyaatu. Akkasumas, caccabsaa fidanii dhufan akka nyaatamuufi araqeen akka dhugamuu gochuun affeerraa isaanii itti fufu.

Akka aadaa Oromootti, namni tokko sirna qabaatee firootnifi oollaan jireenya hawaasummaa waliin qaban callisanii nyaatanii dhugaanii hin taa'ani. Akkuma kana waltajjii nam tolchee kanarraa wantiin hubadheefi argee gammachuu keessoo isaanii jiru agarsiisuuf karaa afoolaan dhimma bahu. Warri harma hodhaaf dhufan gammachuu isaanii ibsachuuf jaarsolee warra harma hodhan eeyyamsisu. Eeyyama kana gaafachuun immoo tarii oollaa, firafi maatii isaa keessaa namni isaanii kan midhame jiraatee gaddi isaan muddateefidha. Erga eeyyama argatanii gammachuun isaan afoolaan dhiyeessan kun kan waa'ee namicha harma hodhaan sanaafi gosa isaa kallattilee adda addaatiin hawaasa keessatti gootummaa isaa, oolmaa isaa, jaalatamummaa isaa, jaarsa beekamaa ta'uu isaa, abdii nama rakkatee ta'uu akkasumas, hawwii gaarii firaa ta'uuf qaban; milkii gaarii sirna sanaaf qaban ibsuu kan danda'an bifaa adda addaatiin ibsachuu kan agarsiisu ta'uu isaati. Gammachuu isaanii kanas geeraruun, dhaaddachuun, farsuun, ebbisuun, weeddisuufi kan kana fakkaatuun karaa gammachuu keessoo isaanii warra harma hodhaaniif qaban kan dhiyeessaniidha. Sirboota isaan waltajji kana irratti bifa afoolaa keessaa geerarsan akka armaan dhiyaateera.

Muka dameensaa guddaa (2x)

Gaaddisaaf barbaadanii

Nama sanyiinsaa jabaa (2x)

Sooreessa namaaf sa'aa

Abbaa gumbii tatarree

Sooreessa sangaan dachaa (2x)

Firoomaaf barbaadaanii (2x)

Ergaa bo'oo geerarsa bifa afoolaan dhiyaatee kana yoo ilaaluu, akkuma mukkeen jiran keessaa mukni dameen guddaa qabu barbaadamu, namni sanyiin isaa hawaasaa keessaa jabaa ta'e firoomaaf filatamee barbaadamuu isaa kan agarsiisuudha.

Ergaa bo'oo isa lammaffa yoo ilaalluu immoo nama hawaasa keessaa sooressa karaa namaa, karaa oomishaafi sangaa dachaa dachaa qabaachuun beekkamu firoomaaf filatamee kan barbaadamu ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti, akka geerarsa waltajjii kanaa irraa hubadhetti, namichi harma hodhamuuf filataman hawaasa keesaatti karaalee hawaas-dinagdeetiin beekamtii kan qabu ta’uu isaa faarsuufi dhugaa isaa himuudha. Akkasumas, namni harma hodhamuu kun sanyiin isaa bal’aa, gosa baay’ee qabaachuufi sooressa xiixaa ta’uu isaa ibsuuf akka kanaan geeraramaf. Karaa biraatiin, namichi harma hodhame kun hawaasa keessatti kallattii adda addaatiin beekamaafi wabii hawaasaa ta’uu isaatiif kan geeraramaniidha.

Goota gaafa shimalaa

Yaa isa gaafa rakkinaa (2x)

Yaa isa gaafa jaarsummaa;

Yaa isa gaafa jaatanii (2x)

Kanaaf sitti dheessanii (2x)

Ergaa bo’oo geerarsa kanaa yoo ilaalluu, namichi firoomaaf barbaadamuu gaafa roorrootiif kan abdatamu, gaafa rakkinaa kan waamatan, gaafa waldhabdee araaraaf kan waamatan, gaafa jaatanii kan abdataniifi gaafa rakkoo waa hundaa kan itti dheessan ta’uu geerarsaan kan ibsaniidha. Karaa biraatiin Geerarsi kun nama gaafa dhimmaaf waamatan; nama dubbii namaa fixu akkasumas, nama rakkatee olmaa guddaa namaa ooluuf nama birmaatuu jechuun akkasumas, gootummaa qabaachuufi nama gaafa namni rakkate nama oolchu ta’uu isaa faarsuu kan mul’isuudha.

Walumaagalatti ergaan bo’oo geerarsa kanaa irraa kan hubatamuu, namichi harma hodhame kun hawaasa biratti gootummaa qabaachuun beekamuu, gaafa guyyaa rakkoo nama bira dhaabbachuufi kan namaaf birmaatu, dhimma haasummaa keessaatti jaarsa garaan harriifi arrab-qabeessa, jaarsa jaarsummaaf waamamuu ta’uu, nama dubbii beekuu ta’uu isaa akkasumas, nama beekamaa ta’uu isaa kan ibsuudha. Gama biraatiin namichi harma hodhame kun wabiifi oolmaa inni namaaf qabu ibsuu jechuudha.

#### 4.2.1.3. Sirna Eebbaan Sagantaa Goolabuu

Akka aadaa duudhaa Oromootti sirni tokko eebbaan jalqabamee eebban xumurama. Akkuma kana yoomessa namtolchee qophaa’e kana irratti hirmaadhe arge, erga sirna raawwii harma

hodhaa gaggeessanii xumuraniin booda jaarsoleen mijuu eebbaa guuttaatanii akkasumas haati manaa muudaa eebbaa dhiyeessitee abbaa manaa ishee cinaa teessee eebba sana fudhatti. Eebbi galgalaa akka armaan gaditti eebbifamuun sagantichi goolabama.

| Eebbifataa | Jalaa qabdootaa |
|---|---|
| Tokko koottu tokko koottuu (2x) | beenu beenuu |
| Tolaan waaqaa kan nagana nu oolche nagaa nu haa bulchuu | haa bulchuu |
| Irraa gora dogoggora nu haa oolchuu | haa oolchuu |
| Tolaan waaqaa nu haa gahuu | haa gahuu |
| Hamaan diina haa ga’uu | haa ga’uu |
| Dirraaf dirreen keenya nagaa haa ta’uu | haa ta’uu |
| Kan fagaate nu haa dhiyaatu | haa dhiyaatuu |
| Kan dhiyaate nutti haa tolu | haa tolu |
| Firoomaaf jaalalli keenya haa fulla’uu | haa fulla’uu |
| Warra Oo! jedhee waliif owwaatu nu haa taasisuu | haa taasisuu |
| Hidda ciitee hin dhiigne nu haa taasisuu | haa taasisuu |
| Warra dhalootni wal jala yaa’u nu haa taasisuu | haa taasisuu |
| Warra dhaloota waliin lakkaawwatu nu haa taasisuu | haa taasisuu |
| Kan nuti jenne waaqni itti haa guutuu | haa guutuu |
| Faanni keessaan faana milkii haa ta’uu | haa ta’uu |
| Warra firoomni keenyaa fulla’u nu haa taasisuu | haa taasisuu |
| Waaqni qe’ee nagaatti isiin haa galchuu | haa galchuu |
| Eebbifatan nama haa ta’uu | haa ta’uu |

Itti guutaan waaqa haa ta'uu haa ta'uu

Kan nuti wallalle waaqni itti haa guutuu itti haa guutuu

Jechuun jaarsolee warra harma hodhaa dhufetti dabarsuu. Isaan immoo kan isiin jettaan tolaadhaa tolaan waaqaa nu haa ga'uu jechuun dabaree isaanii eebbifatanii sirna muudatti darbu. Akka ergaa eebba yoomessa nam tolchee kanarra hubatamutti, bo'oo "Aannaniifi garaa ta'aa!" Jedhuu yoo ilaalluu, aannaniifi garaan akkuma waliif ta'an firoomni keessaan walitti haa ta'uu; haa mi'awuu jechuu kan agarsiisuudha.

Inni biroo ergaa eebba bo'oo "Hidda cite hin dhiigne ta'aa!"Jedhu yoo ilaalluu, firummaan keessan kan yeroo kamiyyuu adda hin citne; walitti bu'iinsa xiqqaadhaan muufatanii adda bahanii hin hafnee haa ta'u jechuu bakka bu'a. Akkasumas, warra dhalootni wal jala yaa'uufi akka hidda dhalootatti wal lakkawwatu ta'uufi firummaan isaanii kanuma isaan qofa biratti hafu osoo hin taanee, kan dhaloota itti aanuutti darbu ta'uu ibsa.

Inni itti aanuu immoo ergaa bo'oo "Warra Oo! Jedhee waliif oowwatu ta'aa!" jedhuu immoo warra yeroo gammachuu akkasumas yeroo gaddas waliif oowwatee walii birmaatu ta'aa jechuu kan agarsiisuudha. Akkasumas, bo'oo eebba "Faanni keessan faana milkii haa ta'uu!" Jedhu yoo ilaalluu, warri isaan dhimmaaf bira deeman milkiin haa toluuf; dhimmaa kanaaf dhaquun isaanii carraa badhaadhinaafi gammachuu gama lamaniin hawwuu jechuu kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti, maatiin harma wal hodhe kunneen kan dhalootni isaanii akka warra hidda dhiigaa waliin qabutti akka wal lakkawwataniifi wal ilaalaan waaqni akka keessa ooluuf milkiif kan eebbifatan ta'uudha. Akkasumas, warri sirna harma hodhaa kana waliin raawwataan kunniin akka wal hin ganneef, akka wal irraa hin dheessinef, akka firaatti akka wal lakkawwatan waaqni akka keessa ooluufi bifa waadaa seenuullee of keessaa kan qabu ta'uu mul'isa. Kun immoo kan agarsiisuu kan hojjetu namaa raawwii waan hojjetan tokko milkeessuuf aangoo kan qabu waaqa uumaa uumamaa ta'uu hubatanii waan raawwataniif waaqa isaanii kadhatu jechuudha.

### 4.2.1.4. Sirna Muudaa Muuddachuu

Akka yoomessa namtolchee qophaa’e kan irra hubadhetti, sirni muudaa muuddachuu kun erga raawwiin hundi isaa xumureen booda kan raawwatudha. Muudaa kana haati manaa namichaa dhadhaafi dhunguugii tumamee qophaa’e, waliin makuun qopheessiti. Akka raawwii kana irraa hubatamutti, dhunguugiin shittoo aadaa ta’ee kan tajaajiluudha. Dhunguugiin kun waan urgaa’uudha. Kana jechuun immoo firoomni keessan akka dhunguugii kanaa walitti haa urgaa’uu jechuu bakka bu’aa. Erga dhadhaafi dhunguugii haatii manaa qopheessitee waltti makatteen booda isheen dhuftee abbaa manaa bira teessee eebba akkuma xumuraniin booda dursaa ofii isheetii of muuddee abbaa manaa ishee muuddi. Sana booda akkatuma hoodaafi safuutiin jaarsolee warra abbaa dirree Sanaa muuddeen booda abbaa dhimmaa irraa jalqabdee akkaataa aangafaa quxusuutti muuddi.




*Suuraa[11]:Qophii yoomessa akkkeessuu (13/02/2014) raawwii harma hodhaa irratti yeroo sirna muudaa muudachuu gaggeessan.*

Jaarsoleen muudaa kana muuddatan maatii akkas jechuun eebbisaa muudaa kana muuddatu. Eebbii kunis,

Aaga muuddadha

Waan muuddatan hin dhabinaa

Ofachaa yaa bobba'aan

Dhalaa yaa galan

Okoleen keessan haa guutuu

Budaa ijji haa jaamuu

Mortuu harka haa cabuu

Akka eebba jaarsolii yoomessa akkeessuu irraa hubadhetti, ergaan bo'oo eebba afoolli "Aaga muuddadha!" jedhu waan gaarii, nagaa hawwuu, waan muuddatan hin dhabinaa jechuun immoo karaa biraatiin horii hin dhabinaa jechuu bakka bu'a.

Ergaan bo'oo eebba "Ofachaa yaa bobba'aan! dhalaa yaa galan!" Jedhuu immoo horiin isaanii dafee dafee akka dhalu hawwuu akkasumas ofachuu isaanii osoo hin argin kan dhalaa jiran bakka bu'a. Eebba "Okoleen keessaan haa guutuu!" jedhu yoo ilaalluu, horiin isaanii aannan hin dhabin; harmi isaanii aannan sirritti haa mirgisuu jechuu bakka bu'uu isaa kan agarsiisuudha.

Inni biroo ergaa bo'oo eebba "Budaa ijji haa jaamu! Mortuu harki ishee haa cabu!" jedhuu immoo nama hammeenyaaf horii sana ilaalee agartuun isaa haa baduu jechuu yoo ta'uu, mortuu harki ishee haa cabu yeroo jedhamu, namni harka isaatiin loon isaaniitti waan hamaa gochuu yaade harki isaa haa cabuu jechuu kan ibsu ta'uu isaati.

Walumaagalatti, ergaan eebba waltajjii namtolche kana irraa hubatamuu, hormaata horii maatii harma hodhaan sanaaf hawwiifi jaalala qaban ibsun eebbisu kan agarsiisuudha.

### 4.3. Fakkoommii Wantootni Sirna Raawwii Harma Hodhaa Qaban

Fakkoommiin hiika dhokataa haala hawaasni tokko akkaataa dhugeeffannoo safuu duudhaa dhuunfaa isaatti bakka buufatee itti amanuufi bakka bu'iinsa yaadaa waan tokko kan ibsuu dha. Kana jechuun hiikaa xiinqooqarraa yookiin hiikaa dubbii guyyuu irraa adda ta'ee sirna mallattoo yaadaan wanticha ibsuun kan bakka bu'u jechuudha. Akkuma kana fakkoommiin wantootni sirna raawwii tokko qaban unka hiikaa xinqooqarraa adda ta'e sirna mallattootiin kan taa'u, mallattoon bakka bu'u ammooo tooftaadhaan walitti fiduun yaada afaaniin kan bakka bu'u fakkaatiin ibsudha. Fakkoommiin wantoota sirna raawwii kanaatis fakkoommii

wantoota mallattoon mul'ataniifi kan yaadaan jiran of keesaa kan qabuudha. Fakkoommii wantootni sirna raawwii harma hodhaa qabaan akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru

### 4.3.1. Fakkoommii Wantoota Raawwii Harma Hodhaa Keessatti Gochaan Argamanii

**A. Damma:** akka odhimoonni marii garee 'A' (Gabbisaa Ida'ee, Dabalee Addunyaafi Milkeessaa Daadhii 05/09/2013) ibsanitti, dammi wantoota adda addaa irraa kanniisan walitti funanamee hojjetama. Dammi wantoota garaagaraa irraa hojjetame kun immoo qorichummaaf oola jedhu. Akkasumas, wantoota mi'awaa irraa waan hojjetamuuf ni mi'awaa. Akkuma kana jarri firoomaaf harma hodhaaf walitti dhufaan sun akka dammaatti walitti mi'awaa; yeroo rakkinaa immoo akka qorichaatti wal fayyisaa jechuu bakka bu'aa jechuun yaada isaanii ibsatu. Dammi ni mi'aawa; qorichas. Fakkoommiin isaas afaan keesaan walitti haa mi'awuu yookaan dubbiin keessaan haa jaalatamu jechuu kan bakka bu'u ta'uu isaa kan namatti agarsiisuudha. Gabaabumatti warri harma wal hodhee firoomni isaanii akka dammatti walitti isiin haa mi'awuu jechuu kan ibsuudha.

**B. Aannan:** akka odhiman (Galataa Jimaa 08/10/2013) aannan aadaa Oromoo biratti baayyee waan beekamuuf yoo dhugan garaa nama qabbaneessa. Warri firummaadhaaf walitti dhufan kun akka aannanii kan wal qabbaneessaan ta'uu hawwii qaban ibsuu bakka bu'a. Warri harma hodhan sun namicha harma hodhaa dhufeef aannan qopheessaanii namicha sana unachiisuun firoomni keenya akka aannan kanaa haata'u. Garaan maatii harma wal hodhee waliitti haa tolu waaqni walitti nu haa mi'eessu jechuudha.

**C. Dhunguugii muudaa**: akka odkennan (Yaashii Daadhii 13/02/2014) jettetti, dhunguugiin baala biqiltuu mukaarraaa goggee tumaamuun kan qophaa'uu yoo ta'uu, yeroo sirna muudaa dhadhaatti makanii kan muudaatan ta'uu agarsiisa. Baalli tumaamee ture kun ammoo akka shittoo ammaayyaa kanatti waan urga'uuf itti faayyadamu. Yaada kana irraa kan hubannuu, Urgooftuun yeroo muudaa gargaaraman kun firummaan isaanii akka urgooftuu kanaa walitti haa urgeessu jechuu bakka bu'u ta'uu isaati. Gababumaatti maatiin harma wal hodhan lamaan akka urgooftuu kanaa nuuf haata'an jechuu kan ibsuudha.

**D. Dadhaa muudaa:** akka odhimaan (Tasfaayee Tashoomaa 09/08/2013) jedhanitti**,** goolaba sagantaa sanaa irratti dhadhaan muudaa kan dhiyaatudha. Muudaan dhiyaatu kun sirni raawwatame kun milkaa'ee xumuru isaa agarsiisa**.** Nagaafi jaalalaan sirni raawwii kun

xumuruun muuda nagaafi jaalalaa waliin muudatan jechuu kan ibsu ta'uudha. Fakkoommiin dhadhaa muuduu milkii qajeelfachuu, Uumaa kadhachuu, firummaafi hawwii warra sirna raawwataniif qaban ittiin ibsataniidha. Akkasumas, walitti dhufeenyi warra sirna kana waliin raawwate karaa nagaafi milkii gaarii qabuun raawwachuu isaatti kan fakkeeffamuudha.

**E. Marga jiidhaa**: margi dhimmoota aadaafi duudhaa Oromoo wajjin walqabatanirratti irratti bal'inaan tajaajila. Margi kun bal'atee lata; lafa uffisa; loo'ee hiddaan lafa qabata; iddoodhuma sanatti idda gadi dhiisudhaan coqorsi biraa haaraan babal'atee hora. Itti dabalees, margi jiidhaan irreessaa. Irreeessi immoo jiidhafi lalisaadha. Coqorsi jiidhaan kun immoo hormaataafi badhaadhinatti fakkeeffama. Hormaatni kun gama lamaaniinuu akka hormaata godhataniif hawwii jiru kan agarsiisuudha. Kana jechuun garee warra sirna harma hodhaa waliin raawwatan lamaan jechuudha.

Akka odhimoonni (Milkeessaa Daadhiifi Tolasaa Tulluu 08/09/20013) akka ibsanitti, fakkoommiin marga kun akka sanyi-sadeeniin horan, akka sanyiin isaanii daangaa tokko malee akka dagaagu agarsiisutti fakkeeffama. Kana malees, akka Aadaa Oromootti margi (lataan) Uumaafi uumama walitti araarsa. Haala kanaan uumaan akka uumaatti, uumamnis seera eeggatee deemuu akka qabu sirna tokkorratti marga qabatanii argamun uumaafi uumama gidduutti araara fida jedhamee amanama.

**F. Harma hoosisuu**: akka odkennitooni marii garee 'A' (Hurrisaa Tulluufi Dabalee Addunyaa 09/08/2013) jedhanitti, haati ijoollee ishee harma hoosistee guddisti. Ilmoo ishee waan ta'aniif harma kana hoosistee akka isaan guddataniif dhaamatii hedduu gooti. Haaluma kanan namicha harma hodhaaf dhufe sana harma ishee hoosisti. Harmi kun aannan qabaachuu dhiisuu mala jedhu. Kaayyoo harma hodhuu kun aannan argachuuf osoo hin taane, akka ilmoo deesseetti ilmoo isheetiin walqixxeessuun harma ijoolleen ishee hodhaa turan jamaa fuulduratti hoosisti. Harma hoosisuun ishee kun immoo ilmoo kootiin wal hin dabarsu jechuun waadaa galuu ibsa. Namichi harma hodhe kun ijoollee maatii Sanaa waliin maatiin sun qixa ilaaluu jechuutti fakkeeffama.

**G. Quba abbuudduu hoosisuu:** akka odhimaan afgaaffii (Girmaa Shawaa 07/09/2013) jedhanitti, akkuma haatii manaa isaa harma akka ijoollee isheetti namicha kana harma hoosistee abbaan manaa ammoo namicha harma hodhaaf dhufe kana quba isaa keessaa quba

abbuudduu damma cuuphee namicha hoosisa**.** Akka yaada kanarraa hubatamutti, qubni abbuudduu quboota shanan jiraaniif hangafaafi ajajaadha. Isaa malee sochiin quboota jiraanii ulfaatadha. Gama biraatiin akkuma haatii manaa isaa ilmoo kootiin wal hin dabarsuu jechuun harma ishee hoosisuun waadaa galte abbaan manaa immoo quba abbuudduu damma cuuphuun hoosisuun akka ijoollee isaatti ilaaluuf waadaa galuu isaa agarsiisa. Dabalees, damma cuuphuun isaa yeroo kamiyyuu afaan isaanii (dubbiin) akkasumas, firoomni isaanii akka dammatti walitti haa mi'awuu jechuu kan bakka bu'udha.

**H. Mijuu qopheessuu:** akka odhimaan (Jimaa Galataa 09/08/2013) jedhanitti, mijuun qophaa'u kun gosa dhugaatii keessaa tokko ta'ee kan yeroo qophiin kun raawwatuuf namootni sirna kanaaf dhufaan waliin unataniidha. Yeroo sirna kana jalqabuuf deeman jaarsoleen mijuu guuttatanii eebbaan sirna kana jalqabu. Xumura sagantaa kanaas akkanuma. Akka yaada kanarraa hubatamutti, mijuu guuttachuun kun immoo wanti raawwatamuu hanqina tokko malee guutuu akka ta'u hawwii jiru kan bakka bu'uudha. Itti dabalees, mijuun kun waan warri harma hodhaaf dhufe qabatee jirus walitti makaachuun waliin kan dhugaanidha. Akkasumas, mijuun kun firoomaafi jaalala isaanii waliin unachuu, walitti makamaanii tokko ta'uu isaanii kan agarsiisuudha jechuun dubbatu.

**I. Maaddi waliin cabsachu:** akka marii garee 'A' (Dabalee Addunyaafi Milkeessaa Daadhii) ibsanitti, sirna maaddii cabsannaa irratti nyaanni masoobidhaan, mijuun immoo akka aadaatti buqqeedhaan yookiin waanuma jiruun ni dhiyaata. Sirna maaddi cabsannaa irratti warri sirna kana raawwatan maaddiin iddoo tokkotti dhiyaataa.

Yeroo maaddii waliin cabsachuu kana mijuun ni dhiyaata. Sirna raawwii kana keessatti jaarsoleefi maatiin sirna harma hodhaaf dhufan nyaata maaddii tokko irratti dhiyeeffatanii waliin nyaatu. Nyaataa maaddii tokko irratti waliin nyaachuun jaalalaafi gammachuu akkasumas, firummaa dhufaniif sanaaf waadaa waliigaluudha. Akka aada Oromootti, namni maaddii tokko irraa nyaate wal hin ganu; hamaa walitti hin yaadu. Akka koodee tokkotti kan wal ilaalaniidha. Akkuma kana nyaata maatiin harma hodhaaf dhufan qabatanii dhufanis waliin qooddatanii kan nyaataniidha. Gochaan kun immoo walitti makamanii tokko ta'uu isaanii kan agarsiisuudha.

**J. Horii qaluu**: akka odhimaan (Milkeessaa Daadhii 07/08/2013) ibsanitti, sirna raawwii harma hodhaa yeroo geggeessan horiin qophii sanaaf qalamuu ni jira. Horiin qalamuu kun affeeraa nyaataaf qofa osoo hin taanee sirna sana milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Akka ilaalcha Oromootti horiin qalamuu kun namoota haaraa firummaaf walitti deeman sana karaa dhiigaatiin miseensa maatii isaatti makuudha. Kana jechuun miseensootni maatii sanaafi firootni isaanii marti walitti makamanii tokkummaa uumun akka waliin akka jiraatu mul'isuudha.

### 4.3.2. Fakkoommii Raawwii Harma Hodhaa Keessatti Eebba Bifa Afoolaan Dhiyaatanii

**"Aannaniifi garaa ta'aa,"** Yoo jedhuu aannaniifi garaan akkuma waliif ta'an firoomni keessaan walitti haa ta'uu; haa mi'awuu jechuudha.

**"Hidda cite hin dhiigne ta'aa**," Jechuun firummaan keessaan kan yeroo kamiyyuu adda hin citne; walitti bu'iinsa xiqqaadhaan muufatanii adda bahanii hin hafnee haa ta'u jechuu bakka bu'a. Akkasumas, firummaan isaanii kanuma isaan qofa biratti hafu osoo hin taanee, kan dhaloota itti aanuutti darbu ta'uu ibsa.

**"Warra Oo! Jedhee waliif oowwatu ta'aa**," Kun immoo warra yeroo gammachuu akkasumas yeroo gaddas waliif oowwatee walii birmaatu ta'aa jechuudha**.**

**"Faanni keessan faana milkii haa ta'uu**," Yeroo jedhu immoo warri isaan dhimmaaf bira deeman milkiin haa toluuf; dhimmaa kanaaf dhaquun isaanii carra badhaadhinaafi gammachuu gama lamaniin hawwuu jechuudha.

### 4.3.3. Fakkoommii Raawwii Harma Hodhaa Keessatti Geerarsa Bifa Afoolaan Dhiyaatanii

**"Nama sanyiinsaa jabaa,"** Jechuun nama gootummaa qabu, gosaa baay'ee qabu, nama beekkamaa, jaalatamaa, qabeenya qabufi karaa adda addaatiin sanyiin isaa jabaa ta'ee of irraa hafee beekkamaa  kan ta'e jechuutti fakkeeffama.

**"Abbaa gumbiin tatarree,"** Yoo jedhu qotee bulaa cimaa akkasumas sooressaa gumbiin miidhanii baay'een oddoo isaa guutee jiru ta'uu bakka bu'a.

**"Yaa isaa gaafa jaatanii,"** Jechuun nama gaafa dhimmaaf waamatan; nama dubbii namaa fixu akkasumas, nama gaafa dhimma tokkoof rakkatee olmaa guddaa namaa ooluuf nama birmaatuu jechuudha.

## 4.4. Faayidaa Harma Hodhaan Hawaasaa Oromoo Aanaa Dagamiif Qabu

Raawwiin duudhaa hawaasaa kamiyyuu kaayyoofi bu'aa raawwatuuf qaba. Akkuma kana hawaasa naannoo kana gidduuttis ta'e hawaasa sababa garaagaraatiin bakka biraatii dhufee naannoo kana jiraatuun yeroo geggeeffamu kaayyoo geggeeffamuuf qaba.

Odkennitoonni marii garee 'A' (Hurrisaa Tulluufi Milkeessaa Daaadhii 14/08/2013) akka ibsanitti, namni raawii harma hodhee gaggeessuu akkasumaan osoo hin taane waan bu'uura ta'e tokko faayidaa irratti xiyyeeffatu ni qaba. Raawwiin sirna duudhaa harma hodhaa kunis hawaasaa Oromoo Aanaa Dagam biratti faayidaalee jajjaboo armaan gadiitiif kan raawwaatamuudha.

### 4.4.1. Rakkoo Dinagdee Furuuf

Akka afgaaffiin (Tashoomaa Seefuu 09/08/2013) jedhanitti, haalli jiruufi jireenyi hawaasa kamiyyuu walmakaadha jedhu. Akka yaada maanguddoo kanaa irraa hubatamutti, hawaasni kaan qabaataa, kaan ammoo dhabaa, kuun fayyaa, kuun immoo rakkina qaba jechuudha. Akka maanguddoon kun jedhutti, waan kanaaf immoo hawaasni Oromoo furmaata barbaada jedhu. Furmaata kanas kan barbaadaan karaa aadaa hawaasati. Akka ilaalcha duudhaa Oromootti dhabaan obboleessa qabaatati jechuun dubbatu. Kana jechuun immoo hawaasa Oromoo biratti rakkaataan osoo jiruu qabeenyaa ofii isaa qabu kophaatti kan dhimma itti bahu miti.

Sirna harma hodhaa keessatti jalqabuma ulaagaa filannoo namichaa keessaa tokko nama rakkoo dinagdee hin qabne filachuudha. Kun immoo tarii namichi harma hodhaaf deemu hiyyeessa ta'uu mala.Akka yaadaa kanatti, namichi kun harka qalleessa ta'e nama soreessa tokko yeroo harma hodhuu namichi harma hodhame sun deeggarsa ni taasisaafi jechuudha. Deeggarsi isaa yoo namichi harma hodhe daa'ima ta'ee maatiin isaatiif gargaarsa taasisa. Darbees daa'ima sana akka dhala isaatti waan ilaaluuf huccuu bituufi deeggarsa nyaataallee ni taasiisaaf. Akkasumas, gaafa cidha namicha sanaa waan barbaachisuu deeggaruun akka inni gaa'ela raawwatee maatii dhaabbatuuf hirmaannan namicha harma hodhamee olaanaa ta'uu isaa nutti kan agarsiisuudha.

Gama biraatiin, immoo yoo namichi harma hodhe nama guddaafi bultii ijaarratee rakkoo dinagdee isa muudatef deeggarsa barbaachiisuu ni taasisaafi. Wanta akka deeggarsaatti taasisuuf keessaa maallaqa, midhaan, horiifi yaadaanillee kan biraa dhabbaatuudha jechuun

ibsu. Akka carraa ta’ee namichi harma hodhe kun iddoo biraatii godaanee hawaasa harma hodhe kana biratti galee lafa mana jireenyaafi qonnaaf ta’uu yoo hin qabne lafa ofii qabu irraa kutuufi akka inni ittiin jiraatuuf ni gargaara. Akkasumas, sangoota ittiin qotatuufi horii geejjibaaf olaan ni laataf jechuun dubbatu. Itti dabalees, firootni namicha harma hodhamees namicha harma hodhe kana akka hidda dhalootatti ilaaluun deeggarsa barbaachisu kamifuu bira dhaabbatu. Namichi harma hodhe erga kana argatteen booda jabaatee hojjetee rakkoo dinagdee isaa fooyyeeffachuun jireenya badhaadhina jiraachuu danda’a jechuu himu. Kanaaf, harma hodhaan rakkoo dinagdee gama kanaan furuu ni danda’aa jechuudha

### 4.4.2. Wal dhabdee Furuuf

Wal dhabdeen sababa garaagaraatiif saba garaagaraa gidduutti uumamuu danda’a. Akkasumas gosaafi gosa gidduuttis uumamuu danada’a. Yeroo baay’ee warroonni humna caalaa qaban warroota humnan hin qabnee hacuucee jiraachuu barbaada. Humni kun amma karaa dinagdee, baayinaa gosaa, aangoo qabaachuun qabeenya waliin qaban irratti humna hin qabneen maal nu gootii jechuun hawaasa kana walitti bu’uu ni jira. Yeroo kana wal dhabdee ni uumama. Akka odkennan marii garee ‘A’ (Dabalee Adduunyaa 09/08/2013) jedhanitti, ummatni Oromoo wal dhabdee hawaasa gidduutti uumame furuuf karaa Harma hodhaan hiikuu irratti gahee olaanaa qaba jechuun ibsu.

Malli wal dhabdeen uumamee ittiin furamuufi akka deebi’ee hin uumamneef godhan keessaa hawaasni humna hin qabne miseensa hawaasa humna qabu sana keessaa filachuun dhaqanii harma hodhaa waliin raawwatu jechuun dubbatu. Erga miseensa maatii harma hodhaan sana dhaqanii harma hodhaniin booda miseensonni maatii sanaa akka hidda dhiigaatti gosaa hundumaan waan ilaalamaniif deeba’anii wal dhabdee hin uumani; waan waliin qabanis qixa itti fayyadamu jechuun ibsu.

### 4.4.3. Hawaasummaa Cimsuuf

Faayidaa harma hodhaan hawaasa naannichaaf qabuun walqabatee odhimoonni marii garee ‘A’fi ‘B’ (Hurrisaa Tulluu 07/08/2013fi Tolasaa Tulluu 09/08/2013) akka jedhanitti, Ummatni Oromoo sabaa biroos ta’ee gosa isaa waliin walii galee jiraata. Kun immoo hariiroo hawaasummaa keessaa isa tokkodha. Hawaasummaan isaanii kun immoo yeroo gammachuu waliin gammadee akkasumas wayita gaddaa wal cinaa dhaabbachuun wal jajjabeessuun kan

waliin jiraataniidha. Waliigaltee qabu kana ammoo cimsachuufi haala gaarii ta'een akka yeroo dheeraa waliin turaniif mala harma hodhaatti dhimma kan bahaniidha. Namni harma hodhu tokko nama jaalalaafi walitti dhufeenya hariiroo hawaasummaaa qaban waliin deebi'ee harma hodhaa raawwata. Kun immoo gama tokkoon jaalala isaan duraan waliif qaban sirriitti cimee akka itti fufu gochuufidha. Gamaa biraatiin immoo dhalootni isaanii akka hariiroo hawasummaa isaan waliif qaban kana itti fufanii waliin jiraataniif kan raawwataniidha. Karaa biraatiin, harma hodhaa namoota harma wal hodhan qofa walitti fida osoo hin taane gosti namicha harma hodhamee sunillee namicha harma hodhe sanaafi firoottaan isaa waliin hariiroo hawaasummaa uumanii waliin kan jiraatan ta'uu ibsa.

Sabni biroo saba Oromoo waliin hariiroo uumee jiraachuuf sirna harma hodhaa gaggeessuun hariiroo uumee jiraata. Hariiroon uumamu kun immoo namoota sirna harma hodhaa waliin gaggeessan qofa osoo hin taanee, firoottaan namicha harma wal hodhaaniin walitti dhufeenya uumuu kan jiraatan ta'uu muli'sa. Kanarra immoo kan hubannuu, harma hodhaan saba biroofi saba Oromoo gidduutti hariiroo hawaasummaa uumuu keessaatti gahee olaanaa qabaachuu isaati.

### 4.4.4. Tokkummaa Uumuuf/Cimsuuf

Akka odkennan afgaaffii (Katamaa Anbassaa 10/07/2013) jedhanitti, hawaasni Oromoo Aanaa Dagam hawaasaa waliin jiraatan waliin karaalee adda addaatiin walitti dhufeenya uumuun tokkummaa uumanii kan jiraatan ta'uu ibsu. Akka yaadaa maanguddoo kanatti, karaaleen walitti dhufeenya hawaasummaa uumuun jiraatan keessaa harma hodhaan isa tokko jedhu. Sirna raawwii harma hodhaa kana kan raawwataniif hawaasa naannoo waliin tokkumma ummanii akka jiraataniif kan tajaajiluudha jedhu.Tokkummaan isaan uuman kun Oromoofi saba biroo akkasumas gosaafi gosa Oromoo waliin tokko ta'anii akka jiraataniif kan gargaaruu jechuun ibsu.

Maatii sirna harma hodhaa waliin geggeessan tokkummaa erga uumanii boodaa akka tokkotti wal ilaaluun sirnoota duudhaa adda addaa irratti tokko ta'anii waliin kan hirmaataniidha. Yeroo sirna kana raawwataniis safuufi hooda waliin raawwatan waan qabaniif akka gosa tokkotti wal ilaaluu jechuudha. Yeroo cidhaa wal waamuun waliin fuusisuufi heerumsisuun wal biratti argamuu. Akka hidda dhalootatti wal lakkaawwatu. Ijoollees ta'e firootni warra

harma wal hodhaanii akka firaatti wal ilaalu. Gama biraatiin, erga sirna kana waliin raawwaataniin boodaa diina itti dhufeef tokko ta'anii kan of irraa ittisaniidha jechuun dubbatu. Yeroo gaddaas akkuma kana tokko ta'anii kan wal biraa dhaabbatani jechuun himu.

### 4.4.5. Cunqursaa Ittisuuf

Sababaa garaagaraatiif sabaafi sabni akkasumas gostiifi gosti walitti bu'a. Walitti bu'iinsa kana keessatti sabni yookiin gosti humna guddaa qabu saba yookiin gosa humna xiqqaa qabu cunqursuun wantoota irratti walitti bu'aan sana dhuunfaatanii fayyadamu.

Akka odkennan afgaafii (Suyyumee Damisee 12/09/2013) jedhanitti, walitti bu'iinsa saba humna qabuufi humna hin qabne giddutti qabeenya waloo yookiin qabeenya isaa itti fayyadamuuf umamuuf karaa nagan furmaata barbaadata jechuun addeessu. Furmaatni isaa kunis hawaasaa keessaa nama qabeenya qabu, nama gosa baay'ee qabu, nama gootummaa qabu, nama dubbii beekuu, hawaasa biratti nama jaalatamaa ta'e tokko harma hoosisuudha jedhu. Yaadaa kanarra wanti hubannuu, yeroo kana namichi harma hodhame sun karaa kaminuu rakkoo namicha cunqursamee kanaaf wabii ta'uun qabeenya isaa kana akka fayyadamuu bira kan dhaabbatu ta'uu isaati. Akkasumas, namicha harma hodhame sana qofa osoo hin taanee, gosti namichaas waliin ta'uun cunqursaa namicha irraa kan ittisan ta'uu hubanna. Dinni namicha cunqursu sunillee namicha harma hodhameefi gosa namichaa kana sodaachuun namichatti roorrisuun dhaaba jechuudha.

## 4.5. Sadarkaa Sirni Raawwii Harma Hodhaa Yeroo Ammaa Irra Jiru

Od-himtoonni afgaaffii (Anbassaa Addunyaaa 20/09/2013fi Gabbisaa Ida'ee 22/09/2013) ibsanitti, sirni raawwii harma hodhaa hawaasaa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam bira ni jira. Haata'u malee, sirni raawwii kun yeroo duriifi yeroo ammaa kanaan wal bira qabnee yoo ilaaluu, sirni raawwii harma hodhaa bakka tokko tokkotti hir'achaa akka dhufe himu. Yeroo durii hawaasni Oromoo rakkoo uumamee jiru hundaaf wal bira dhaabbachuun wal garagaara ture. Yeroo ammaa kana garuu haalli jiruufi jireenyaa waan qaala'eef hunduu jireenya ofii fooyyeeffachuuf figa. Kanaaf hawaasummaan akka durii osoo hin taanee lafaachaa waan dhufeef haalli sirna kanallee laafaa dhufe jedhu.

### 4.5.1. Itti Fufaatiifi Jijjiirama

Itti fufaatiifi jijjiiramni haala aadaafi duudhaa durii eeggatee itti fufuun raawwatamuufi jijjiirrama adeemsa keessa mul'achaa dhufe walbira qabuun sakatta'uu ta'a. Haaluma kanaan qoratichi sirna raawwii harma hodhaafi dhimmoota isaan walqabatanii osoo hin jijjiirramin itti fufuun har'a gahaniifi guutummaatti jijjiiramaan walbira qabamuun akka armaan gaditti dhiyaateera.

### 4.5.2. Jijjiirama

Jijjiiramootni sirna raawwii harma hodhaa irratti karaa aadaa raawwatamurratti mul'atan ni jira. Jijjiiramni kunis karaalee lamaan kan mul'atani jechuun ibsu. Gama tokkon wantootni sirna raawwii sana keessa jiran jijjiiramuufi sirni raawwii harma hodhaa kun bakka tokko tokkotti guutummmaa guutuuttii bifa jijjiirachuun waan biraan bakka bu'aa kan jiru ta'uu isaati. Kana jechuun adeemsi raawwii, beekumsi durii kaasanii hanga yeroo ammaa gahanitti jijjiirramoonni isaan gama garaagaraatiin agarsiisaa dhufan ni jiraata jechuudha.

Akka odhiman (Milkeessaa Daadhii 08/09/2013) jedhanitti, sirni raawwii harma hodhaa ummata Oromoo aanaa Dagam biratti raawaatama ture sababa amantaa Ortodooksiitiin haala duran ture irraa jijjiiramee jira. Haalli hariiroo uumuu sirna raawwii harma hodhaa hawaasaa kun jijjiiramuun sirna cuuphaa gaggeessuun bakka bu'aa kan jiruudha jechuun himu. Namni amantaa kana fudhate immoo cuuphamuuf dirqama qaba. Yeroo cuuphaamuu kana nama cuuphamuu sana nama quba qabutu jira. Quba qabaan kun sirna mataa isaa qaba. Sirna kanaaf immoo namni quba qabu sun nama quba qabamuuf deemu sanaaf wantoota raawwatamu qabantu jira. Jalqabuma yeroo quba qabuu ilmoo kiyyaan wal hin dabarsuu jechuun waadaa gala. Huccuu bituufi wantoota raawwii sirna sanaaf barbaachisan hunda qopheessee mana qophii sana geessa.

Hawaasni Oromoo Aanaa Dagam sirna raawwii harma hodhaa sirna raawwii cuuphaa caalchisuun sirna harma hodhaa kana laafisaa jira. Gababumaatti sirni raawwii harma hodhaa haala duraan jiru irraa bifa jijjiirachun kan gaggeeffamaa jiruudha. Haala kanaan mata-duree kana jalatti sababoota jijjiirramaa yookiin laafaa dhufuu sirna raawwii harma hodhaa akka hawaasa aanaa Dagam biratti mul'ataniifi meeshaalee funaansa odeeffannootiin mirkaneeffamanitti muraasa isaanii akka armaan gadiitti qaacceeffamanii jiru.



*Suuraa [12]: Qorataan yeroo afgaaffiin maanguddoo gaafa (14/07/2013) odeeffannoo funannatu kan agarsiisu.*

#### 4.5.2.1. Godaansa Gara Magaalaatti Hawaasaan Taasifamu

Akka od-himaan (Tasfaayeen Tashoomaa 17/09/2013) jedhutti, dhalootni ammaa sababa adda addaatiin gara magalaatti galuun jireenya isaanii fi maatii isaanii jijjiiruu barbaadu malee akka ijoollee bara durii maatii bira taa'anii rakkoo dabarsuu hin barbaadaan jechuun dubbatu. Kanarraa wanti hubatamuu, namootni magaalatti galaanii jiraatan kunneen jireenya hawaasummaa baadiyyaa irraa adda bahuun jireenya boruu isaanii magaalaa godhatanii waan jiraataniif akkasumas, bultii ijaarratanii magaalaa waan jiraataniif sirni raawwii harma hodhaa kun hir'achaa dhufuu isaa kan agarsiisu ta'uu isaati.

#### 4.5.2.2. Hanqinni Lafa Oomisha Qonnaaf Oolu Maatii Muudachuu

Akka odhimaan (Gabbisaan Ida'ee 18/09/2012) jedhutti, sababaa maatiin tokko ijoollee baay'ee horachaa dhufeen lafti qonnaa maatii wal hanqachaa dhufuun wanti isaan irraa oomishan jireenya isaanii gara fuuladuraatti jiraatan waan rakkisuuf akkasumas, lafti isaanii akka durii oomisha waan hin baafneef ijoolleen amma bakka hojiin biroo jiru deemuun

hojjetanii of jijjiiraanii deebi'uuf jecha iddoo adda addaatti godaanuun jiraatu; akkasumaas yoo haalli jireenyaa mijaatef immoo bakka hojiif dhaqaan sana jireenya isaanii achii taasifachuu danda'u. Kanaaf dhalootni ammaa ofuma isaaniitti of danda'anii jiraachuuf carraqu malee hawaasumma nama waliin uumanii deeggarsa nama biraatiin bakka dhaloota isaanii ta'anii qabeenya horachuus ta'es jiraachuu hin barbaadan jechuun himu. Haala kanarra wanti hubannuu, sirni raawwii harma hodha kun akka dagatamuufi badaa deemu kan taasisu ta'uu isaati.

#### 4.5.2.3. Babal'achuu Barnoota Ammaayyaa

Akka od-kennaa (Katamaa Anbassaa 30/08/2012) jedhutti, bara durii uummatni Oromoo bu'aa barnootaa sirritti waan hin hubanneefi manneen barnootaa bakka jireenya hawaasaa irraa fagaachuun maatiin ijoollee isaa barsiisuun ulfaataa ture. Ammaa garuu maatiin bu'aa barnootaa hubachuun akkasumas, manneen barnootaa ganda hunda bira gahee waan jiruuf ijoolleen isaanii dabaree dabareen akka barataniif carraa gudda ta'ee argame. Maatiin ijoollee kanallee har'a itti rakkadhee yoon barsiifadhee boru na gargaaruu jechun barsiifatu. Yeroo kana ammo ijoolleen maatii kanaa hariiroo hawaasummaa uumanii hawaasa naannoo sanaa waliin jiraachuun dhiphaachaa adeema. Maatii isaanii irraa fagaatanii barachuunis ni jira. Ijoolleen kunis gaafa baratanii xumuran carraa isaan hawaasa keessatti dhalatan bira jiraachuu isaanii dhiphaadha.

Itti dabalees, namni barate kun har'a rakkadheen boru rakkina keessaa baha jechuun nama waliin hariiroo kana uumee namatti hirkatee jiraachuu hin barbaadu. Darbe immoo sirna kana yeroo ammaa akka gadaantummaatti ilaaluutuu jira jechuun dubbatu. Ani maalii eenyuu gadi boruu yoo jabaadhee hojjedhe eenyuunuu naan qixxaadha; namni kamiyyuu wal qixaa yaada jedhu sammuu keessaa qaba jechuun himu. Akka yaada kanatti, ijoolleen yeroo ammaa ofitti amanamummaa cimaatuu itti dhagahama jechuudha. Yeroo kana sirni raawwi harma hodhaa kun laafaa yookiin dagatamaa deemu kan agarsiisuudha.

#### 4.5.2.4. Dhiibbaa Amantii

Akka od-kennaa (Ijaaraa Tolaasaa 23/08/2013) jedhutti, ummatni Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam walakkaan isaa hordoftoota amantii Ortodoksiiti. Hordoofta amantii Ortodoksii haa ta'anii malee, aadaa duudhaa ganamaa isaanii wal bira qabanii raawwachaa

kana jiraataniidha. Adeemsa yeroo keessaa sababoota babal’na Amantii Ortodoksitiin kan ka’e amantii kana ofitti fudhaachuun aadaa duudhaa ganamaa sana laaffisaa dhufanii jiru. Amantii Ortodoksii kana keessaatti akkaataa seeraa mana amantaatti sirna cuuphaatu taasifama. Namni amantaa kana fudhate immoo cuuphamuuf dirqama qaba jedhu. Yeroo cuuphaamuu kana nama cuuphamuu sana nama quba qabutu jira. Quba qabaan kun sirna mataa isaa qaba. Sirna kanaaf immoo namni quba qabu sun nama cuuphamuuf deemu sanaaf wantoota raaawwatu qaba. Jalqabuma yeroo quba qabuu ilmoo kiyyaan wal hin dabarsuu jechuun waadaa gala. Huccuu bituufi wantoota raawwii sirna sanaaf barbaachisan hunda qopheessee mana qophii sana geessa.

## BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOO, GOOLABAAFI YABOO

Boqonnaan kun haala waliigalaa qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaatti kan ibsuudha. Qaphxiileen akka waliigalaatti as keessatti dhihaatanis gudunfaa, argannoo, goolabafi yaboon ibsa isaanii waliin dhiyaataniiru.

### 5.1. Guduunfaa

Ummanni Oromoo akkuma hawaasa addunyaarra jiru kamiyyuu aadaa, seenaa, duudhaa, eenyummaafi barsiisfata garagaraa kan qabuudha. Aadaan duudhaa hawaasaa qabeenya ummataa ta'e gosa fookiloorii damee bal'aa qabu kana keessatti kan ilaalamuudha. Haata'u malee, gosa barnoota fookiloorii keesatti duudhaan ummata Oromoo bal'aa waan ta'eef qorannoo gadi fageenyaa gaggeessuun wanti bira gahame hin jiru. Ummanni Oromoo kan jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamu keessaa aadaan duudhaa hawaasaa isa bal'aadha. Duudhaaleen aadaa kunis damee fookiloorii keessaa tokko yoo ta'u ummata Oromoo Godinaalee garaagaraa keessatti argaman biratti iddoo olaanaa qaba. Ummanni Oromoo godina Shawaa Kaabaa duudhaa kanaa dhaloonni abbootii isaanii irraa hambifate akka ilmoo isaatti kan jaalatu yeroo dheeraaf osoo qaroominni ammayyaa hin jiraatiin bifa aadaa isaatiin kunuunsee asiin gahee jira. Gosti duudhaa hawaasaa kun yeroo ammaa kanaatti maalummaa Oromoo kan ibsan, haalli raawwii sirna kanaa hawaasicha keessatti faayidaafi maaliif akka raawwatamu sirritti addaan baasanii kan beekaniidha.

Qorannoon kunis adeemsa sirna raawwii harma hodhaa haala qabatamaa Godina Salaalee Aanaa Dagam keessatti argaman xiinxaluun dhaloota har'aafi dhaloota dhufu barsiisuuf kan gaggeffameedha. Qorannoon dhimmota raawwii duudhaa hawaasaa keessumaayyuu harma hodhaa irratti yeroo hin gaggeefamne ta'uun duudhaa kana abbootiin keenya kunuunsanii asiin gahan dhaloonni ammaa hanga maalummaa isaa wallaaluu bira ga'uuf sababa ta'uu danda'eera. Qorannoon kunis mala qorannoon qulqulleeffataa (qualitative research) yoo ta'u ragaa qabatamaa argachuuf mala iddattoo akkaayyootti fayyadamuun kan hojjatamedha. Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa ka'umsa qorannoo, boqonnaa tokko keessatti ka'an, deebisuuf maloota odeeffannoo garaagaraa kan akka, afgaaffii, marii gareefi daawwannaan maddeen ragaa garaagaraafi meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimma bahuun walitti qabuun danda'ameera. Dabalataanis, sakatta'a barruu keessatti yaada hayyootaatiin deggaramuufi yaaxinaalee qorannoo kanaaf mijatan yaadiddama faayidaafi yaadiddamaa

haalawaatti gargaarramee kan dhiyaateefi qorannoon walfakkiis xiyyeeffannoo kan argatedha. Kutaa xiinxala ragaalee keessattis, maalummaa harma hodhaa, adeemsi sirna raawwii harma hodhaa akkaataa kamiin akka raawwatamu, Gahee afoollii sirna raawwii harma hodhaa keessatti qabu, wantootni sirna raawwii harma hodhaaf barbaachisaan fakkoommii akkamii akka qaban, faayidaa harma hodhaan hawaasaaf qabuufi sirni raawwii harma hodhaa yeroo ammaa kana sadarkaa maalii irra akka jiraatu xiinxaluun ibsuu ta'a.

### 5.2. Argannoo

Qorannoon kun adeemsa garagaraa keessa darbe. Qorannoon adeemsa garaagaraafi rakkoo keessa darbuun immoo dhumarratti firii gaariin akka argamu ta'a. Sababa kanaaf qorataan kun adeemsa kana keessa darbee bu'aa argateera.

- ❖ Harma hodhaan sirna duudhaa Oromoo keessaa tokko ta'ee, kan namni tokko maatii isaatiin ala akka hidda dhaloota isaatti hariiroo uumuun waliin jiraachuu barbaadee harma hodhu akka ta'e qorannoo kanaan bira gahameera. Kunis maatiin sirna rawwii harma hodhaa waliin geggeessaniifi firootni isaanii hundi akka hidda dhalootatti wal lakkaawachuun isaanii argameera.

- ❖ Adeemsi sirna raawwii harma hodhaa: Maatii Harma hodhan filachuu, ulaagaaleen maatiin harma hodhaman ittiin filataman jiraachuu, maatii filatametti maanguddoota erguu, sirna eebbaan sagantaa jalqabuu, raawwii harma hodhaa geggeessuu, sirna eebbaafi sirna muudaa muuddachuun sagantaa akka goolaban hubatameera.

- ❖ Fakkoommiiwwan sirna raawwii harma hodhaa gaggeessuu keessatti mul'atan: gochaan kan argaman, eebba bifa afoolaan dhiyaatan keessatti kan argamaniifi geerarsa bifa afoolaan dhiyaatanm yookiin afoolli sirna raawwii harma hodhaa keessatti gahee qabaachuun isaanii bira gahameera.

- ❖ Harma hodhaa geggeessuun firummaa uumuu irra darbee rakkoo siyaas-dinagdee akkasumas, waldhabdee hawaasa gidduutti uumame furuu keessaatti gahee olaanaa qabaachuun isaa argameera.

- ❖ Sirni Raawwii Harma hodhaan sababootaa akka barnootaa ammayyaa, dhiibbaan amantii, godaansa adda addaa taasifamuun laafaa dhufuun isaa argameera.

Walumaagalatti qorataan kun adeemsa sirna raawwii harma hodhaafi wantootni sirna raawwii harma hodhaaf barbaachisa kanneen sirna raawwii biroo irraa adda ta'e argachuun haala gaarii ta'een qaama qorannoo kana keessatti qaaccesseera.

### 5.3. Yaboo

Duudhaan hawaasaa akkuma gosoota fookloorii kanneen biroo aadaa safuu amantiifi falaasama hawaasaa kuusee dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba. Haata'u malee, duudhaan hawaasaa yeroo ammaa kana dagatamaa dhufuun dhalootni haaraan maalummaafi faayidaa inni hawaasaaf qabu laaffisaa dhufee jira. Duudhaa hawaasaa keessaa sirna raawwii harma hodhaa dhaloota haaraa jiraaniin dagatamaa deemaa jiraachuun isaa immoo duudhaan hawaasaa kun dhaloota haaraatti dabarsuun hafee gara baduutti geessa jechuudha. Kanaafuu, hawaasni Oromoo keessattuu hayyoonni Oromoo, qorattoonni aadaa, Biiroon aadaafi turizimii godinaa hanga aanaa jiran yaada kana hubannoo keessa galchuun sirna kana dhaloota dhufuuf qoratanii bifa waraabbiitiin kuusuun kaa'un dirqama Oromummaati. Akkasumas, maanguddoonni biyyaa kan waa'ee aadaa kanaa beekan abbootiin isaanii imaanaa itti kennanii darban dhaloota dhufuuf bifa dagatamuu hindandeenyen dabarsun irraa eegama.

Sirni duudhaa hawaasaa kun durii kaasee hanga ammaatti sirna raawwiitiin dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan tureedha. Haaluma kana bu'uura godhachuun adeemsa sirna raawwwii harma hodhaa bifa viidiyootin waraabbamee yoo olkaawamee dhalootaa dhufuuf irra caalaa bu'a qabeessa ta'uu danda'a. Kana malees, osoo maanguddootni adeemsa sirna raawwii harma hodhaa irratti beekumsaafi muuxannoo isaa qabaniin dhalootaa haaraa barsiisuun dirqama lammummaati.

Walumaagalatti, aadaa duudhaa hawaasaa keessaa sirni raawwii harma hodhaa akka hin banneef/dagatamneef qaamootni tumsa gochuu qaban:

1. Hayyonni muummee fooklooriifi ogbarruu Oromoo, barsiisonni afaanii aadaa duudhaa hawaasaa ibsan kana qorachuun galmeessuufi raawwii isaa bifa viidiyoon waraabuun dhaloota dhufuuf osoo dabarsanii gaariidha.

2. Dhaabbileen barnootas ta'ee waajjiraaleen aadaafi turizimii aanaa aadaafi duudhaa hawaasaa kana qorachuun godaambaa keessa kaa'un dhaloonni dhufu akka itti fayyadamu taasisuun dirqama irraa eegamu osoo bahanii gaariidha.

3. Biiroon aadaafi Turizimii aanaa hawaasa keessa gadi bu'uun gumii dagaagina aadaa gandootaafi manneen barnootaa keessatti dhaabuun barattoonni iddoo garagaraatii dhufan waa'ee aadaa kana bifa diraamatin osoo akka walbarsiisan taasisanii dansa.

4. Qorattooni fookloorii dhimma duudhaa hawaasaa kanarratti qorannoo gaggeessaniifi hayyoonni Oromoo dhimmi kun ilaallatu waliin ta'uun aadaafi duudhaa hawaasaa dagatama deemu kana dhaloota dhufuuf dabarsuuf qindoominaan osoo hojjetanii gaariidha.

5. Duudhaan hawaasaa sababa amantiin laafaa jiru hayyonniifi abbootii amantii waliin ta'uun wantoota aadaarratti dhiibbaa fidan irratti mari'achuun aadaafi amantiin walitti dhufeenya inni qabu barsiisuun dirqama irraa eegamu bahuun safuufi aadaan kun akka turu osoo taasifamee gaariidha.

Dhumarratti qorannoon kun duudhaa hawaasaa keessaa sirni raawwii harma hodhaa adeemsa akkami keessaa akka darbuu akkasumas, yeroo ammaa kana sadarkaa inni irra jiruufi gara kamitti deemaa akka jiru qaaccessuun dhaloota boruuf bu'uura ta'uu danda'a kan jedhu yaada qorataati

**Wabiilee**


Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa*; Yaadrimee qorannoo Hujoo; Finfinnee.

Alamayyoo Hayilee (1998**).** *Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaatti* Finfinnee birhaninna selam printing entriprise.

__________(2007). Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa (2009). *Eelaa:* Seenaa Oguma Oromo, Finfinnee Far-East trading Plc.

Ayalew Duressa (2002). *Guddifachaa:* Adoption Practice in Oromo society with Particular Reference to Boorana Oromo, MA Thesis Addis Abeba University.

Baye Yimam (2009*). Ethiopian studies at the end of millennium*, volume I printed by institute of Ethiopia.

Bukenyan Austin, (1994*). understanding oral literature*: Nairobi university press.

Cress well (2012*). Educational Research*: Qualitative and Quantitative Research. (4thed Boston: Pearson education Ink,

Dastaa Dassaaleny (2009). *Bu'uura qorannoo*: Addis Abeba; mana maxxansaa Boolee.

David E. Gray. (2004). *Doing Research in the Real World.* London: SAGE publications Ltd

Dessalegn Negeri (2006). *Guddifachaa:* Practice As Child Problem Intervenition In Oromo Society: The Case Of Ada'a Liban District: Addia Abeba University: Graduate School of work

Dirribii Damissee (2009). *Ilaalcha Oromoo*: Barruu Amantaa, sirna bulchiinsaafi seenaa Oromoo. Finfinnee Oromiyaa.

___________ (2012*). Ilaalcha Oromoo*: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo Finfinnee Oromiyaa.

Dorson, M.R. (1972). *Folklore & folklife*; an introducation Chicago university, Chicago press.

Dundes Allen (1965). *The Study Of Folklore*; Chicago: Chicago Unversity Press.

Elliot Oring. (1986). *Folk Group and Folk Genres Introduction*. Logan UT. Utah State University Press.

Filee Jaallataa (2016) *Beekumtaa Oromoo I* (Oromo folklore), mana maxxansaa Raajii (Finfinnee)

__________(2002) *conflict resoulation through cultural tolerance analysis of the michu institution:* in mtekkel region Ethiopian printed by OSSREA.

Hayiluu Bantii (1997). *Coraa Aadaa Oromoo,* Finfinnee: Bole printing Enterprise.

Katz:J.J.(1972). *Semantic Theory*. New York Harper and Row

Kothair.G. (2004) Research Methodology, Methods and techniques (2ed).New deihi: New age international publisher

Leach,E.(1966). *Virgin Brith in proceedings of Royal*: Anthropological Inistitution.

Levi-Struass (1966). *The Sallage Mind.* London Weiden. Feld and Nicaolson.

Maranana, M. (2010). Culture and Development Evaluation and Practice, UNESCO Work in papers, no, 1 Spain, UNESCO.

Melakne (2006) *Fudamentals of literature* third edition. AAU.press.

Neuman, L.W. (2007). *Basic Social Research*: Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed.). Bost peason Edu. Cailiral IC.

Okwephon (1992) *African oral literature Bloomington and Indian polices*; Indian university Press.

Peek, pm and Yankah K. (Eds), (2004) *African folklore:* An Enclopedia: London; Routledge.

Rappaport Roya (1999). *Ritual and Religion in the Making of Humanity*.UK: Cambridge University Press.

Sims, M.C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore*: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. The Ohio State University: Utah State University Press

Tsega Endalew (1997) *The Oromo of Wanbara;* A Historical Survey to 1910 MA thesis, school of graduate studies, Addis Abeba University.

Tsega Itefa (2002) conflict resoulation through cultural tolerance analysis of the michu institution: in mtekkel region Ethiopian printed by OSSREA.

________ (2012 ) *Integration and peace in East Africa*: A history of Oromo nation, printed by P.M.Macmillain

Van Gennep, Arnold (1960). *Rites of Passage*. Chicago: University of Chicago. Wilson

Victor.D. (2009) Research Design and Methods for studying Culculture.NewYork: Altamira

William Bascom (1965*). Four Function of Folklore*. Journal of American Folklore. (vol.67:1954) pp33-49

Woodward, I (2007) *understanding material culture*, Great Britian SAGE publication Asia pacific Ptltd.

Yaazoo Nugusuu (2016) *"Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Ateetee* Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo" digrii lammaffaa guuttachuu yuunivarsiitii Finfinnee

**Dabalee A**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Koollejjii namoomaa, Qorannoo afaanotaa, Joornaalizimiifi**

**Sabqunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Kabajamtoota odeef kennitoota

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree “Adeemsa Sirna Raawwii Harma Hodhaa Oromoo Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam” jedhu ilaalchisee ragaa funaannachuufi. Kanaafuu, hirmaannan isin kallattiidhan afaaniin deebii kennuurratti qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif baayyee barbaachisaa waan ta’eef, ragaa dhugaa kan hawaasni duraan itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran osoo irraa hin hambisin natti himun gahee isinirraa eegamu akka gumaachitan kabajaan isin gaafachaa ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan ooluufi iccitiin isaa kan eegamu ta’uu waadan isinii gala.

Kutaa duraa: Odeeffannoo waa’ee odeef kennitootaa

Maqaa________________________________________

Umurii_______________________________________

Saala_________________________________________

Ganda_______________________________________

Gahee hojii __________________________________

**Dabalee B**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Koollejjii namoomaa, Qorannoo afaanotaa, Joornaalizimiifi**

**Sabquunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Dabalee ‘B’ Namoota Afgaaffii irratti hirmaatanii odeeffannoo kennan

Gabatee 1

| L.k | Maqaa | Saala | Umurii | Guyyaa | Ganda | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Anbassaa Addunyaa | Dhi | 65 | 20/08/12 | Y/haroo | Q/bulaa |
| 2 | Tashoomaa Seefuu | Dhi | 67 | 22/08/12 | Y/haroo | Q/bulaa |
| 3 | Gabbisaa Ida’ee | Dhi | 56 | 11/09/12 | Y/haroo | Q/bulaa |
| 4 | Suyyumee Damissee | Dhi | 60 | 2/09/12 | Y/haroo | Q/bulaa |
| 5 | Tasfaayee Tashoomaa | Dhi | 50 | 13/09/12 | Y/haroo | Q/bulaa |
| 6 | Ijaaraa Tolaasaa | Dhi | 60 | 23/08/12 | Q/Agamsoo | Q/bulaa |
| 7 | Joorroo Gadaa | Dha | 54 | 12/09/12 | Y/Haroo | Qonnaan bultuu |
| 8 | Araggaash Wayyeessaa | Dha | 75 | 14/09/12 | Y/Haroo | Qonnaan bultuu |
| 9 | Katamaa Anbaassaa | Dhi | 45 | 30/08//12 | Q/Agamsoo | Q/bulaa |
| 10 | Tulluu Bahii | Dhi | 38 | 10/10/12 | B/Magaalaa ganda 01 | I/G/W/A/T/A Aanaa Dagam |
| 11 | Gadaa Fayyee | Dhi | 73 | 26/08/12 | H/Sokooruu | Q/bulaa |
| 12 | Addunnee Tolaa | Dhi | 62 | 30/08/12 | Lemmaan | Daldalaa |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Sillaasee | |
| 13 | Girmaa Shawaa | Dhi | 78 | 15/09/12 | B/Magaalaa Fiichee 02 | Q/bulaa |
| 14 | Milkeessaa Daadhii | Dhi | 40 | 09/10/12 | B/Magaalaa Fiichee 01 | Barsiisaa |

**Dabalee C**

Gaaffilee hubanoofi yaada dhuunfaa ilaallatan.

Gaaffilee kanaa gadii jiran irratti yaada keessan osoo hin qusatiin ibsa afaaniin naaf kennaa.

1. Harma hodhaan maali? Sirna raawwii harma hodhaa maal irraa ka’uun geggeessuun jalqabamee?
2. Hawaasa keessatti nama akkamitituu harma hodhaa? Nama akkamitti immoo harma hodhu?
3. Ulaagaan namicha harma hodhan ittiin filatan maali?
4. Maatiin harma hodhaaf kaadhimaataman namicha harma hodhuuf dhaqu diduu danda’aa? Yoo didee maaltu ta’aa?
5. Raawwii sirna harma hodhaatiif gama maatii lamaniin qophiin barbaachisuu maal maal fa’a?
6. Sirni eebba raawwii harma hodhaa eebbaa yeroo biroo eebbifamurraa maaltu addaa godha?
7. Yeroo sirna raawwii harma hodhaa maal maaltu raawwatama? Akkaataa duraa duuba raawwii qabaa?
8. Harma hodhaan faayidaa maali hawaasaaf qaba? Saba Oromoon ala saba biroo hoo ni faayyadaa?
9. Wantootni sirna raawwii harma hodhaa keessatti argaman fakkoomiii yookiin maal maal bakka bu’uu danada’u?
10. Adeemsi rawwii harma hodhaa yeroo ammaa sadarkaa akkamii irra jira? Haalli raawwii isaa hoo akkuma yeroo duriitti geggeeffamaa jira?
11. Qabatni laafaa dhufuu sirna raawwii harma hodhaa maal maal fa’a?

**Dabalee D**

Namoota marii garee keessatti hirmaachuun odeeffannoo kennan

Gabatee 2

| T/L | Maqaa hirmaattootaa | Saala | Ramaddii garee | Ganda | Gahee hojii | Guyyaa mariin garee taasifame |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Dabalee Addunyaa | Dhi | A | Y/Haroo | Qonnaan Bulaa | 21/07/13 |
| 2 | Katamaa Anbassaa | Dhi | A | Y/Haroo | Qonnaan Bulaa | 21/07/13 |
| 3 | Tolasaa Tulluu | Dhi | A | Q/Agamsoo | Qonnaan Bulaa | 21/07/13 |
| 4 | Buttaa Baqqalaa | Dhi | B | L/Sillaasee | Qonnaan Bulaa | 07/08/13 |
| 5 | Hurrisaa Tulluu | Dhi | B | H/Sokooruu | Qonnaan Bulaa | 07/08/13 |
| 6 | Milkeessaa Daadhii | Dhi | B | Q/Agamsoo | Qonnaa Bulaa | 07/08/13 |
| 7 | Dabalee Addunyaa | Dhi | A | Y/Haroo | Qonnaan Bulaa | 12/09/13) |
| 8 | Katamaa Anbassaa | Dhi | A | Y/Haroo | Qonnaan Bulaa | 12/09/13) |
| 9 | Hurrisaa Tulluu | Dhi | B | Q/Agamsoo | Qonnaa Bulaa | 12/09/13) |
| 10 | Buttaa Baqqalaa | Dhi | B | L/Sillaasee | Qonnaan Bulaa | 12/09/13) |

**Dabalee E**

Qophii yoomeessa akkeessuu irratti argamuun wantoota daawwataman bifa cheeklistiin gabatee armaan gadii keessatti dhiyaataniruu.

Gabatee 3

| T/L | Cheeklistii daawwannaa | Guyyaa daawwatame |
|---|---|---|
| 1 | Akkaataa duraa duuba raawwii harma hodhaa itti geggeessaan | 13/02/2014 |
| 2 | Wantoota raawwii harma hodhaatiif barbaachisaan | 13/02/2014 |
| 3 | Hirmaattota sirna raawwii sanaa irratti argaman | 13/02/2014 |
| 4 | Fakkoommii wantootni sirna raawwii harma hodhaa qaban | 13/02/2014 |
| 5 | Yeroo raawwii sirna harma hodhaa geggeessaan | 13/02/2014 |
| 6 | Akkaataa eebbaafi wantoota safuufi dhiyaatan | 13/02/2014 |

## Dabalee F

Suuraawwan yeroo qophii sirnaa raawwii harmaa gaggeessaa jiraniifi qorataan odfkennittootaa afgaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan waliin ka’e kan agarsiisu



*Suuraa[13]; Qophii yoomessa akkeessuun (13/02/2013) irratti yeroo keessummaan dhufuufi itti simataman kan agarsiisu.*




*Suuraa[14]; Qophii yoomeessa akkeessuu gaafa (13/02/2014) irratti yeroo sirna raawwii harma hodhaa geggeessaan mucaa aannaan unachiisaan agarsiisu*



*Suuraa[15] Yeroo qorataan gaafa (04/07/2013) odeeffannoo afgaaffiin funaanatu agarsiisu*